# QAACCESSA DHIMMA DUBARTIIFI DUBARTUMMAA AFOOLAA OROMOO KEESSATTI

MASTUU CAALAA GAROO

YUNIVARSITII ADDIS ABABAA

KOLLEEJJII NAMOOMAA QO’ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTI MUUMMEE AFAANOROMOO

OG-BARRUUFI FOKLOORII

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

# QAACCESSA DHIMMA DUBARTIIFI DUBARTUMMA AFOOLAA OROOMOO KEESSATTI CALAQQISAN

MASTUU CAALAA

GORSAAN TAADDASEE JAALATAA (PHD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII FOOKIILOORIIF DHIHAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

KOLLEEJJII NAMOOMAA QO’ANNOO AFAANII JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

**Yuunivarsitii Addis Ababaa**

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddeen

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruun Barsiisuun guuttachuuf Mastuu Caalaa Garoo, Mataduree: “Qaaccessa Dhimmoota Dubartiifi Dubartumma Oromoo Afoolaa Keessatti.” jedhuun qophaa’ee sadarkaa Yuunivarsitiin kaa’ee guuteera.

Koree Qormaataa -

**Qoraa Alaa________________________ Mallattoo___________ Guyyaa ________________**

**Qoraa Keessaa_________________ Mallattoo ___________ Guyyaa ________________**

**Gorsaa________________________ Mallattoo____________ Guyyaa _________________**

____________________________________________________________________________

Itti gaafatamaa muummee yookaan Qindeessaa sagantaa Digirii Lammaffaa (MA

***Axeerera***

*Kaayyoon qorannoo kanaa qaaccessa dhimmoota dubartiifi dubartummaa afoola keessatti jiranirratti xiyyeeffata. Barruuleen qorannoo kana faana walittii dhufeenyaa qabaniis sakatta'amaniiru. ka'umsi qorannicha dubartummaan afoolaa keessatti bal'inaan mul'achuufi dhiibbaa qabaachuu isaati. Kanaaf dhiibbaan gama kanaan jiran attamitti hafuu kanjedhutu ishee kakaase.Malli qorannoo kun ittiin adeemsifame mala akkamtaati. Gosni qorannoo kanaas qulqulleeffataa yoota'u iddattoon itti dhimma bahames idattoo akkayyooti. Maddi odeeffannoo qorannichaas warreen odeeffannoo laatanii dubartootaa iddoo aadda addatii hojjetan, hojjettoota waajira dhimma dubartiifi daa'immanii, hojjettoota waajira aadaafi tuurizimiifi abbaa gadaa aanaa gindabarat keessa jiraataniidha. Meeshaalee funaansa ragaa qorattuun itti fayyadamtees afgaaffii, marii gareetiifi daawwnnaadha. Ragaa Dubartiin saalan dhira irra adda ta'uu Dubartuummaan immoo ilaalcha dhiibbaa hawaasarra karaa adda addaatiin dubartiirra gahaa tureefi gahaa jiru ta'uunsaa qorannoo kanaan bira gahameera. Dubartummaan kennaa waaqaa osoo hintaanee namoota ilaalcha gaarii hinqabneen hamlee dubartootaa cabsuuf akka hirmaannaan isaanii iddoo adda addaatti gadi bu'u gochaa kanturefi jiru ta'uu isaas qorannoo kanaan bira gahameera. Afoola oromoo keessattii dhiibbaan mirgaa dubartii irratti kan jalqabu guyyaadhuma dhalattuu kaasee simannaa maatiin ishiidhaaf godhanirraa jalqabee akka ta'es warren odeeffannoo kennan ibsaniiru. Fayyadamni afaaniis dubartootarratti dhiibbaan inni sadarkaa dubbiirraa jalqabee barreeffamaan ergaa dabarsan biratti akka mul'atuufi wanti dubbatamuufi barreeffamus dhiiraaf qofa akka ta'eetti akka mul'atu ibsameera. Hawaasa barate birattii garuu gama hundaanuu foyyannii guddaan kanjiru yoota'eyyuu iddoottii rakkoon mul'tuus nijira.Kunimmoo gama siyaasaan, dinagdeen, barnootaan, xiinsammuunifi kanneen kana fakkakaatan hedduudhaan dhiibbaan isaan dubartootarraan gahaa jiran akka salphaatti kan ilaalamu miti. Dhiibbaa gama kanaan dubartootarraa gahaa jiran kana ammatti sirreessuun dadhabamullee adeemsaan ilaalcha dubartummaa akka dhimma ofiitti fudhachuun afoolafi afaan keessatti waarreen dubartummaa calaqqisiisan hambisaa deemuun barbaachisaadha.*

## Galata

Kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga’uuf jalqabaa hanga xumuraatti humnaafi yeroo isaanii otoo hin qusatin gorsaafi yaada bilchaataa kan naaf kennaa turan gorsaa koo Dr.Taaddasee Jaalataaf galanni ani qabu guddaadha. Gorsa abbummaafi ogummaa isaan naaf gochaa turan milkaa’ina qorannoo kanaaf shoora olaana qaba. Waaqayyo umurii dheeraafi jireenya mija’aa isiniif haa kennu.

Akkasumas galma gahinsa qorannoo kanaaf yaadaanis ta’ee qaamaan kan nawaliin dhama’aa ture abbaamanaa koo Daraaroo Bosiif galanni ani qabu guddaadha. Yaadaanifi gulaaluun yeroon qorannoo kana hojjedhu hunda nawaliin dhama’aa kanturte mucayyoo koo Caaltuu Daraaroos nangalateeffadha naaf guddadhuun jedhaani.

Dabalataanis hojjettoota waajira dhimma dubartiifi daa’immaanii Aanaa gindabarati raga adda addaa naaf kennuudhaan nadeeggaraa turuu saaniitiif isaan galateeffachuun barbaada. Waajira Aadaafi tuurizimii aanaa gindabaratiis raga adda addaa naafkennuun milkaa’ina qorannoo kanaatiif gumaacha naafgodhaniif isaan galteeffachuun barbaada. Warreen otoo of hinqusatiin odeeffannoo dhugaa naaf kennaa nadeeggara turtan hunda galatoomaa fayyaa ta’aa jechuun barbaada. Hunda keessaniifuu galannikoo daangaa hinqabu ulfaadhaa.

**Jibsoo**

Jechoonni tokko tokko haala galumsa isaanitiin hiika garagaraa qabaachuu danda'u.

Jechoonni armaan gadii qorannoo kana keessatti hiika kennameef kana akka qaban dubbistoonni qorannoo kanaa haahubatan.

| | |
|---|---|
| Milkaa’ina | galma ga’insa |
| labata | dhaloota |
| haamilee | kaka'umsa |
| hoogganuu | bulchuu (gaggeessuu) |
| saaxiluu | ifa baasuu |
| dubartummaa | dhiibbaa mirga dubartoota |
| Daa’ima | mucaa |
| Seenduuba | saxaxaa |
| Shananii | ulumaa’aa |
| Miixuu | ciniinsuu |

## Baafata


Axeerera ........ i

Galata ........ ii

Jibsoo ........ iii

Baafata ........ iv

BOQONNAA TOKKO: SEENSAA ........ 1

1.1 Seen-duuba Qorannichaa ........ 1

1.2 Ka’uumsa Qorannichaa ........ 3

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 4

1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa: ........ 4

1.3.2. Kaayyoo Gooree ........ 4

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 4

1.5 Daangaa Qorannichaa ........ 5

1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 5

1.7. Haala Walii Gala Aanichaa ........ 6

1.8 Qindoomina Qorannichaa ........ 12

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ........ 14

2. Dubartuummaan Maalii ........ 14

2.1. Siyaasaafi Dubartummaa ........ 14

2.1.1. Afoolaa Oromoofi Dubartummaa ........ 16

2.1.2. Mammaaksaafi Dubartummaa ........ 17

2.1.3. Gahee Mammaakisii Gadaantummaa Dubartootaa Ibsuu Keessatti Qabu. ........ 19

2.1.4. Oduu Duriifi Dubartoota ........ 19

2.1.5. Fayyadama Afaaniifi Dubartoota ........ 22

2.1.6. Dinagdeefi Dubartoota ........ 23

2.2. Yaaxina Qoraannichaa: ........ 23

2.2.1. yaaxxina dubartummaa ........ 25

2.2.2. Yaaxxina Aadaa Hawaasaa ........ 26

2.2.2.1 Seenaa jalqabbii yaaxxina Dubartummaa ........ 26

2.3. Qorannoowwan Hojii Kanaan Walitti Dhihaatan ... 27
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO ... 29
3.1. Irraawwatama Qorannichaa ... 29
3.2 Maddaa Odeeffannoo ... 30
3.3. Iddettoo ... 30
3.3.1. Idettoo Akkayyoo ... 30
3.3.2. Iddatteessuu Darban Dabarsaa (Iyyaaffannoo) ... 31
3.4. Malaa Odeeffannoowwan Ittiin Funaannaman ... 31
3.4.1. Daawwannaa ... 31
3.4.2. Af-gaaffii ... 32
3.4.3. Meeshaalee Ragaan ittiin Funaannamu ... 33
3.5. Mala qaaccessa ragaa ... 33
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAA ... 34
4.1. Dubartiifi Dubartummaan Maali ... 34
4.2. Dubartootaafi Hawaasa ... 38
4.3. Aadaa Oromoo Keessatti Dubartummaan Haala Ittiin Mul'atu ... 41
4.3.1. Afoola keessaa faaruu yeroo da'umsaa ... 42
4.4. Dubartummaa Fuudhaafi Heeruma Keessatti ... 48
4.5. Afoolaafi Dubartummaa ... 49
4.5.1. Dubartuummaafi Dinagdee Afoola Oromoo Keessatti ... 50
4.6. Walqixxummaa Saalaa Afoola Oromoo Keessatti ... 53
4.6.1. Mammaaksa Gadaantummaa Dubartootaa Ibsan ... 56
4.6.2. Mammaaksa Kabaja Dubartootaa Ibsan ... 59
4.7. Fayyadama Afaaniifi Dubartoota ... 63
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO QORANNICHAA ... 66
5.1. Cuunfaa Qorannoo ... 66
5.2. Argannoo ... 67
5.3. Yaboo ... 68

Wabiilee ........................................................................................................................ 70
Dabalee A ........................................................................................................................ 64
Dabalee B ........................................................................................................................ 65
Dabalee :C ........................................................................................................................ 66
Dabalee D ........................................................................................................................ 67
Dabalee E ........................................................................................................................ 69
Dabalee F ........................................................................................................................ 70

# BOQONNAA TOKKO: SEENSAA

## 1.1 Seen-duuba Qorannichaa

Ilmaan namaa addunyaa kana irra jiraachuu erga jalqabanii kaasee jiruufi jireenya isaanii keessatti aadaa waliin jireenyaa hawaasummaa waliin dabrsaa akka turan beekkamaadha. Dubartii yookin dhiira ta'anii dhalachuun immoo uumama ilmaan namaa qofa osoo hintaane amala lubbu qabeeyyii hundaati. Kanumarraa ka'uudhaan lubbuqabeeyyii hundaafuu gaheen addaa addaa uumamaan qoodamanii dhalaafi kormaaf akkasumaas dubartiifi dhiiraaf kennaman nijru. Dhala namaa lubbu qabeeyyi kaanirraa adda kangodhu garuu qooda hojii uumamaan kenname keessatti gahee isaanii taphachuun kanlubbu qabeeyyii biro caala walxaxaafi bali'ina kan qabu akka godhe. (Sa'idan 2002:54)

Oromoon uummata guddaa lafa (daangaa) bal'aa gaanfa Afirkaairra qubatee jiru, seenaafi aadaa guddaa akkasumas, amantii mataa isaa qabuudha.Yaada kana Alamaayyoon (2007:19) yoo ibsu, "Oromoon saboota kuush keessaa isa bal'aafi uummata qabiyyee lafa guddaa irra dagaagee jiraatu. Haaluma bal'inaafi guddina uummataan, Oromoon gosoota (damee) hedduu qaba.Isaanis: Tuulama, Macca, Arsii, Gujii, Boorana, Itu, Humbana, Raayyaa, Yejjuu, Liiban jedhamu." Sabni Oromoo afaanota damee kuush keessaa Afaan Oromoo kandubbatu yommuu ta'u, hawaasichi afaan, aadaafi duudhaa isaa kana akka mallattoo eenyummaa isaatti ilaaludha.

Aadaan yaadrimee bal'aa kan ofkeessatti hammatu yommuu ta'u, haala jiruufi jireenya hawaasaafi gochaalee hawaasni guyyaa guyyaatti raawwatu kancalaqqisiisuudha. Aadaan mallattoo eenyummaa saba tokkooti. Eenyummaan saba tokko saba biro irraa kanittiin adda bahu aadaa isaatin. Aadaan kunis haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kanibsuudha. Aadaan namni miseensa hawaasaa ta'e haala jiruufi jireenya isaa keessatti kanqabaatu, kan akka amantii, ilaalcha, beekumsa, seera, raawwiifi muuxannoo kan qabuudha. Hawaasni kamiyyuu duudhaa mataa isaa danda'e qaba jechuudha. Hawaasa kana keessaammoo dubartoonni harka walakkaadha ol akka ta'an kan qabatamaan mul'atudha.Yaaduma kan ilaalchisee Dirribii (2009:16) yoo ibsu, "Uummanni Oromoo wantoota ittiin beekamu keessaa aadaafi amantaan isaa iddoo guddaa qaba" jedha. Aadaa hawaasa Oromoo bal'aa akkuma ta'e tajaajilifi hiikaan aadaa saba kana biratti qabaniis nibal'aata.

Garaa garummaa gahee hojii dhiiraafi dubartii gidduu (garaa garummaa koorniyaa) uumamni isaa seenaa ilma namaa ammayyummaa dura jiru irraa ka'ee kan uumame taa'uu isaa hayyoonni (Miller1993A.L.F;Irene1990A.L.F) akka ibsan Sa'idan ibsiteetti. Qorannoon kunis kanuma giddugaleessaa godhachuun dhimma dubartiifi dubartummaa Afoolaafi Aadaa hawaasaa oromoo keessatti ilaalcha attamii akka qabu ilaaluurratti fuulleffata. Haaluma kanaan akka amantaattii kan ka'uu gama kitaaba qulqulluutiin waaqayyo jalqaba dhiira uumee erga isa jiraachisee booda qofaa jiraachuun dhiiraa sirri akka hinntaane ilaale boodarra akka dubartii uumetti kan seera uumamaa (boqonnaa,1:26) keessa taa'ee jiru. Isakanammoo namoonni kallattii adda addaatiini kanisaan hiikani. Harki caalan hiika kutaa kanaa akka nuhubachiisutti dubartiin akka lafee cinaacha dhiiraa keesssaa kara harka bitaasaa jalaa baatee akka uumaamtetti kan taa'ee jiru. Haala kana waliin walqabatee yaanni abbootii amantaa kanaan ibsamu dubartiin ciqilee dhiiraa jala akka jirtuutti yeroo ka'ee hubatamu arginaa. Kunimmoo saala gama kanaan jiran kanarratti dhiibbaa akkamii taasisaa yoo jenne hawaasa kallatii amantaa kanaatiin jiran biraatti akka rakkoo qabu nama hubachiisa. Sababiinsaa olaantummaan dhiiraa waaqa biraa akka keennameefiitti kan fudhatan ta'uu agarra lafa kanaatti.

Dhimmi dubartiifi dubartummaa haalli itti calaqqisu kallattii adda addaatiin hawaasa keessa nimul'aata. Dubartiin tokko guyyaa dhalatturraa kaasee hanga hawaasa keessaa jiraattutti gaheen ishiin qabduufi haalli itti hawaasni adda adda ilaalu akka jiru beekkamaadha. Akkuma beekkamu immoo ilaalchi gadi aantummaa dubartootaa calaqisiisan (gender inequalities) dhimma akka addunyaatti hojiirraa oolaa turedha. Garuu maddi isaa maalii kan jedhu gaaffii deebii serrii barbaadudha. Akka hawaasa keessaa bay'inaani ka'uutti dhimmi kun adamoo waliin kanwalqabatuu ta'uu ibsu.

Qorannoon kuni dhimmoota dubartiifi dubartummaa oromoo qaaccessuurratti xiyyeeffatee gaggeeffamuuf jedha. Qorannichis boqonnaalee garagaraatti qoqqoodamee kandhihaatu ta'a. Kanaan boqonnaan tokkoffaan seensa, seenduuba, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi haala jireenya hawaasa naannoo qorannichaa of keessatti kanhaammatedha. Boqonnaan lammaffaanimmoo, yaada hayyoonni dhimma kana ilaalchisanii barreessaan adda addaa sakatta'uun bakka itti dhihaatedha. Boqonnaa sadaffaan malaafi adeemsa qorannichaa kan qabate yoo ta'u; boqonnaan arfaffaan ammoo, ragaalee jiran

dhiheessuu, qacceessuufi ibsuu qabateera. Boqonnaan shanaffaan cuunfaa, argannoofi yaboo of keessatti hammatee kandhihaatedha.

**1.2 Ka'uumsa Qorannichaa**

Uummanni Oromoo saboota bara dheeraaf gaanfa Afrikaa keessa jiraachaa turan keessaa tokkoo ta'uu seenduuba keessatti ilaaluuf yaalleeturre, Yaada kana Alamaayyoon, (2007:19) yoo ibsu, "Oromoon saboota kuush keessaa isa bal'aafi uummata qabiyyee lafa guddaa irra dagaagee jiraatu. Haaluma bal'inaafi guddina uummataan, Oromoon gosoota (damee) hedduu qaba.Isaanis: Tuulama, Macca, Arsii, Gujii, Boorana, Itu, Humbana, Raayyaa, Yejjuu, Liiban jedhamu." Haluma kanaan, jiruufi jireenya isaa keessatti aadaa, afaan, amantii, sirna bulchiinsa, ilaalchaafi kanneen kanafakkaatan heddu kan mataa isaa akka qabudha. Saboota kana keessa immoo harki walakkaan dubartoota. Dubrtoota harka walkkaa ta'an kana maleemmoo sochiin kamiyyuu galma ga'uu hindanda'u. Haata'u malee, sababoota adda addaa irraa kan ka'e eenyummaa, aadaa, amantii, afaan, sirna bulchiinsa keessatti dhiibbaan dubartoota irratti taasifamaa tureera. Sababa kanarraa kan ka'e dubartiifi dubartummaan afoola, afaanfi eenyummaafa keessattii hawaasni ilaalcha attamii akka isaaniif qabu yoo ilaalle gahee dubartii salphisanii ilaaluun ilaalcha hidda gadifageeffatedha. Kunimmoo, dubartoonnii Sababa kanarraa kan ka'en ilaalcha gadaantummaatiin bitamanii kan turaniifi ammas bitamaa iddoon itti jiran akka jiru agarsiisa.

Haata'uyyuu malee ilaalchii hawaasa addunya kanaa dubartootaaf maal fakkaata kan jedhuf immoo hanga tokko ammaa jijjiiramni kanjiru yoota'eyyuu ilaalchaan, siyaasaan, dinagdeen, amantaanifi aadaan akka barbaadamutti walqixxummaan dubartootaa kan keessatti mirkanaa'e miti. Akkuma kana saba oromoo keessattis walqixxummaan dubartootaa gama hundaanuu kan fedhii dubartootaa giddugaleeffate osoo hintaane ammallee rakkoon kan gama fayyadama afaaniitiin, afoolaan, aadaan, ilaalchaan, siyaasaanfi dinagdeen kanmul'tudha. Kanaaf matadureen kuni kana fuulleffachuun qaacceffameera.

**Gaaffilee Qorannoo**

- Ilaalchi dubartiifi dubartummaa hawaasa Oromoo keessatti maal fakkata?
- Dubartiifi dubartummaan dinagdee keessatti attamitti ifa?
- Dubartiifi dubartummaan fayyadama afaanii waliin hariiroo attamii qaba?
- Dubartiifi dubartummaan afoola keessatti attamiin ifa?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa:

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa dhimmoota dubartiifi dubartummaa afoola Oromoo keessatti calaqqisan qaaccessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Qorannoon kun kaayyoo gooree armaan gadii kana ofkeessaa qaba:

- Ilaalchi dubartiifi dubartummaa hawaasa oromoo keessaa jiru ibsuu;
- Dubartiifi dubartummaan dinagdee keessatti attamitti ifa kan jedhu addeessuu;
- Dubartiifi dubartuummaan afoola Oromoo keessatti attamiin akka mul'atu ibsuu;
- Dubartiifi dubartummaan fayyadama afaanii keessatti haala ittiin ifu ibsuu;

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yommuu geggeeffamu bu'aa buusuu qaba. Kana jechuun mata duree qorannoon irratti adeemsifame irratti hundaa'uun malleen qorannoon tokko itti gargaaramuu qabu bu'uura godhachuun qorannoo sun irraa bu'aa argamu jechuudha. Kanumarraa ka'uun qorannoon kunis ilaalch dhimma dubartiifi dubartummaa hawaasa Oromoo keessa jiru kan Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat walitti qabuun dhaloota dhufuuf akka irraa baratan kan gargaarudha. Karaa biraan ammoo dhimmi dubartiifi dubartumman hawaasa keessatti xiyyeeffannoo akka argataniifi ilaalchi sirrii hawaasa keessa akka jiraatu mijeessuu nidanda'a. Sababiin isaa dubartiin saba kanakeessaa harka walakkaa waan ta'aniifi ilaalchi kun immoo saba harka walakkaa ta'e kana duubatti gatanii kallattii kamiinuu milkaa'uun waan hindanda'amneefi. Gama biraan akka namummaatti ilaalchi gadaantummaa nama kamiifuu barbaachisaa waan hintaaneef ilaalcha kana maqsuu nimala.

Walumaa galatti barbaachisummaan qoraannoo kana kanneen armaan gadii kanadha:-

- Namoota qo'annoofi qorannoo kana fakkaatu hojjetaniif ka'uumsa ta'uun gadi fageenyaafi bal'iinaan waa'ee dubartootaarratti akka hojjetamuuf karaa saaqa.
- Waajira dhimma dubartootaa Godina Shawaa lixaa Aanaa Gindabaratiif akka madda ragaatti yookiin odeeffannootti tajaajiluun ilaalcha gadaantummaa dubartaootarraatti akka hojjeettaniif kallattii nikaa'a.

- Namoota kitaabota adda addaa qopheessanifi dubbiin afaan fayyadaman akka dubartoota irra miidhaa hingeessisne godha.
- Ilaalcha gama hawaasummaan,dinagdeeniifi amantaan dubartootarratti dhiibbaa geessisan maqsa.
- Ilaalchi dhimma dubartiifi dubartummaa afoolaa keessatti kan gaarii ta’ee akka itti fufu jajjabeessuufi kan dogoggora ta’e akka maqu gochuun dhaloota dhufuuf akka darbu ga’ee taphata.
- Dubartoota mirga dubartootaa kabachiisuuf qabsaa’aniif kanneen birooti yaada nikenna.

### 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kuni‘Qaaccessaa Dhimma Dubartiifi Dubartuummaa Afoola Oromoo keessatti calaqqisanrratti’ xiyyeeffata. Afoolli inni irrattii xiyyeeffatus mammaaksa,oduu durii, faaruu shanan deessuu irratti. Afoola oromoo hundarratti otoo gaggeeffamee bu’aa argamu ifa godhee faayidaansaa olaanaa ture. Kana gochuuf immoo human namaa, yeroofi basii guddaa waan gaafatuuf ulfaataadha. Kanummaarraa ka’uun afoola keessaa mammaaksaa, oduuduriifi faaruu shanan deessuu qaaccessuurrtti kan daangeffamedha. Mammaaksa gadaantummaa dubartootaa ibsan, oduu duriifi faaruu shanan deessii dabalataanis fayyadama afaanii dhiibbaa dubartootaarraan geessisan ilaalamaniiru. Walumaa galatti Afoola keessaa mammaaksa oduu duriifi faaruun shanan deessuu qaacceffamaniiru

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon gaggeeffame kuni bu’aa ba’ii hedduu keessa darbee xumurarra gahee jira. Adeemsa kana keessatti wantoonni akka hanqinaatti qorattuu mudatan muraasni nijiru. Tokkoffaan odeef kennitoonni odeeffannoo guutuu ta’e kennuu irratti kan of qusaataan ta’uu isaati. Rakkoo kana qorattuun yeroo ishii aarsaa gochuudhaan deddeebitee iddoo dhabdettiimmoo madda raga jijjiirteet qorannoo kana hojjette. Inni biraan odeeffannoo barbaachisaa ta'e funaannachuurratti hanqinni yeroo jiraachuu isaati. Yeroon qorannoof kenname xiqqaachuurraa ossoo hintaani qorannoon kuni hojii mootummaa hojjechuu waliin ta’eeti. Kanas qorattuun osoo of hin qusatiin yeroo qabdutti fayyadamuun qorannoo kana hojjetteetti. Odeefkennitoonnii yeroo barbaadamanitti argamuu dadhabuunis rakkoo isa biraati. Isa kanas nuffe otoo hinjedhiin deddeebi’uun yeroodhuma isaaniif mijateetti argachuun odeeffaannoo irraa fudhatteet qorannoo kana galmaan geesseetti.Tattaaffi qorattuun taasisteen ragaaleen barbaachisoo ta’an

funaannamanii qorannoon kun galma gahuu danda’eera. Yaaxxinni qorannoon kun ittiin adeemsifame yaaxxina dubartummaati.

### 1.7. Haala Walii Gala Aanichaa

Aanaan Gindabarat Aanolee Godina Shawaa Lixaa keessaatti argamaan keessaa isa tokko yoo ta’u magaalaa Godinaa Ambo irraa km138, magaalaa Finfinnee irraa kallattii lixaatti fageenya km180 irratti argamti. Aanaan kun gandoolee baadiyyaa 31fi bulchiinsa magaalaa 2 qabdi. Waliigalatti Gandoota 33tu keessatti argama. Aanaa kana keessa caalmaadhaan kan jiraatu uummata Oromoo yoo ta’u sabaaf sablammoonni biroon nijiru. Gama birootiin gosootni amantaa aanaa kana keessatti argaman keessaa amantaa waaqeffannaa, ortodoksiifi Protestaantiin isaan gurguddoo yoo ta’an hordoftoonni amantaa adda addaa kun kabajaafi jaalalaan kan waliin jiraachaa jiru. Akkasumas, akkaataa lakkoofsa manaafi uummata gaggeeffameen baayyinni uummata aanaa kanaa 11,0578 yoo ta’u kan keessaa dhiirri 53,829 yoo ta’u dhalaan 56,749tti tilmaamama. Hawaasni aanaa kana keessa jiraatu 90% ol oromoo yoota’uu sabaafi sablammiin biros nijiru. Gosni Oromoo iddookana jiraatu harki caalan macca yoota’u Oromoon tuulamaas aanaa kana keessa akka jiran aadaafi tuurizimiin aanaa Sanaa raga naaf kennanii jiru.

Haala jireenya hawaasa kanaa ilaalchisee harki caalaan qonnaan bultoota yommu ta’an. Kan isaan oomishaniis xaafii adii. Baaqilaa, boqqolloofi k.k.k. yoota’uu midhaan zayitaa ammo kanneen akka nuugii talbaafi saalixii anaa kanatti beekkamaadha. Horiis nihorsiisu kanneen isaan horsiisan keessaa: loon, re’ee, hoolaa fardaafi harreefaati. Innibiraan aanaan kuni ittiin beekamtu dammaafi aannanidha. Hawaasni murasnii isaanii immoo daldaaltootafi hojjettoota mootummaa akka ta’an odeeffanno waajira aadaafi tuurizimiirraan argadhe

Haalli moggaasa gandoota kanaas sababoota adda addaattirraan kan ka’e kan moggaafamedha. Akka fakkeenyaatti Kaachisii kan jedhu fudhannee yoo ilaalle yeroo durii keessa dirreen amma kaachisii jedhamuun beekkamu kun bosona qaba ture. Bosona kana keessa immoo shiftaa kan nama saamuufi kan nama ajjeesutu itti gala. Kanarraan kan ka’e namni kamiyyu yeroo achiin darbu farda yaabbatee malee keessa hindarbu. Kanaaf namoonni kun yeroo achi gahan kaachisi kaachisi waliin jechuun akkaataa ittiin shiftaa sun jalaa darban taasisu kan jedhani. Kanarraan kan ka’e maqaan magaalaa kanaa yeroosun irraa ka’ee kaachisii jedhamee kan hafedha.

(Maddi Aadde Biqiltuu Taakkalaa 16/08/2011)

Daangeeffama aanaa kanaas akkaataa kanaan ilaaluu dandeenya. Kana jechuun aanaan kunis Godinaafi Aanolee adda addaatiin kan daangeffamtudha. Isaanis: Bahaan -Aanaa Abuunaa Gindabaratin, Dhihaan - Godina Horroo Guduruu Wallaggaan, Kaabaan- Bulchiisa mootummaa Naannoo Amaaraafi Laga guddaa abbayyaatiin Kibbaan-Godina Shawaa Lixaa Ambo, Midaaqanyii, Jalduufi Laga Xaraanariin daangeffamti.

Karaa biraatiin, waa’ee bal’inaafi teessuuma lafa Aanaa Gindabarat yoo ilaalle sadarkaa guddaarra kan jirtudha. Kunis bal’inni lafa dirree diriiraa 60%, bu’aa bahiin 20%, tulluu 20% kan ta’udha. Dabalataan, haalli qilleensa isaa badda daree 40%fi Gammoojii 60% kan ta’udha. Haala ho’insa qilleensa isaas yoo kan ilaallu ta’e, 10 c-30c ta’ee kan argamudha. Aanaan kun laggeen gurgguddoo kan akka laga Abbayaa, Xaraanxar yoo ta’an walumaagalaatti Lageewwan gurguddoo, Lageen xixiqqoofi Haroo of keessaa niqabdi.

Kana malees, qabeenya bosonaatiinis akka aanaatti bakkeewwan Huursaa , Gaara Garbuu, Gaara Gatamaa,bosona ulaa somboo yoo ta’an biqiltuun aanaa kana keessatti baayinaan biqilan kanneen akka Gaattiraa, Birbirsa, Ejersa, bakkanniisa, losshiisaa, kalaalaa, harbuu ulumaa’ee gurraa somboo, baddeessaa, qaqawwee, hagamsa, abbayyii Laaftoofi kkf kan keessatti argamanidha. Bineensonni gosa adda addaa kanneen akka booyyee, Leenca, Borofa, Qamalee, Jaldeessa, Kuruphee, Xaddee, karkarroo, canoo, Waraabessafi kkf keessatti kan argamanidha.

Inni biraan Aanaan Ginadabarat kun Albuudota adda addaatiin kan beekamtudha. Isaan kunneenis warqee/Gold/, Dhagaa kasalaa/coal/, cirracha/sand/, Dhagaa gurraacha /basalt/, Dhagaa cirrachaa /sandstone/, biyyoo diimaa /Red soil/fi kkfdha. Gama dhaabbilee fayyaatiin yoo ilaalle, Aanaan Gindabarat dhaabbilee Fayyaa hedduu kan qabdudha. Kunneenis: Hospitaala tokko (1), buufataalee fayyaa shanii (5)fi keellaa fayyaa soddomii tokko (31) yeroo ammaa kana kan tajaajila kennaa jiran yoo ta’u Dukkaana qorichaa shan (5)fi manni qoricha baadiyaa lama (2) aanicha keessatti tajaajila kennaa kan jiranidha.Kanamalee, Dhaabbileen barnootaa hedduun kan keessatti argamanidha. Dahaabbileen barnootaa hedduun yoo keessatti argamaniyyuu akka odeef kennitoonni jedhanittii shamarraan barsiisuun immoo akka qaaniittii fudhatamaa iddoo itt ilaalamaa turedha. Waggoota 15 har’aan dura hirmaannaan dubaraa barnootarratti gadi bu’aa ture. Amma garuu jijjiirama guddaatu mul’ata.

Inni biraan, Iddoowwan hawwataa Turizimiifi bakkeewwan seenaa qabeessa kan ta’an aanaa kana keessatti kan aragamanidha. Isaanis: Holqa goda moorree Ganda Qarree Doobbiitti kan argamudha.

Suuraa 1



Holqa goda Moorree Maddi Aadaafi tuurizimii aanicha. (12/09/2011)

Holqi Goda Moorree Ganda Qarree Doobbii keessatti argama.Fageenyi holqa kana magaalaa guddoo kaachisii irraa km 29, Godina irraa km 165, Finfinnee irraa km 207 kan fagaate argamu yoo ta’uu, Holqi kun uumamaan kan argamu ta’ee haalli uumama isaa baay’ee kan nama hawwatuu fi fincaa’aan fi bosonaan kan haguugamedha.

Maqaan Holqa kanaas kan moggaafame yeroo durii Holqa kana keessa bineensa Moorree jedhamutu keessa jiraataa ture jedhama. Yeroo waraana Xaaliyaanii namoonni gara 10,000 ol ta’an akka dawootti itti fayyadamaa turan. Bal’inni holqa kanaa M 95 yoo ta’u, gara lixaatti M 76 keessi bal’ina isaa M 120 ta’a. Akkasumas, olka’insi isaa M 4 yoo ta’u Keessi isaa ammoo kutaa garaa garaa kan qabudha.

Faayidaan holqa kanaas yeroo durii namonni bakka dawoo godhatanii kan itti gargarama turanii fi bakka baqannaa kan ture yoo ta’uu yeroo amma kana immoo bakka hawwataa turizimii ta’e hawaasni akka itti gargaramanii fi daangeeffamee hawaasni akka daawwatuuf kan gargaruudha. Kallatti fulduratti bakki kun kununsa argachuun bu’uuraaleen misooma guutamun madda turistoota ta’uun galiin adda addaa akka irraa argamuf kan karoorfame jiru itti gaafataamaan aadaafi tuurizimii aanichaa ibsaniiru.

Faayidaan isaa, Bakkeewwaaan Bashanaana taa'uun hawaasni yeroo cidha adda addaa gaaggeeffatan kan itti tajaajilama turaaniifi bakka hawwataa turizimii taa'uun kan tajaajila ture yoo ta'uu yeroo amma kana garuu laaftoon kun dulloomee jijjigee kan jiru yoo ta'uu kallatti fulduratt akka bakka bu'uun kununfamu qabu fi bakki kun akka yaadannoo ta'e kununfame daanga'ee taa'uu gochuuf kan yaadame taa'uudha.

Inbiraan bishaan Ho'aa Saqa Yadii kan saqa yadiitti argamudha.Bishaan ho'aan saqa Yadii ganda Saqa Yadii keessatti argama. Magaalaa kaachisii irraa KM 30,Godina Irraa km161,Finfinnee irraa km 203 fagaatee argama. Bishaan kun uumamaan lafa keessaa kan ol danfudha. Dhukkuboota garaa kaasaa, dhibee gogaa fi dhibee garaa garaa fayyisuun beekama.Naannoo bishaan ho'aa kanaatti immoo horatu argama.Horri kunis ashaboo of keessaa qaba. Kana malees Lagni Xaraanxar(Yadii) kabaan argama bishaan ho'aa uumamaa kana marsee argama. Bishaan ho'aan kun naannoo dhuma sana bakka sadiitti argama. Yeroo dhiqannaaf itti fayyadamanitti namoota tokkoo hanga kudhanii tajaajiluu danda'a. Horrii bishaan kanaanama qofaa kan fayyadu osoo hin taane, beeyladootaaf illee faayidaa guddaa qaba.

Kallatti fulduratti bakki kun daanga'ee akka madda turizimii ta'uu fi galii argamsiisuu danda'uuf akka daanga'uuf karoorfameeru ta'uu qaamni raga kana nuuf kennaan ibsaniiru.

Suura 2

.

Bishaan ho'a uumamaa yadii.

Laaftoon Seenaa Ganda Mudhii Ulaa Baroo keessatti argama.magaalaa kaachisii irraa KM 4 Godina irraa km 142, Finfinneee irraa KM 184 fagaatee karaa konkolaataa Gindabaratiif Finfinnee akkasumas Giincii wal quunnamsiisu irratti argama.Laaftoon kunis seenaa bara dheeraa qaba. Bara durii yeroo dhalli namaa akka meeshaa fi horiitti daldalamee qarshiin geeddaramaa turetti bakka bittaa fi gurgurtaa akka turetti jaarsoliin naannoo sanaa lafa kaa'u.

Namoonni bakka kanatti gurguraman kunis baay'een isaanii Wallaggaa fi Shawaa Kaabaa irraa kan dhufanii Abbaa Lafaa yeroo sanaatti kan gurguraman ta'uu jaarsoliin ni ibsu. Namoonni bakka kanatti gurguraman kan bakka kana dhufan guyyaa osoo hin taane galgala ture. Laaftoon seenaa kun yeroo ammaa kana mooraa mana barumsaa keessatti daangeffamee kan argamudha.

Faayidaan isaa, Bakkeewwaaan Bashanaana taa'uun hawaasni yeroo cidha adda addaa gaaggeeffatan kan itti tajaajilama turaaniifi bakka hawwataa turizimii taa'uun kan tajaajila ture yoo ta'uu yeroo amma kana garuu laaftoon kun dulloomee jijjigee kan jiru yoo ta'uu kallatti fulduratt akka bakka bu'uun kununfamu qabu fi bakki kun akka yaadannoo ta'e kununfame daanga'ee taa'uu gochuuf kan yaadame taa'uudha.

Suuraa 3



Laaftoo seenaa (Garbaa) Aadaafi tuurizimii aanicharra (12/09/2011)

Ardaan jilaa Goodaa Qunnii Ulaa abbaa Daadhiitti kan argamuus iddoo hawata tuurizimii isabiraati

Suuraa 4



Ardaa jilaa Goodaa Qunnii Aadaafi tuurizimii aanicharra.

Ardaan jilaa Goodaa Qunnii ganda Ulaa Abbaa Daadhii bakka birbirsa Joborii jedhamutti argama. Fageenyi isaa  magaalaa kaachisii irraa km.24, Godina irraa Km.162, Finfinneerraa km 204 irratti argama.  Bakki kun yeroo baay'ee bakka magaariisa, mukeen gurguddoo, caffee, bishaanii fi kkf ta'ee argama. Bakka kanatti Karaa Sirna Gadaa bakka itti aangoon wal harkaa fudhamu fi seerri itti tumamu ta'ee tajaajilaa jira. Akkuma Aadaa Oromootti mukeen iddoo ardaa jilaa jiran hin muramani.Safuu qabu.  Hawaasni nikunuunsa. Iddoon kabajamaan kun hin qotamu. Yoo akka tasaa namni muree argame jaarsoliin bahanii adabbii cimaa itti murteessu. Bakka kabajamaa hawaasni kunuunsufi bakka Agaajimni ykn garaangarri itti cisamu dha.Yeroo ammaa kana hek.1 kan ta'u daangeffamee jira.  Bakka jilaa kanatti yeroo baay'ee dhimmoota hawaasummaa garaa garaatu itti raawwatama. Dubartoonnii iddoo kanatti tajaajilli argatan jiraa isa jedhuuf deebiin odeef kennitootaa "jira yoo abbaa manaa waliin waldhabde iddoo ittii araarrii bu'udha. Yoo olla waliin, fira waliin waldhabanis akkasuma. Dhiibbaan yoo nama kamiinu yoo irra kan gahu ta'e jaarsoliifi abbootiin gadaa akka seera gadaatti iddoo dhugaa ishii itti ilaalaniifidha. Yoo human isaaniitiin olta'emmoo gara qaama seeraa ykn iddoo abbootii gadaa isaaniin oliitti akka ergani ibsaniiru." Abbaa Gadaa aanichaarraa 17/10/2011

Kallatti fulduratti bakki kun daangeeffame kaartaa pilaniin itti kaafamee bu'uuraaleen misooma akka galuu ta'e fulduratti bakki kun kabajame kununfamu qaba kan jedhun karoorfamee kan itti deemama jiru akka ta'e naaf ibsaniiru.

Walumagalatti, bakkeewwaan hawwataa turizimii akka Aanaa keenyatti jiraan kanneen kana dura jiraan daangeessuun akka kununfaman taasisuu fi haaraa qorachuun adda baasuun akka haawasni itti gargaramuu gochuu fi faayida hawaasaf akka ooluu xiyyeeffannon hojjettamu akka qabu kan karoorfame itti deemama jiru dha.

Aadaan hawaasni kuni qabus yoo ilaaalle aadaan dhugaatii: Farsoo, Daadhii yookaan Booka, Bulbulaa Dammaa, Bordee yookaan Farsoo Oromoofi kkf bal'inaan kan aanaa kan keessatti beekamanidha. Aadaawwan askeessatti beekaman yoo ilaalle kanneen akka aadaa nyaataa: caccabsaa, cuukkoo, qorii, Marqaa, qorsoddomee yookaan dhodhoobboo, qinccee, kashii, daabboo, caabitaa, maxinoo, dinnicha, dabaaqula, akaawii, mugeeraa, buddeena, mulluu, qiixxaa marqaafi kkf dha. Aadaan uffataammoo: Bullukkoo, kofoo, kittaa, waaroo, kallee, wandaboo, sabbata, qoloo, Gaabii, Balasee, marxoo fa'i. Meeshaalee aadaas yoo ilaalle : caaccuu, kallacha, callee, okolee, gundoo, gumbii, siiqqee alangaa, eeboo, leemmana, orooboo, gombisaa, mudaayii, ukee, gaanii, geeba yookaan waancaafaatu argama.

Aadaa Fuudhaafi Heerumaa:- kaadhimmachuu, aseennaa, buufannaa, dhaala, waliin deemmachuufi kkf kan aanaa kanatti argaman yoo ta'an Duudhaaleefi sirnoota adda addaa:- guddifachaa, gumaa, ateetee, gannii, araara, sirna Gadaa, sirna kabaja ayyaana masqalaa, sirba taabooree, ingiccaa (ayyaana shamarranii), sirna da'umsaafi k.k.f. bal'inaan kan argamanidha. (Maddi ragaa: Waajira Aadaafi Turizimii Aanaa Gindabarat 18/08/2008)

### 1.8 Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamee kan dhihaate. Boqonnaan isa duraa keessatti seensa, seenduuba qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaafi daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa, haala waliigala aanichaafi qindoomana qorannichaatu argama. Boqonnaa lama keessatti sakatta'a barruu mataduree kanaan walqabatuufi barruu qorannoo kanaan wal-fakkiitu dhiyaate. Boqonnaa sadaffaan malleen qorannoo, meeshaalee funaansa odeeffannoo, iddattoo, adeemsaafi mala odeeffaannoon ittiin qaaccceffamu of keessatti kan hammateedha. Boqonnaa arfaffaa keessatti qaaccessa

odeeffannooo funaanamaniitu dhiyaate. Boqonna dhumaa keessatti immoo, guduunfaa, argannoofi yaboo qorannichaatu dhiyaate. Dhumarratti, kitaabilee wabii, dabaleewwan akka odeeffannootti tajaajilanitu jira.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2. Dubartuummaan Maalii

Dubartummaan bakka dubartiin hawaasa keessattii qabduudha. Kana jechuun ilaalcha hawaasni dubartiif qabuu haalaafi iddoo adda addaa keessatti kanneen mul'atanidha. Dubartummaan hawaasa Oroomoo keessatti afoolafi fayyadama afaanii keessatti baayyinaan mul'ata. Akkumaa beekkamuu ilaalchi gadaantummaa dubartootaa  dhimma akka addunyaa guutuutti hojiirra oolaa tureefi jirudha. Koorniyaan dhimma dhalaafi dhiiraa gochawwan hojii isaan hojjetaniin hawaasni ramadedha (Misgaanuu 2012:55) Akka yaada kanarraa hubannutti dubartummaan ilaalcha hawaasni gama ramaddii hojiitiinfi ilaalchaa kallattii dubartootaaf kenne ta'uun isaa ifadha. Haata'u garuu dubartoonni ilaalcha isa miidhaa geessisu kana ofirraa faccisaa ilaalcha sirriitiin immoo bakka buusaa adeemuutu irra jira.

Koorniyaan jichuunii daangaa baayooloojikaalawaa ta'ee, kan hawaasni dhiiraaf dhalaaf kennedha. Saala (sex) jechuun kan uummanni dhiira yookaan dhalaa ta'uun kennameefi koorniyaan immoo gochaalee dubartii ta'uun dubartootaaf kennamudha. Dubartummaanis kanuma waliin walqabatee ilaalcha siyaas, amantaa, afoolafi fayyadama afanii keessatti dubartootaaf calaqqisudha Misgaanuu (2012:55) Ilaalchii dubartummaa kunii akka yaadolee armaan oliirraa hubannuttii hawaasuma keessaa kan maddeefi kennaa waaqaa kan hintaanee ilaalchafi ramaddii hojii adda addaa hawaasni dubartootaaf kennee kan waanhedduu keessattii calaqqisu ta'uu nuhubachiisa

### 2.1. Siyaasaafi Dubartummaa

Sirni bulchiinsaa jireenya ilmaan namaatif guddaa barbaachisaadha. Bakka seerni bulchiinsaa qajeelan uummanni ittiin of bulchu hin jirretti bilisummaan, nagaafi tokkummaan misoomnii jiraachuun hin dandaa'amu. Saboota yeroo dheeraadhaa kaasanii seera ofii tumatanii ittiin bulaa turan keessaa tokko uummata Oromooti. Akka Dirribiin (2012:201) ibsetti, Uummanni Oromoo buulchiinsa haalaan adda adda ta'e sadiin buleera. Isaaniis: Sirna bulchiinsa dubartii, sirna bulchiinsa Gadaafi sirna bulchiinsa alagaati.

Uummanni Oromoo seenaa ofii argaa dhageettiin akka dabarsaa dhufetti sirni bulchiinsa dubartii mootittii Akkoo Manooyyee jedhamatu akka biyya bulchaa turte oromiyaa bakka adda addaatti nika'a. Akkuma argaa dhageettii uummata Oromootti dubartoonni biyya bulchaa turuu irraa

hubanna. Haaluma kanaan dubartoonni kallattiin qooda keessatti yoo hin fudhannellee yeroo ammaa kanas gahee mataa ishee bahaa jirti. Fakkeenyaaf, yeroo dhiirri duula deemu gorsa cimaafi eebbistee akka mirgaan galu jajjabeessiti. Kana malees, Sirna Gadaa keessatti dubartiin caaccuu baattee siiqqee qabachuun fuldura kan deemtuufi qooda qabachuu agarsiisa jedhanii kaasu. (Yaazawu Nugusee 2016)

Sa'idaan (2002:35) irratti akka kaastutti immoo Dubartiin "Akkoo Manooyyee" jedhamtu yeroo bulchaa turte keessatti hawaasicharratti rakkoofi jeeqama adda addaa uumaa waan turteef jecha dubartoonni bulchinsa Gadaa keessatti iddoo akka dhoowwataman warri dubbatan nijiru. Kanaafuu dubartiin jila miidhaksuun ala qooda aangoo biraa qabachuu achi keessatti akka hin qabne nimul'ata" jetti. Akka yaada kanaarra hubachuun danda'aamuttii dubartiirraa dhiironni qabsoon akka aangoo fudhataniifi dubartiinimmoo hoogganuu akka hindandeenyeefi yoohooggantemmoo gidirsituu akka taatedha. Gama biraan Dubartiin akkomanooyyee jidhamtuu kunuu oromiiyaa bakka isheen bulchitee kan hinbeekamneefi ta'ee jedhamee dubartoota aangoo irraa fageessuuf jecha kan kalaqame ta'uu namatti agarsiisa.

Ateetee keessattis, kan fayyummaa maatii, nageenya, hormaatafi itti gaafatumummaa maatii kan hoogganan dubartoota.

> *Atete is one of the most important and show the thinking ability of Oromo society. It has both political and religious values. It show as Oromo people think about equality of women even political role of women in 0romo society which is almost similar to modern human right unlike traditional right of men (Asmarom Legesse, 1973)*

Akka yaada kanaatti, ateeteen sirna dandeettii yaaduu uummata Oromoo kan agarsiisuudha. Kunis siyaasaafi amantaa keessatti kan gatii qabu ta'u, akkuma mirga dhala nama ammayyaatti dubartoonni siyaasa keessatti gahee mataa isaanii qabu. Akka kanaan dubartoonni yeroo ateetee kennatan walitti qabamuudhaan rakkoo gama siyaasaafi hawaasummaan dubartoota keessa jiran mari'achuun akka furamu taasisu.

Ateeteen gochaalee yeroo murtaa'aa tokko keessatti raawwatu yoo ta'u, fuulleetti kan hin dubbatamneefi ofirraa dhiibuu kan hin dandeenye kan fedhii keessoofi hawaasa isaanii gammachiisuf gocha raawwatamuudha. Ateeteen meeshaa rakkoo ittiin furan yoo ta'u, dhalootan murteessuu kan hin dandeenyeedha.

Akka Dirribiin (2012:202) ibsetti, yeroo dheeraa booda dhiibbaa dhiirti akka paartiitti gurmaa'ee godheen aangoon bulchiinsa dubartootaa irraa fudhatamee harka dhiiraa seene. Dhiirtis aangoon kun akka harkaa hin baaneef humnaan, mammaaksan fayyadamee dubartii akka dadhabduufi wallaaltutti ilaalee aangoo qabannarraa fageesse." jedha. Gochi kun seenaa uummata Oromoo qofa osoo hin taane wanta addunyaa guutuuratti raawwateedha. Kanaaf dubartoonnis akkuma addunyaatti osoo dhiibbaa kana hinfudhatiin mormiiwwan adda addaa taasisaa turuun niyaadatama. Ammas taasisaa jiraachuun isaani nibeekkama.

### 2.1.1. Afoolaa Oromoofi Dubartummaa

Afoolli barreeffamaan osoo hintaane afaaniin dhaloota tokkorraa kan itti aanuuttti kan daddarbudha. Tajaajilli inni hawaasaaf kennus hangana kan hinjedhamnedha. Hawaasnii tokko hawiisaa, fedhiisaa, gaddafii gammachuusaa walumaagalatti yaada isaa kan ittin ibsatudha. Yaada kana ilaalchisee Addunyaan (2018:166) yommuu ibsu, "Afoolli oguma (wisdom) labata tokkoo kanbiraatti afaaniin daddarba. Fayidaama afaanii kan ilmi namaa uumaa, beekumsa, natoofi baranee ittiin hubatuufi ittin ibsuu jeechuunis nidanda'ama." jedha.

Muluun (2004), Husseien Wabeeffachuun yeroo ibsitu "Gender ideology is chiefly perpetuated insymbols, and retuals, pattern of verbal expretion," akka jedhu ibsiteetti. Afoollii qabeenyaa uummata tokkooti. Uummanni tokko ofsaafi afaansaa kan keessaatti guddifachuu danada'uu afoola isaati.Yaada kana Misgaanuun (2011:1) yoo ibsu, "Qabeenya uummattichaa kan ta'e Afoola akka galaanaa guddaa qabatee, sammuu uummattichaa keessatti akka qabatee, sammuu uummatichaa keessatti kuufamee jiru gadi ba'ee tajaajaila hojii qorannoofi barnootaattii dhufee dhimma itti bahamuu qaba."

Addunyaan (2018:166) irratti yeroo ibsu, "Hawaasni Oromoo bakkafi yeroo adda addatti dhimmaa adda addatiif afoolatti gargaaramee ergasaa dabarfataa ture; dabarfachaas jira. Afoolli isaa kunis seetoo isaa waan ta'eef, isaan gorfata; seemmoo dinagdee, aadaafi eenyummaa isaa waan ta'eef isa ilaalee quufa." jedha. Afoolli dubartootaho haala kamiin ibsa kan jedhuu haa ilaallu. Ragaan kuufamee jiru, gadi ba'ee tajaajila hojii qorannoof kennuu qaba." jedhaa.

Hawaasni tokko ilaalcha dubartiirratti qabuu kara Afoolaa ibsataa. Afaoola keessaammoo mammaaksi irra caalaa aadaafi barsiifata darbe waliin walqabatu nidubbatama. Oromoon adaa, barsiifata, safuu itti jiraataa ture darbee akka jiraatuf mammaaksaan barsiifata. Yaaduma kana

cimsuun, hawaasni amantaa waa’ee koorniyaa irratti qabu dubbii afaaniifi gochaalee garaagaraan akka ibsatu hayyuun Huseen jedhamu yeroo eeru “Gender ideology is chiefly perpetuated isnsymbols and retuals, pattern of verbal expretion,” jedha .(Husseien 2004)

Akkaataan fayyadama afaaniillee koorniyaarratti hundoofnee yoo ilaallu, dhiiraafi dubartii qooqa tokko dubbatan akkaataan itti dubbataniifi akkaataan jechoota filatan garaagarummaa qaba. Yaada kana wandoosan akka armaan gadiitti ibsa. “Hawaasa Oromoo keessatti dhiiraafi dubartii haala walfakkaatuun qooqaan hinfayyadamani… dubartiin heerumte tokko haadhaafi abba dhirsashii akkasumas gosa dhirsashiifi k.k.f kabajuu waan qabduuf maqaasaaniitiin hinwaamtu…” (Wandasan 1991:71-72). Yaaduma kana cimsuun Mitikkuunis akka itti aanutti kaa’a. “Akkuma dhala namaa maraa afoollis gaarummaafi gadhummaa nama dhuunfaatiifi hawaasaa ni agarsiisa (Mitikkuu 1991:145)

Afoolli Oromoo dubartoota haala garagaraatin ibsa. Haalli qabatamaan uummata keessa jiru yoo ilaalle mammaaksonni Oromo cimina osoo hintaane dadhabbina dubartootaa ibsu. Haalli kun immoo dubartoota irratti dhiibbaa garagaraa fida. Haata'u malee dubartoonni Oromoo rakkoo isaanirra gahaa jiru kana ofirraa hambisuuf mormaa turan har'as mormaa jiru.Yaada kana ilaalchistee Kuwee (1998:153) yemmu ibsitu,"The Oromo women are not helpless and fragile objects ready to be crushed under the weight three forms of oppression. They are also engaged in an active strugle changing and changing it."jetti. Yaada kanarraa wanti hubannu dubartoonni Oromoo rakkkko isaanirra tureef osoo hin jilbifatin qabsoo tasisaniin jijjiramaa jiru. Irra caalaan isaani immoo haala kana jijjiruuf yaada jedhuudha. Haaluma kanaan dubartoonni Oromoo dhiibbaan isaan irratti raawwatamaa jiru akka fooyya'uuf shoora guddaa taphatanii jiru.

### 2.1.2. Mammaaksaafi Dubartummaa

Mammaaksi afoola oromoo keessaa irra caalaa bakka itti dubartummaan mul’atudha. Muluu Itichaa,(2008) mammaaksafi dubartummaa yoo ibsitu, “mammaaksii koorniyaa kan mammaakamuuf warra dubartootaa ittiin gadi qabuufi.” jetti. Akka yaada kanaatti gadaantummaa dubartootaa ibsuuf (ilaalcha dubartummaa) ibsuuf mammaaksi akka gahee guddaa taphatuudha. Afoolawwan kaan caalaa waarriin gadaantummaa dubartootaas ta’e olaantummaa ibsan mammaaksa akka fayyadaman yaada ibsudha.

Mammaaksi damee afoolaa keessaa isa tokkoodha. Akkuma dameewan afoolaa kaawwanii afaaniin dhalootarraa dhlootatti darbaa kan as gaheedha. Hiikni hayyoonni garagaraa mammaaksaf kennan armaan gaditti ilaaluun nidanda'ama. Kunis mammaaksa kallatti garagaraatiin hubachuuf hiika hayyoota garagaraatiin kennaame walbira qabuun ilaaluuf gargaara. Hiikawwan mammaaksaa beektonni adda addaa yeroo garagaraatti kennaa turan keessaa muraasa isaani akka asiin gaditti yaa ilaallu.

Mieder, wolfgang, (1997:136) yemmuu mammaaksa ibsu, "Proverbs are small piece of human wisdom that have been transferred one jeneration to the other and valid even in our modern technological age." Yaada hayyuu kana irraa wanti hubannu mammaaksi ogummaa xiqqaa dhala namaa kan afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbaa tureefi bara teeknoloojii haaraa ammayyaa keessa jirru keessatti kan fudhatama qabuu ta'uu isaa hubachiisa. Kana malees afoolli kan yeroo darbee qofa osoo hin ta'in gara fuula duraatiif illee kan tajaajilu ta'uu isaa mul'isa. Hawwasaa miidhaafis ta'ee faayiidaa kennuuf mammaakamus qaba mammaaksi.

Fayyadama mammaaksaa akka koorniyaatti eenyutu fayyadamaa kan jedhuufis Soofiyaa (1999:5) wiirtuu jildii 8 keessatti harka caalatti mammaaksa kan fayyadamu maanguddoota warra dhiiraa akka ta'e ibsiteetti.

Akka barsiifataatti kan mammaaksatti dhimma bahu danda'an maanguddoota ta'anii keessumaayuu dhiirota jedhamee amanama ture. Haata'u malee kutaaan hawaasaa kamiyyuu akka itti hinfayyadamne seerri dhorku hinjiru. Garuu mammaaksi kan mammaakamu irra caalaatti iddoo jaarsummaatti, dhaddachaafi iddoo sirnagaragaraa gumaafi k.k.ftti. Baakka sanatti yeroo baay'ee kan affeeramu maanguddoo waanta'aniif. Yaada kanarraas wanti hubatamu mammaaksatti fayyadamuutti dhiirota malee waarri dubartootaa baada akka hintaanedha. Kunimmoo akka warrii dhiiraa mammaaksaan dubartootaa cunqorsaniif ulaa baneera.

Walumaa galatti mammaaksi dameewwan afoolaa keessaa isa tokko ta'ee dubartootaaf miidhas faayidaas kanqabu jiraachuu isaa nuhubachiisa. Kanaaf ilaalchi dubartummaa calaqqisiisu akkuma armaan olitti ilaalle danuudha. Dubartummaan Afoolawwan biroo keessattis yoo kan mul'atan ta'eyyuu mammaaksi garuu isa gahee olaana qabu ta'uudha.

### 2.1.3. Gahee Mammaakisii Gadaantummaa Dubartootaa Ibsuu Keessatti Qabu.

Faayidaa mammaaksaa ilaalchisee hayyoonni gara garaa yaada garagaraa kennanii jiru. Haaluma kanaan, Addunyaa, (2018:189) akka armaan gadiitti kaa'a: Mammaaksi akkuma akaakuu afoola kaneen biroo dhalootaa dhalootatti afaaniin darba. Mammaaksaan dubbii eegalanii isumaan dubbii goolabu; mammaaksaan dubbii fidanii isumaan dubbii fixu. Mammaaksi koobaa dubbiiti kan jedhamus kanumaafi. Ergaa dabarsuu barbaadameen walsimsiisuun dhimma itti ba'uuf beekumsa gaafata. Namni aadaafi eenyuummaan hawaasaa hin galleef, mammaakullee ni akkeessa malee yaadichaan walsimsiisuu hin danda'u. Mammaaksi jireenya hawaasaa waliin walitti hidhata qabuufi ummannis waan jireenya isaa keessatti isa qunnaame gadda, gammachuu, jaalaala, jibbaafi ta’iiwwan gara garaa kan ittiin ibsatuudha. Akka waligalaatti mammaaksi hunda galeessa waan ta’eef faayidaan inni qabus hedduudha. Haata’uu malee akkuma faayidaasa kanammoo miidhaas niqaba. Keessumaa kutaalee hawaasaa keessaaa harka walakkaa kanta’aan dubartootarratti mammaaksi gahee iinni hamlee dubartootaa cabsuu irraatti taphate immoo hangana jechuun hindanda’amu. Keessumaa mammaaksonni Oromoo waa’ee dubartootaarratti mammaakaman hamlee dubartootaa cabsuuf human guddaa qabu. Kanaaf isaan sanatti fayyadamuun miidha qabu beekuun osoo kanneen jajuu dubartootaa ibsanitti gargaaramanii jijjiirama amma jiru kana ni ariifachiisa.

### 2.1.4. Oduu Duriifi Dubartoota

Oduun duriis danuunsaa hanqina dubartootaa kan ibsudha. Oduun durii waa’ee dubartii akkomanooyyee jedhamtuu dur biyya bulchaa akka turteefi yeroo bulchiinsaa ishii akka hawaasa baay’ee gidirsaa turtee nika’a. Sa’adaan (2002:35) irratti akka ibsitetti, “Akkomanooyyeen bulchituu dubartii yeroo tokkooti.Yeroon sun yoom akka ta’e garuu qaamnii beeku hinjiruu."dur turte keessa” jechuun alatti yeroo ifa ta’e kan beekus kan ibsuus hin jiruu. Dubartiin kun yeroo bulchiituu turtetti haalli bulchinsa ishii rakkisaafi hojii rakkiisaa hiikamuu hindand’amneen kan guuttame ta’uu isaafi akka uummata rakkisaa turte ni ibsu.” jetti. Garuu yaada kanarra wanti hubannu iddoon ishiin itti bulchite qabatamaan kan hinbeekkamnedha. Oduu durii kanaa dabalatee afoolonni adda addaa irracaalaan isaanii hanqina dubartootaa malee cimina kan ibsan akka baay’inaan hinjirree; yoo jiraates itti fayyadamarratti baay’ee akka hin mul’annedha. Haalli kun immoo dubartootarratti gama hundumaan dhiibbaa geessisaa kantureefi ammas geessisaa kan jiruudha. Oduun durii Akko manooyyee jedhu kuniis akka armaan gadiitti dhihaateera.

*Bara durii giiftii biyya bulchituu maqaan ishii Akko manooyyeejedhamtu tokkotu ture. Giiftiinkun uummata garmalee rakkisaa turte. Namni hundumtuu odaa jalaattii walga'ee waaqa yookadhatu"yaawaqi giiftii gidiramtuu kana nurraa buqqisii"jedhanii ganamaa galgala harka isaanii gara waaqaatti diriirsaa turani.Gaaftokko,uummata walga'ii waamtee"nama gabaabaa ta'e mara akka fixan" jettee labsii (ajaja) dabarsite.Maaliif jechuun uummanni ishii gaafannaan, "aangookoo keessa galanii waan najeeqaniif meeshaawaraanaa qabdan hundatti balleessaa" jettee ajaja dabarsite.Uummannis sodaachuun namoota gaggabaabaa fixuun gabaabaa tokkichaa qofa odaa jala dhofkatan.*

*Erga kana raawwachiiftee booda,otoo deemtuu kanniisni ishee hidde. Achumaan galtee, "gaaguraafi kanniisa"lafakanarraa akka balleessitan jettee labsii dabarsite. Ummannis namicha gabaabaa mala akka himuuf dhofkatan sana gaafatani. "Mucaa isheetiifi isheef damma laadhaa" jedhee uummata gorse.Uummaannis namicha gabaabaa mala akka himuuf dhofkatan san gaafatan."Uummanni akkuma akkuma gorfametti damma hoggaa isheef laatu"Gaaguraafi kanniisa hinxuqinaa" jettee labsii duraan kennite diigde.*

*Yeroo gabaabaa erga turtee booda, uummata yaa'ii waamtee, Uummanni yommu walga'u teessoo ishiirraa kaateeti "Manaan itti boqodhu ardii gidduutti atattamaan akka naaf ijaartan." Jettee uummata akeekkachiifte. Sana booda uummanni gara lixu dhabe.Niyaadan, nidhiphatan, waan godhan wallaalun namicha gabaabaa san bira dhaqanii mala gaafatan.Namichi gabaabaan sunis akkas jechuun gorse.*

*Akka aadaa keenyaatti utubaa abbaatu dhaabbata, koottuu dhaabbadhu; isarratti hundoofnee sii ijaarra jedhaniin. Isheenis utubicha dhaabuuf yaalte, garuu ta'uu dide..Kanaafuu ajaja kanas diigdee ajaaja biraa dabarsite.Ajajni kanbiraanis akkas jedha ture"Tulluuwwan gamaasun biyytan bulchuilaaluu waan nadhoowwuuf tullicha diriirsaatii dirree taasisaa1!" jettee ajaja dabarsite.Uummannis gorsa namichaa abshaalichaarratti hundaa'uun yeroo ishee hirribni fudhate karaa tulluun hinmul'anneen balbala baasaa. Barii*

*yerookaatugama ishii yoo ilaaltu dirreen itti mul'annaan ajajnikoo kunoo amma fiixa ba'e jettee gammadde.*

*Qajeelfamni ishii kun darbee yeroo xiqqoo erga turtee booda uummata walitti qabdee, "biyyakoo ilaalee waliin ga'uu waanan dadhabeef , bineensa gafarsa jedhamuu qabaa fidaatii, kooraa itti naaf fe'aa" jettee ajajje. Uummannis fala barbaada namicha gabaabaasana biradhaqan. Namichi gabaabaanis akkas jedheen : "Waaqayyoo furmaata isinii kennuufi"jedheen. "Attamitti?" jechuun gaafatan.*

*Namichii gabaabaanis akkas jedheen, "finyoofi shiboo qopheessaatii gara bosonaa deema gafarsa muraasa qabaatii, akkuma isheen jettetti kooraa irratti fe'aafi. Achumaan ishees irratti jabeessaa hidhaa!"jedheet uummata gorse. Uummannis akkaatuma gorfameen gafarsa qabuun irratti ishee hidhe.Daandii isheen deemturra darbee darbee bool'a waantureef Gafarsichi otuma deemu boolla yoolixu dammaqee utaalee ba'uun Akkomanooyyee fudhatee bosona keessa bade.Yerookana ishee kuffisee lafarra harkisee hallayyaa buusuun lubbuu ishee dabarse. Uummannis sana booda nagaa argate jedhama. Misgaanuu(2011:45)*

Oduun durii kuni mormii siyaasaa dubartootarra jiru kan agarsiisudha. Ergaa dubartiin bulchuu hindandeessu jedhu bal'inaan kan dabarsuudha. Yoo bulchiti ta'ees dhiira darartii ergaa jedhu ofkeessaa qaba. Inni biraan waanuma dubartiin yaaduu hindandeenyettiifi akkuma jarri jedhaniitti kan gara isaan qabanittii qabamtu ta'uu agarsiisaa. Dubartiin kuni akka waan damma nyaattee hinbeekneettii kan oduu durii kana keessa kaa'amee, namuuma damma nyaattee hinbeekne kanatu dhugmaa mootii taatii inni jedhus wanamaa amansiisu miti. Dubartiin akko manooyyee jedhamtu kuni uummata hunda nagaa dhoowwaa, dararaa, hojii humnaa olii itti kennitee dhiphisaa akka turteettidha. Dhiirotaa gaggaabaaboo hunda fixaa jettee akka namoota ajjeesisaa turtetu askeessaa hubatama.  Walumaa gala oduun durii kuni kan dubartoota mormuufi meeshaa waraanaa guddaa ta'ee kan dubartoota angoorraa fageessudha. Afoolaa keessaas ta'ee waan biraa warren akkas miidhaa dubartootarraan ga'an kana xiyyaaffanna irratti hojjechuutu barbaachisa.Yookana ta'uu batee rakkoonsaa ittuma fufaa jechuudha.

Amma garuu dubartiin bulchuurratti rakkoo qabdi ilaalchi jedhu jijjiirrameera. Dubartiin sadrkaa gadiirraa kaatee hanga aangoo olaanaatti iddoo dhiirri hojjechaa jiru kamuu

### 2.1.5. Fayyadama Afaaniifi Dubartoota

Afaan meesha walquunnamtii dhala namaa ta'ee bakka dhalli namaa jiru hundattii kan tajaajila kennudha. Yaada kana, Geetachoon (2014:1) yoo ibsu, Afaan yoo jedhamuu akka feeteen kan uumaame, qaamolee dubbii uumanitti fayyadamuudhaan dhalli namaa walii galteen akka fudhateefi akka isaaa galutti yaada isaa kan dabarsu meeshaa walii galteeti." jedha.

Afaan waliigalteef gargaara yommuu jennuu namoota afaanitti tajaajilamaan lamaafi isaa ol gidduutti walta'ii uumeera jechuudha. Afaan walii galtee hawaasa gidduutti uumuuf gargaara jechuudha. Yeroo walii galtee uumu kanammoo yoo xiqqaate eenyummaa dubbataa sanaa namoota keessatti uuma. Yaada kana Misgaanuun (2012:54) irratti yoo ibsu,"Afaan walii galtef gargaara gaafa jennuyooxiqqaate walitti dhiheenya hawaasa kan ijaaruufi eenyummaa dubbataa hawaasa keessatti uumuufi dhiheessuudha" jedha. Afaaniin yommu waa jennummoo karaa kamiinifi attamitti akka dubbannuu ykn barreessinu irraatti hundaa'a. Dubartoota fayyadama afaanii keessaatti yoo ilaalle bay'een namaa karaa gama sanaan xiyyeeffannoo itti kennee ilaalaa kan hinjirredha.

Korniyaan dhimma dhalaafi dhiiraa gochaawwan  yookaan hojii isaan hojjetaniin kan hawaasni ramadudha. Hariiroon dhiiraafi dhalaa gidduutti mul'atu kanhawaasa addunyaa kanarra jiraataniirratti gama itti gaafatamummaa kennuufi fudhachuurratti, dalagawwan adda addaa raawwachuu irratti, murtii waan tokkoo kennuufi dalagaalee hawaasaa keessatti iddoo qabanirratti ajajaa ta'uu irratti garaa garummaa guddaatu mul'ata. Kana jechuun dhirri dubartiirra akka caalutti ilaalcha fudhatamutu hidda gadi fageeffatee hawaasa keessa kan tureefi ammas jiraachuu isaati. Misgaanuun (2012:55) yoo ibsu,"Koorniyaa (gender) jechuun daangaa baayoloojikaalawaa ta'ee kan hawaasni dhiiraaf dhalaaf kennu yoota'u saalli ammo uumamaan dhiira yookaan dhalaa ta'uun kan uumamaan kennameefidha." jedha. Yaada kanarraa wanti hubannu dhiira yookiin dubartii ta'anii dhalachuuni dhimma filannuun ta'uu usoo hin taane kan uumaan ofiif taasisedha. Koorniyaan garuu kan hawaasni ofumaaf akka isatti tolettiifi qixa aangoo qaburratti akka isaaf ta'uutti kan mijeeffate ta'uu namatti agarsiisa.

Kana waliin walbqaatee fayyadama afaanii keessatti wantootaafi gochoota badaa ta'aan gara dubartootaatti moggaasu, waantootaafi yaadota saala lamaanuu bakka bu'aan gara saala dhiira qofaatti osoo dubartii ilaalacha keessa hingalchiin dubbachuufi barreessuufatu gocha hamaa gama kanaan jiru agarsiisa. Kuni yoo furmaata argachuu baatemmoo saalli gama kanaan jiru waraana dhoksaa yeroo dubbatamuus ta'ee kan bareeffame yeroo dubbisan rakkoon sammuu isaanii muudatu salphaa miti.

### 2.1.6. Dinagdeefi Dubartoota

Sirnoota adda addaa keessatti tuffiin dubartootaa akka aadaatti fudhatamaa dhufeera. Dhiibbaan garagaraas dubartootarratti raawwatamaa isaanis ofitti amantummaa dhabaa gadaantummaa ofirratti mirkaneessaa deemuun gama hundaanuu akka qixaa dhiiraa hinhiriirre taasifamaa turameera. Sa'idaan (2002) Irene Tinker Wabeeffachuun kitaabashii keessaatti yoo iiibsitu,

> *Hojiin firii mukaa funaanuufi biqiltuu adda addaa dhaabuudhaan maatii isaanii ittiin kunuunsaa dhufan dhiiraan harkaa fudhatamuun dhimma kanaaf gumaacha guddaakan godhe ta'uun isaa ifadha. Adaduma teeknooloojiin qonnaa fooyya'aa deemuun dubartoonni hojii qonnaarraa daangeffamaa dhufuufii warri dhiiraa tekinooloojii kanatti fayyadamuu oomisha gahaa yoo argatan dubartoonni garuu ciicata dadhabaa ta'een fayyadamuun oomisha gahaa hintaane oomishuun hiyyummaaf kan saaxilamaanidha.*

Ammas akka biyyaa keenyaattis ta'ee akka oromiyaatti rakkoon dubartoonnii dinagdeerratti qabaniifi maxxantummaan jiraachuun kuni bal'inaan kan mul'atudha. Sababiin isaas ilaalchi badaan duraan kaasaa turre kuni dubartii golaa olitti daangessuun, kanumaa ishiin ifaajjes murteessummaa dhoowwachuun namni biraa murteessummaa fudhachuun, akka hinbaranne gochuuniifi kanneen biro hedduun akka dubartoonni hiyyummaaf saxilamaan godhaniit jiru. Kanaaf dubartoonni abbaa qabeenyummaa isaanii mirkaneeffachuuf jecha ammallee waanti hedduun akka hafuufi hojii barbaadu beekun murteessaadha. Hawaasa b

## 2.2. Yaaxina Qoraannichaa:

Yaaxxinni dubartummaa gara jaarraa 19ffaa jalqaba jaarraa 20ffaa jalqabe. Yaaxxinni kuni gosa yaaxxini qeeqa ogbarruuf gumaacha godhan keessaa isa tokkodha. Seenaan haala jalqabbii yaaxxina kanaa waraqsa dubartootaa jaarraa sana keessa turnii ta'uu hayyoonni gara garaa

ibsaniiru. Sababiin jalqabbii yaaxxina kanaammoo olaantummaa dhiiraafi duubatti hafummaa dubartiifi koorniyaa sababeeffachuuni.

Yaaxxinni dubartummaa waa'ee sochii dubartootaa keessatti walcaalmaa koorniyaa, gahee dubartoonni hawaassa keessatti qabaniifi muuxaannoo jireenya isaanii karaa adda addaa hubachuudhaan, yaaxxina adda addaa irraatti deebii qabataamaa keennuuf karaa ijaarsa naamusa hawaasummaa koorniyaafi saala hubachiisuun walqixxuummaa mirgaa dubartii eegsisuuf kallattii hundaan itti fufee

*Feminist theory,wich emerged from the feminist movement aims to understand the nature of gender inequality by examining women's social roles and lived experience, it has developed theories in avariety of disciplines in order, Feminist comdirectory.*
*A(http://www.feministe com/ resource/links)*

Akka yaada kanaatti adeemsa jiruufi jireenyaa keessatti sochiin dubartii walcaalmaa koorniyaa, saala ga'ee isaan qaban, muuxannoo isaan ijaarsa hawaasummaa biratti qaban maal akka fakkaatu nuhubachiisa.

Kana malees, yaaxxinni dubartummaa kallattii adda addaan dhiibbaa dubartootarra ga'u karaa adda addaan walqixxummaa mirga dubartootaa falmaa jiru. Kanneen isaan falmaa jiran keessaas:- mirga qabeenyarratti murteessuu, mirga fedhiin da'uu, dhiibbaa dirqisiisanii gudeeduukaraa garagaraan akka irraa hafuuf nifalmu. Yaaduma kana ilaalchisee toorri interneetii akka armaan gadiitti yoo ibsu:

> *Feminist activist campaign for women's rights-such as incontract law, property and voting while also promoting bodiy integrity,autonomy and reproductive rights for women. R iproductivity rights for women(including access to contraceptives and abortion) and the right to enter into contract and own property Feminists have worked to protect women and girils fromdomestic violence, sexual harassment and sexual assult. Jechuun yaada isa lafa ka'a. Feminists com directory (http://www:Feminist com/resource/links).*

Akka yaada armaan oliirraa hubachuun danda'amutti hojiin sochii dhimma dubartiirratti xiyyeeffate walqixxummaa mirga dubartii falmuu yoota'aniis seera duratti murtii haqaa

qabaachuu qabeenyirratti murteessuu danda'uu, mirga fedhiin da'uu qabaachuu mirga filuufi filatamuu qabaachuu isaanii jajjabeessa. Gosoonni yaaxxina dubartummaa baay'ee yoota'aniyyuu mataduree kana waliin hariiroo guddaa kan qaban warren armaan gadiiti.

**2.2.1. yaaxxina dubartummaa**

Yaaxxinni qorannoo kanaaf mijataa ta'ees yaaxxina dubartummaa (feminist theory)ti. Yaaxxinni dubartummaa sochii waa'ee rakkoo garaagarummaa dhiiraafi yookan gadaantummaa dubartiif furmaata barbaaduufi bu'uureffamedha. Innis bara 1949 dubartii **simon beavoir's** jedhamtuun kaneegalamedha. Simmoneen akka jettuutti abbootiin amantaa seera baaftonni, falaastoonni saayintistoonnifi baarreessitoonni sadarkaa gadi aanaa dubartootaaf kennamuun akka waan fedhii waaqaa ta'eefi lafarratti carraa dhabduu akka taatetti ibsaniiru. Garuu dhugaan kana miti, waanuma hawaasni sammuusaa itti amansiise malee dubartiin dhiiraan waluma qixaa jetti.

Kana malees hayyuunn Norma jedhamu hiikaa dubartummaa akka armaan gaddiiti kaa'a.

> *Feminisim has only working definition since it is adynamic constantly changing ideology with many aspects including the personal, the political and philosophical... feminisim is acall to action. It can neverbe simply abelief system without action, Feminisim is merely empty rhetoric which cancels itself aut. Norma M.(2005:8)*

Akka yaada kanaatti yaaxxinni dubartummaa sochii garaa garummaa koorniyaa yookaan garaa garummaa dhiiraafi dubartif yookan gadaantummaa dubartiif kanfurmaata barbaaduf kan hundeeffamedha. Norma M.(2005:8) Billington kramarae and Treichle (1985) Wabeeffachuun yeroo ibsu

> *Amovement seeking the reorganization of the world upon abasis of sexequality in ol human relations; amovement which would preject every differentiation between individualupon the graund of sex would abolish all sex privileges and burdedens and would strive toset up the recognition of the common humanity of woman and man as the foundation af law and custom.*

Kaayyoon walii gala yaaxxina kanaa hubannoo hawaasaani dhiirri akka waan ol aanaa, hoogganaa dubartoonni faallaa isaa ta'aniitti fudhatamee jiru jijjiiruuf kan kaayyeffatedha. Haala kanaan tilmaamaa olaantummaa dhiiraafi hoggansa dhiiraa akkasumas gadaantummaa dubartiirra jiru hambisuun walqixxummaa mirkaneessuuf kan tattaafatudha.

### 2.2.2. Yaaxxina Aadaa Hawaasaa

Akka Honeckfi Templeina (91994:3) ibsanitti immoo yaaxxinnii addaa hawaasaa (ethnogtaphic theory) irratti hojjetame afoolaa hawaasaani sun dhimma itti bahuurratti hundaa'uun iddoo afoolicha ittii fayyadamne fakkeenya haala mammaaksi keessatti mammaakame, haala oduun durii keessattii seeneffame iddoo faruu itti itti fayyadamneefi haala ittiin hiikneedha. Kana malees Dundes (1979:390) ilaalcha namoota adda addaarratti hundaa'uun haala hiikaa mammaaksaa ittii kennuu, haala inni keessatti dhufeefi waliin ilaalamee ta'uu danda'a.

Walumaa galatti afoolaaf hiikaa kennuun kan danda'amu tajaajila inni kennurrattii hundoofneeti. Kanaaf yaaxxinni kuni faayidaa aadaa keessattifi haala keessaattii jenneen walqabsiifne ittiin qorannoo gaggeessinu qorachuuf itti fayyadamuuf gargaara. Kanaaf yaaxxinni kuni qorannoo kanaaf filatameera.

#### 2.2.2.1 Seenaa jalqabbii yaaxxina Dubartummaa

Seenaan jalqabbii sochii dubartootaa yeroo jalqabaaf kan eegalame jaarraa 19ffaa akka jalqaba jaarraa 20ffaa akka ta'e madden garagaraa ni eeru. Biyyoota gara garaa keessatti dubartummaan kuni gaaffii itti ta'uun qeeqawwan adda addaa akka qeeqan taasifameera. Jechi dubartummaa (feminism) jedhu bara 1972 biyya Faransaayfi Nezerlaandii keessaatti kan jalqabe yoo ta'u, bara 1980 Inglizii keessattifi Ameerikaa keessatti immoo bara 1910tti calqabame. Sana booda biyyoota garaagaraa keessattis beekkamuun hayyoonni adda addaa qeequu jalqaban. Ameerikaatti 1919tti dubartiif aangoon hinkennamuufi ture. Biyyoonni Awuroopaa hedduun dubartootaaf mirga aangoo qabaachuu kan kennan waraana addunyaa 1ffaa booda. Kunumtuu hirmaannaa dubartoonni waarana sana keessatti taasisaniif lakkaa'amanii akka ta'e Lamlam (213). Gill plain& Susan Seller (2007) wabeeffachuun ni eert. Xiyyeeffannoon siyaas yeroo sanaas sooshaalizimii waan ta'eef dubartoonnii waan jiruufi jireenya isanii keessatti keessa darban keessatti hirmaannaan isaan qaban kan dhiiraan walqixa ta'uu qaba yaada jedhu qabatanii ka'uu isaanii kan mul'isudha.

Muluu (2008:32). Biyyoonni bittaa jala turan kannen akka Afriikaafi Eeshiyaa immoo dubartootaaf xiyyeeffannoo kennuu kan jalqaban waraana adunyaa 2ffaa booda gita bittaa jalaa erga bahaniiti. Kanumaan walqabatee warqsi dubartootaa inni 2ffaa kan ka'e sababa simon de beavoir's “The second sex” bara 1953 bareesiteenidha. Adeemsuma kana keessaa darbaa

yaaxxinni dubartummaa guddachaafii dagaagaa deeme. Sababiin guddinaafi dagaagina yaaxinaa kanaammoo olaantummaa dhiraafi duubatti hafummaa dubartootaati. Sababnii gadaantummaa dubartiifi olaantummaa dhiiraa fidemmoo ilaalcha hawaasni dhiiraafi dubartii gargar baasanii ilaaluufi garaagarummaan kunis barbaachisaadha jedhanii amanuu isaaniiti.

Yaadya kana Millet yeroo ibsitu haala armaan gadiin keesseetti.

> *This is because our society, like all ather historical civilization is patriarchal. The fact is atonci recalls that military, industry, technolojy, university, science, political, office anda finance- in short every avenueof power with in society inciuding the coercive force of the police is entirely in male hands. (Millet1970:447)*

Walumaa gala yaaxxiinni dubartummaa gama hundumaanuu dhiibbaa dubartootarra gahu hambisee walqixxummaa saala mirkaneessuuf kanhundeeffamedha. Yaaxxinni kunis gama siyaasaa, dinagdeefii ilaalchaatiin bu'aan inni dubartootaaf buuse akka salphaatti kan ilaalamu miti. Jijjiiramni amma mul'atu kunis bu'aadhuma yaaxxina kanaati.

**2.3. Qorannoowwan Hojii Kanaan Walitti Dhihaatan**

Namoonni garagaraa mata duree qorannoo kanaan waliin walitti dhufeenya qaban irratti hojjatan nijiru. Fakkeenyaaf qorataan Malkaamuu (2007). mata duree "Dubartoota Mammaaksa Oromoo keessatti" jedhu irratti kan qorannoo gaggeesse yoo ta'u, qorannoo kana irraa wanti adda taasise, mammaaksota qofaa irratti xiyyeeffachuu isaati. Qorannoon kuni mammaaksa dabalatee, oduu durii, faaruu sirna da'umsaafi fayyadama afaaniirratti xiyyeeffachuunsaa adda isa godha.

Qorattuu Mastuun (2005) mataduree "Gahee Dubartoota Sirna gadaa keessatti" jedhurratti qorannoo gaggeessetetti. Qorannichis gaheedhuma dubartoonni sirna gadaa keessatti qabanirratti kanxiyyeeffatudha. Qorannoon inni kun afoolarratti xiyyeeffata. Kanaaf addaa addummaansaa qabiyyeedhaani tokkummaansaa dubartootarratti hojjetamusaati.

Qorattuu Muluunis (2008) "Maammaaksa Oromoo Dhimma Koorniyaarratti fuulleffatu" kan jedhurratti hojjetteettii kan ishiis afoola keessaa mammaaksa qofarrtti kan xiyyeeffatedha. Qorannoo kanis mammaaksas kan tuttuqu yoo ta'ellee afoola garagaraa kan akka oduu durii, mammaaksaa, faaruu shanan deessuufi fayyadama afaaniifi oduu durii keessaatti dubartummaan

attamitti ifa kan jedhu kallatiidhaan kan ilaaledha. Matadureen kuni afoolafi aadaa keessatti haala dubartummaan ittiin ifurratti kan fuulleffatedha.

Akka waliigalaatti hojiileen armaan olitti dhiyaataniifi qorannoo kana walbira qabnee yoo ilaallu isaanis dubartootarratti xiyyeeffachuun walisaan fakkeessa. Kan qorannoon kun ittiiin adda ta'u garuu ilaalcha dhimma dubartiifi dubartummaarratti kan xiyyeeffatu ta'uu fi afoola garagaraa keessatti haala dubartummaan ittiin ifaa turafi fooyya'ina jirurratti xiyyeeffachuu isaati.

## BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO

Malleen qorannoo keessatti wantoonni yookiin mata dureewwwan haammataman kanneen akka malleen qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, madda odeeffannoo, iddattoofi mala iddatteessuu, meeshaalee odeeffannoon ittiin funaannaman, qindeeffamaafi malleen qaaccessa ragaa kanofkeessatti haammatudha.

Kaayyoon qorannoo kanaa akkuma duraan ibsame qaaccessa dhimma dubartiifi dubartummaa oromoo Godina shawaa lixaa gindabaratirrati kanjedhurratti adeemsifame. Kaayyoo kana galmaan gahuufis qorannoon kunmalleen qorannoon tokko itti gargaaramu fayyadamuun kan adeemsifamedha.

Kana gochuufis qorattuun gosa qorannoo akkamtaa (qualitative research) fayyadamtee qorannoo kana gaggeessiteetti. Sababiin isaas qorannoo kana keessatti odeeffannoon guuraman lakkoofsaan osoo hin taane mala ibsaan hiika kan argate waan ta’eefidha. Dabalataan, Dassitaa (2002:20) “Qorannoon mala kanaan yookiin akkamtaan gaggeeffamu odeeffanno argate mala addeessatiin yookaan mala ibsaatiin dhiheessa.” Jedha.Qorannoo kana keessatti qorattuun kanumatti dhimma baateetti.

Addunyaa (2011:12) yaada kana yoo cimsu,“qorannoo kana (akkamtaa) gaaffiwwan akkam? Maalif? Jedhan kaasuun gadifageenyaan xiinxaluurratti humna waan qabuuf, amanuufi hubannoo bal’isuuf haala mijeessuu isaati” jedha.Yaada kanarraa malli kun gadifageenyaan xiinxaluurrattti humna qabaachuufi gama amanuufi hubannoo bal’isuufis haala kan mijeessu ta’uu hubanna. Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaa qaaccessa dhimma dubartiifi dubartummaa  jedhu irratti waan ta’eef, qorattuun mala kanatti dhimma baateeti qorannooshii gaggeessiteetti.

### 3.1. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon tokko irraawwatama qabaachuu qaba.Yaada kana Addunyaa (2001:1) yoo ibsu “qorannoon irraawwatama namootaafi dhimmoota qorannoon sun irratti gaggeeffamu waan ilaallatuuf, kan irratti raawwatame gaalee jedhu irraa adeemsa suphuutiin kan uumame’ jechuu akka ta’e haala qorannoon irraawwatamaa irratti xiyyeeffatu lafa kaa’a. Kanaafuu, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa hawaasa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat irratti kan raawwatameefi Qaaccessa Dhimma Dubartiifi Dubartummaairratti kan raawwatamedha. Malli qorannoon kun itti gargaarames mala miti carraan itti yaadamee kan raawwatameedha.

Sababiinsaa kallattiidhaan warren dhimma kana beekanirraa ragaan qabatamaan argamaa isa jedhutti waan amanameefi.

### 3.2 Maddaa Odeeffannoo

Qorannoo tokko gaggeessuuf maddi odeeffannoo (maddi raga) qabatamaan baay'ee barbaachisaadha. Qorannoo kana keessatti madda odeeffannoo ta'anii kan odeeffannoon irraa funaanname hawaasa aanaa Gindabartii jiraatan keessaa dubartoota, maanguddootafi namoota waa'een hojii mataduree kanaa isaan laallatufi gadi fageenyaan beekaniidha. Sababiinsaas dhimmicha gadi fageenyaan waan beekaniif odeeffannoo ga'aa ta'eefi odeeffaannoo qulqulluu ta'e kennaniifi.

### 3.3. Iddettoo

Qorataan odeeffannoo funaanuuf iddattoo filachuun hin oolu. Iddattoon bakka qorattuun odeeffannoo irraa walitti qabattuudha. Dastaan (2013:132) Trochim wabeeffachuun hiika iddattoo yoo lafa kaa'u, "Sampling is the process of selecting units (e.g people, organization) from a population of interest so that by studying the sample we may fairly generalize our result back to the population from which they were choose." Akka yaada kanaatti iddattoo filachuun adeemsa jamaa tokko keessaa odeeffannoo argachuudhaaf namoota yookiin qaamota jamaa sana fudhatanii itti fayyadamuudha.

Iddattoo filachuun kan barbaachiseef, yeroo, maallaqa, humna namaafi kkf qusachuuf yaaddameeti. Haaluma kanaan namni qorannoo gaggeessu tokko tooftaalee adda addaatti gargaaramuu danda'a. Tooftaalee kunniinis akkaataa qorannicha waliin deemuu danda'anitti ilaallamanii kan qoratuun filatamaniidha. Maloota kana keessatti iddattoo hedduu fayyadamuurra iddattoo dhimma qorannoon irratti gaggeeffamu waliin walitti dhufeenya cimaa qaban muraasarraa odeeffannoo gahaa ta'e funaanuu irratti xiyyeeffata.  Malli iddetteessuu qorattuun kuni filattes iddettssuu akkayyoofi iddetteessuu darbaan dabarsaati.

#### 3.3.1. Idettoo Akkayyoo

Kanaafuu qorattuun kunis mala akkayyoo (purposive sammpling) filatteetti. Iddettoon akkayyoo (purposive sammpling) malli kun mala iddattoon ittiin filatamu keessaa isa tokko yoo ta'uu; namoota dhimmicha beekan jedhamanii yaadaman xiyyeeffannoon yookiin itti yaaduudhaan filatamaniiru. Kunis namoonni kan kallatti gara garaatiin dhimmicha waliin walitti dhufeenya

waan qabaniif odeeffannoo gaarii ta'e argachuuf nama dandeessisa. Odeefkennitonni mala akkayyootiin argamanis hojjettu Aadaafi Turizimii, Itti gaafatamtuu Dhimma dubartootaa, Abbaa Gadaafi dubartii siran da'uumsaa haalaan beektu irraa odeeffannoo funaannachun gaggeeffame.

### 3.3.2. Iddatteessuu Darban Dabarsaa (Iyyaaffannoo)

Darbaan dabarsaan dhimma tokkorratti nama beeknu irra ka'uun nama kan biraa dhimmicha gadi fageenyan beeku iyyaaffachuun bira ga'uun odeeffannoon irraa fudhatamudha. Sababni kun filatames namoota Aanaa Gindabarat keessa jiraatanii namoota waa'ee dubartummaa sirriitti beekaniifi faaruu sirna dahumsaa irratti beekumsa qaban hunda isaanii waanan hinbeekneefi. Kunis, odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu akka dhokate hinhafne nagargaara. Baay'in iddattoo waliigala keessaa namoota 3 irraa odeeffannoon funaaname dhiyaate jira.

"With snowballing, the sample emerges through a process of reference from one person to the next" Denscobe, (2007:17). Iddattoon iyyaafannoo adeemsa keessa duukaa bu'uun kan nama tokko irraa gara itti aanutti eeruudha.

## 3.4. Malaa Odeeffannoowwan Ittiin Funaannaman

Odeeffannoo funaanuuf malli itti gargaaramnu baay'eetu jira. Malli qorattuun kun itti fayyadamte mala qorannoo akkamtaati. Malleen odeeffannoo qorannoo akkamtaa gaggeessuuf oolan irratti Dastaan (2002:230) Marietsefi Marieta wabeeffachuudhan yoo ibsu,"Qorannoo akkamtaa (bu'ura) gaggeessuuf odeeffannoo kan funaannu daawwannaa, af-gaaffii, dookimantii kan sakatta'uufi meeshaalee suur-sagalee fa'atti deeggaramuudhaani" jechuun ibsa.

Addunyaa (2011:16) mala odeeffannoon ittiin guuramu keessaa af-gaaffii, daawwannaa,marii garee xiyyeeffatamaafi sakatta'a dookimantii fayyadamuun akka dandaa'amu addeesseera. Kanuma bu'ura godhachuun qorannoo kana keessatti odeeffannoon daawwannaa, af-gaaffiifi meeshaalee suur-sagaleetti dhimma bahuun qorattoon qorannoo ishii gaggeessiteetti.

### 3.4.1. Daawwannaa

Maalli odeeffannoon ittiin funaannamu keessaa tokko daawwannaadha. Daawwannaan kan filatameefis karaa ragaan kuni ittiin argamu kanbiraa waan hinjirreefi. Kanbiraan iddoo dubartummaan itti bal'inaan dubbatamu waan ta'eefi. Wanti iddoo kanatti daawwatamu sirna simannaa yeroo daa'imni dhalataniiti. Sirni simannaa kuni aadaa keessatti iddoo guddaa qaba.

Achikeessattimmoo dubartummaan bal'inaan mul'ataa. Gocha ta'ufi jecha dubbatamuu faana walqabatee dubartummaan bal'inaan keessatti calaqqisa. Daawwannaa qorannoo mata duree "Dhimmaa duartiifi dubartummaa afoolafi aadaa keessatti aanaa gindabaratitti" jedhu kana keessatti adeemsa daawwannaa kanatti fayyadamuun mana deessuutti argamuudhaan shanan deessuu irraatti argamuun gochootaafi jechoota achi keessatti raawwatamantu daawwatame. yeroo dubarri dhalattu maal akka jedhamuufi maal akka godhamuu yeroo dhiirri dalatuus akkasuma waanti raawwaatamus yoom akka raawwatamufi haala itti raawwatamuu hubannaa gahaa argachuuf yoomessa dhugaa keessatti argamuun ragaan funaannameera. Daawwannaa kana fayyadamuun odeeffannoo barbaachisu hundi itti dhihaachuun argameera.

Akkasumas, adeemsi sirna da'umsaa, ilillee, faaruufi waan yommu dhiirri dhalatu jedhamuufi dubarri yommu dhalattu jedhamu suur-sagaleen kaameraan waraabuun walitti qabameera. Dabalataanis daawwanichis, jiraa jirree (checklist) gaaaffilee qabatan duraan qopheeffattee hirmaachuusuudhaan daawwannicha gaggeesiteetti. Ragaan daawwannaan suursagaleedhaan waraabbamee kunii gara barreeffamaattii jijjiiruun qorannoon kuni adeemsifameera.

**3.4.2. Af-gaaffii**

Af-gaaffiin malleen odeeffannoo qorannoo kanaaf ittiin funaannaman keessaa isa tokkoodha. Malli kun odeeffannoo daawwannaadhan argachuu hin dandeenyeefi warreen odeeffannoo bal'aa itti barbaadaniif sirriitti qulqulleeffachuuf kan qorattuun fayyadamte. Dastaa, (2013:11). Karaa biroon Dastaan (2013:113) Yaalew (2006) wabeeffachuun cimina mala odeeffannoo afgaaffii funaannachuu akka armaan gaditti ibsa."Afgaaffiin yeroo barbaade fooyya'uu akka danda'uufi yeroo afgaaffiin odeeffannoon funaannu kan afaaniin dubbatu caalaa sochii od-himtoota irraa odeeffannoo dabalataa argachuufi kan kana fakkaatuuf faayidaa cima qaba." jedha. Kaayyoon af-gaaffii kanaa raga mata duree qorannoo kanaa waliin walqabatu arga kallattii argachuufi. Nammoonni keessatti hirmaatanis dubartootaafi dhiirotaa waa'een mataduree kanaa isaan ilaallatu irratti kaayyeffamuunidha. Gaaffiin isaaniif dhihaates gaaffii gosa tokko. Kan hirmaates dubartootta 6fi dhiira 4 walittii 10ni. Kunis kan agarsiisu, qorattuun af-gaaffii tokko hirmaattotaaf fuula fuulaan wal-arguudhaan kan gaaffii ishii gaafatte, gaaffilee hin caaseffamneefi banaa ta'antti dhimma bahuun kan gaggeefamedha. Kaayyoon qorannoo kana raga dhugaafi kallatti argachuufidha.

### 3.4.3. Meeshaalee Ragaan ittiin Funaannamu

Qorannoo kana keessatti ragaa fuunaannamuuf meeshaaleen adda addaa hojiirra ooleera. Kanneen keessaas meeshaa suur-sagalee yoo ta'u, meeshaa kanaan qorattuun warra yeroo dhiirri dhalatuufi durbi dhalattuu sirna da'umsaa gaggeessan eeyyamsiisuun sirna shanaan deessuu irratti yeroodhiirri dhalatuufi durbi dhalattuu waan jedhamuufi raawwatamuu duraa duubaan suuraafi sagaleen waraabame. Odeeffannoo haala kanaan walitti qabamu kana immoo gara barreeffamaatti kan jijjiiramee yoo ta'u suuraalee muraas raawwii kana agarsiisaan keessaa waraqaa qorannoo kana keessatti dhihaateera. Daawwannaa kana keessattis kan suuraa kaasuufu waraabu waliin raga kana funaanuuf kan keessatti hirmaate dhiraa 2fi dubartii 1 walitti 3ti. Hirmaattonni sirna shananii keessatti argaman garuu hedduudha. Kan marqaa marqan, kan dhaqna (qaama) deessuu dhiqaniifi kanneen waamamanii kabaja sirna kanaaf dhufan danuudha.

## 3.5. Mala qaaccessa ragaa

Qorannoo kana keessatti ragaan daawwannaa, afgaaffiifi waraabbiin odeefkenntootarraa argame marii gareetiin walitti qabamee jira. Ragaan argamu kunis qindaa'ee mala ibsaatiin gargaaramuun qaacceffameera. Ragaan qaacceffame kunis akka armaan gadiitti boqonnaa itti aanuu keessaa taa'ee jira.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAA

## 4.1. Dubartiifi Dubartummaan Maali

Dubartoonni kutaa hawaasaa keessaa harka walakkaadha ol akka ta'an amanamee kan buledha. Namoonni gara garaas dubartiifi dubartummaa akka armaan gadiitti ibsu. Afgaaffii gaggeeffameen Akka Hiruut Baahiruu (01/08/2011) jettutti, "Dubartiin haadha, obboleettii, hadhaa manaafi ilmoodha. Duburtiin saalaan dhira irraa adda ta'anii uumamuu dha. Kunis kennaa waaqayyooti. Dubartii ta'uu waliin walqabatee immoo ulfaa'uun, da'anii hoosisuun kan kennaa rabbi dubartii ta'uun walqabateedha. Dubartiin haadhadha yeroo jennu haadha da'iima deesse qofaa osoo hintaana'e gaafuma jabaatte kaastee amala haadhummaatu irraa calaqqisa." jetti. Yaada kanarraa kan hubannu dubartiin garaa laafetti akka taatedha. Kanbiraa dubartiin saala lamaan jiru irraa tokko ta'uu ishiifi dubartii ta'uun abaarsa osoo hintaane keennaa waaqaa ta'uufaa irraa hubanna. Kanaaf da'imaa kunuunsuu, mana keessaa haadha gargaaruu, garlaafummafatu irraa mul'ataa. Kanshii qofaa osoo hintaane da'iima rakkate arginaan gargaaruuf dhiirarra dubartiitu ho'aafi. Dubartiin dhiiraaf waa afur ta'uu dandeessi. Haadha, haadhamanaa, obboleettiifi ilmoo ta'uu ishiiti. Dubartiifimmoo haadha, obboleettiifi ilmoo tatii. Gama biraan immoo miidhaksiituu jiruufi jireenyaa waahunda keessatti kan qoodaa fudhattu ta'uu yaada kanarraa hubanna.

> Dubartummaa yeroo ibsitummoo "Dubartummaan garuu ilaalcha hawaasni dubartiif qabu, kan akka gahee hojii qooddachuu, fayyadama afaanii, yeroo dubarri dhalattuufi dhiirri dhalatuu gochoota raawwatamaniifi jechoota jedhaman, siyasa keessatti akka isaan hinhoogganne gochuu, afoola keessatti gochoota raawwatamanfi jechoota dubbataman, ilaalacha barnootarrtti shamarraniif hawaasni qabu, keessumaa "dubarri barattee eessa geessii? " jechuun barnootarraa ittisuuffaati" jetti. Akka yaada kanaa Dubartummaan immoo kan karaa beekkamuufi hinbeekkamneen qooda galataa tuffii, qooda kabajaa salphina kan dubartiin hawaasa irraa argatte ta'uu isaa nuhubachisa. Inni biraan duraan ilaalchi dubartoonni akka hinbaranne gochaa turansunis dubartuummaa akka ibsuu nutti agarsiisa. Gama biraan afaanitti yeroo fayyadamanii barreessaniis ta'ee dubbatan iddoo waltajjii garaagaraatti, kutaa barnootaa keessatti, kitaabolee barreeffamaniifi k.k.f akka waan dhiira qofaaf ta'eetti ilaaluun akka jiru nuhubachiisa.

Haaluma walfakkaatuun Silashii Garramuu afgaaffii(02/08/2011) taasifameen yeroo ibsu dubartiin saalaan uumamaan kan waaqarra kenname saala lamaan jiru keessaa tokkodha. Dubarttin haadha kunuunsitee dhaloota ittifufsiistudha, Haadhamanaadha, Obboleettiidha ilmoodha. Dbartiin iddoo hundattuu gahee kan qabdudha. Dubartii malee akkuma miidhaginni miisoomni jireenyii akka hiika hinqabu. Saalli lamaanuu waliin malee jiraachuu hindanda'anii."jedhee ibsa. Yaanni kuni dhiirriifi dubartiin adda bahuu akka hindandeenyeefi waaqnii waliin akka jiraataniif akka uumee; tokko tokkorratti akka hundaa'uu nuhubachiisa. Inni biraan immoo dubartiin dhalootaa ittii fufsiisuu keessatti gahee olaanaa akka qabduu namatti kan agarsiisudha. Dubartummaas yeroo ibsu:

> "Dubartummaa" inni jedhu kun garuu ilaalcha gadaantummaa kallattii adda addaatiin dubartootarra jirudha. Ilaalcchi gadaantummaa kunis guyyaa dhalatturraa kaastee hangaa jiraattu kan keesa dabartudha. Kanaaf dubartuummaan hawaasa keessaa kan dubartiirratti dhiibbaa godhu gaafuma dhalattu simannaa ishiin maatii keessatti argattuirraa akka jalqabudha. Ittumaa fufees fayyadama afaanii hawaasa keessatti mul'atu fkn tapha keessattillee ijoolleendhiiraa yeroo waltuffatan akka dubartiitti walarrabsuufaa, yoo dubartiin hojii gaarii hojjette ati dhiiraa ishiidhaan jechuu, yoo dhiirri waan badaa godhemmoo ati dhiiraa dubartiidha malee isaan jechuu, afoola kalaqamee keessattis gadaantumaa dubartootaa kan calaqqisiisu danuun jiraachuu, iddoo hojii adda addaattis dubartiif bakka gadaana kennuufi, misooma keessattiis hojjettee galchuumalee qabeenya irratti murteessuuf akka ishiin qixa dhiira mirga hinqabnetti ilaaluunifi kanneen kana fakkaatan danuun dubartuumma akka calaqqisiisu ibseera. Siyaasa keessattis afoola garagaraa fayyaadamuudhaan dubartoota hoogansa irraa fageessuunis akka ilaalcha dubartummaa ta'e kallattii inni kaa'erraa nihubanna.

Yaada kanaarraas wanti nuti hubannu dubartiin haadha, haadhamanaa, obbolettiifi ilmoo ta'uu ishiiti. Kana malees dubrtin miidhaksituu jiruufi jireenyaa akka taate ibsameera. Dubartummaan garuu kan haamlee dubartiirratti jechaafi gochaan, kallattii dhiibbaafi hacuuccaa dubartiirraa jirudha. Hacuuccaan kuniis haamlee dubartuutaarrttii dhiibbaa guddaa geessisee kan jirudha. Dubartoonnimmoo hawaasaa jiran keessaa harka walakkaa waan ta'aniif misooma biyyittiillee kallattii adda addaatiin miidhaa kan ture ta'uusaa nu hubachiisa. Kanaafuu ilaalcha kana maqsuu

yoobaanne kallattii garagaraatiin dubartootas ta’e kutaalee hawaasa biroos kallattiinis ta’e alkallattiin kan miidhu ta’uusaa ibsameera.

Yaadashii Lataas gamashiitiin afgaaffii gaafa (03/08/2011) gaggeeffameen yeroo ibsitu “Dubartiin haadha dhiiraati, Ogeettiidha, gamnadha, (abshaala)dha. Dubartiin miidhaksituu jireenyaati. Kanaafi “ manni dubartiin hinjirre ona.” Kan jedhaniif  dubartiin kabajamtuudha. Iddoo dubartiin jirtutti dhiirri dura hin adeemu. Sababiinsaas kabaja dubartiin qabdu agarsiisuufi” jetti. Yaada kanarraammoo dubartiin hawaasa kana biratti akka kabaja guddaa qabdu, dursi akka kennamuufi, haadha hoogganaa ykn gootaa ta’uushiifii k.k.ftu ibsame.

Dubartummaa garuu faallaa kanaan ibsiti. “ iddoo kabajaan dubartii amma jedhe kuni hinjirretti garuu dubartummaatu bal’inaan calaqqisa jetti. Innimmoo faallaa kabaja dubartii salphinaafi ilaalcha hintaane agarsiisuudha. Ilaalchi kunis: dubartii akka wallaaltuutti ilaaluu, akka waan qusannaa hinbeekneetti ilaaluu, akka isheen siyaasa, dinagdee, barnootaafi k.k.f keessatti gahee akka hinqabneettii ilaaluufaati.” Jetti.  Akkuma yaada warreen oliirraas hubatamu dubartummaan ilaalcha kallattii garagaraarraa dubartootaaf kennamudha. Ilaalchi kunis ilaalcha badaanis ilaalcha gaariinis akka jiru ifatti agarsiisa. Maddi ilaalcha kana lamaaniiyyuu hawaasumadha.

Ittuma fufuun Gizaachoo Bosiis gaafa 06/08/2011 af-gaaffii taasifameen yoo ibsu “dubartiin saalaan dhiirarraa adda ta’uu qofa osoo hin taane tooftaa/ mala kan beektudha. Kanaafi jarsi durii yeroo ilmasaa eebbisu “mallikee mala dubartii humni kee humna bishaanii siif haata’u.” kan jedhe. Akkuma kana dubartiin obsituu, ogeettii, miidhaksituu jireenyaati.” Jedha. Yaanni isaa kunis irra caalan isaa kanuma warreen duraa mirkaneessa. Gama biraan immoo dubartiin obsa akka qabdu kan irraa hubannudha.

“Dubartummaan garuu dhiibbaa yookiin ilaalcha hawaasni dubartootaaf qabu Afoola, jiruufi jireenya, hojiifi k.k.f keessatti kan mul’atu yookiin ilaalcha badaa aadeffatame (dhiibbaa koorniyaa) kan dubartootarra jirudha.” Jedha. Yaada deebii kanarraa hubanne yoo ilaallu, beekuurraas haata’uu wallaaluurraan Dubartummaan ilaalcha badaa hawaasarraa gara dubartootaatti jiru kan agarsiisudha.

Gaamshuu Kabbabaas gaafa 09/08/2011 deebiin inni kenne “dubartiin akka sirna gadaatti kabajamtuu, kan caaccuu baattee fuuldura abbaa gadaa deemtu; seera lammiishii jalaa dabe yoo firashii keessaa namni dhabameyyuu abbaa halagaatti himattee lammii aanteeshiitiif

murteessisuu kan dandeessu; kan mana ho'iftuufi miidhaksitudha." jedha. Yaada kanarraa wanti hubatamu: dubartiin sirna gadaa keessatti kabaja qabaachuushii, mirgaaf falmachuu akka dandeessuufi mana keessaas gahee olaanaa akka isheen qabdudha. Dubartummaan immoo haala kanaan ifa jedha: namoota dhuunfaa kabajaa dubartii hin beekneen kallattii adda addaatiin maatiirraa, firarraa, hiriyootarraafi kutaa hawaasa gara garaarraa dubartootarratti dhiibbaa kan uumudha." jedha

Haaluma walfakkaatuun (20/9/2011) marii garee taasifameen (Yaadashii Lataa, Alamii Araarsaa, Geexee Qananii) "yeroo ibsan dubartiin saalaan dhiirarraa adda ba'uun kennaa uumamaa yoo ta'u isa duuka ammoo dubartiin dhiiraaf haadha, haadha manaa, obboleettiifi ilmoo ta'uufii kandandeessudha '' jechuun ibsu. Duubartii ta'uutti kan itti gaddan, dubara godhachuuttii kan itti saalfatan osoo hintaane kennaa uumaan badhaase godhanii fudhachuun itti boonanii guddisuun barbaachisaadha."jedhu. Yaanni kuni ilaalchi gaariin dubartootaaf akka jiru; isa kana dhoksuunimmoo faallaasaa ilaalchi badaan kan mul'ataa jiru ta'uufi ilaalcha kana hawaasa keessatti babal'isuun akka nurraa eegamu kan agarsiisudha.

Dubartuummaan garuu kennaa rabbi badhaasee kenne kanatti gammadanii jiraachuurra dhiibbaa hawasarraa kallaattii addaaddaatiin mul'aturraa kanka'e ofumaallee dabalamanii dhiiibbaa ofirraan ga'uufi hacuuccaa adda addaatiif saaxilamuufi ofiis of saaxiluu akka ta'e namoonni kun kaasanii jiru. Dubartummaan kan calaqqisu gaafa guyyaa dubarri dhalattu daa'ima dhalattu sanaan haalli itti simataniifi kandhiiraa adda ta'uu irraa jalqabee hanga dubarri hawaasa keessatti bu'aa ba'ii jireenyaa keessa dabartu hundumaa keessatti kan ishii eeggatudha. Kunis kan inni mul'atu jechaafi gochaani. Jechaan yeroo jennu yeroo dubarri dhalattu muu, haataatu, dhaba mannaa faa jechuuniifi issarrammoo darbee gaafa qooddannaa hojii bira geessu hojii akka daa'ima kunuunsuu, nyaata qopheessuu, qe'ee qulqulleessuufi kanneen kana fakkaatan warra yeroo hedduu hojjetamaniifi akka hojiitti waarreen hin ilaalamne kana gara dubartiitti qoodamuun isaa akka dubartummaa jecha jedhu kana ibsutti yaadasaanii bal'inaan ibsu.

Dabalataan "taa'uu mannaa durba dhashuu wayya. Durbiifi gundoon hinteessu. Namni dhalaa faana dhalateefi namni dhala yaabbate kabaja hin qabu." faa jechuun akka naannoo kanaatti akka dubarri jibbamtu gochuun kan mul'atu ta'uu ibsaniiru. Inni biraan jaarradhuma keessa jirru kana keessatti akka naannoo kanaatti yeroo dubarri dhalattu jibbuurraan kan ka'e hanga gatuuttillee

kan deemamaa ture ta'uu ibsani jiru. Kanaaf dubartummaan dhiibbaa hamma dubartiin dhalattee akka hin guddanneetti godhu kuni hawaasa keessa turuusaa ibsanii jiru.

Afgaaffii (09/09/2011) adeemsifameen immoo (Silashii Garramuu, Gaamshuu Kabbabaa, Gammadaa Tolaa, Gizaachoo Bosiifi Geetuu Asafaa) yeroo ibsan immoo qaama biraa dubartiirraa adda ta'e qofa osoo hintaane miidhaa kana keessaa ofumaayyuu yaada kana amananii fudhachuun akka gadaantummaan isaanitti dhagahamu gochuurratti akka ga'ee taphatu ibsaniiru. Waliifi walii isaanii gidduutti waliif qabsaa'uurra haamilee walii miidhuu, jechaafi gocha kana akka rabbirraa kennameefitti amananii fudhachuun dubartootarrati akka mul'atu kaasaniiru. Haala kana of amansiisuu, nandanda'a jedhanii shaakala hojii gara garaarratti bobba'uu irraa ofqusachuu irraa kan ka'e siyaasaan, dinagdeen, barnootaan milkaa'uurratti rakkoon mul'atu akka jiru ibsaniiru. Osoo cimanii hojjetanii dubartoonni hojii isaan hin hojjenne hin jiru. Naannoo hooggansaattis akkuma dhiiraa haala gara garaa duuba jiru ilaaluu dhiisani kutannoon hojjetanii fulduratti bahuu irratti hanqinni dubartoota birallee akka jiru kaasaniiru. Gama warra dhiiraatiin immoo hanqina dubartii isa dhiphaa bal'isanii, osoo ishiin dandeettii qabduus akka hindandeenyeetti olola adda addaa irratti banuun gaafuma isheen gara hoogansaatti dhuftu akka abdii kuttee duuba deebitu gochuun kuni bal'inaan akka mul'atu ibsaniiru.

Yaada kanarraa kan nuti hubannu dubartiin saala lamaan jiran keessaa tokko yoo ta'u dubartummaan (dhiibbaa mirgaa) kallattii adda addaatiin irratti diriiru akka kennaa rabbiitti fudhatanii taa'uun kun hanqina dubartootarratti mul'atuufi mirgaaf falmachuun akka itti jiru dubartummaan abaarsas osoo hintaane kennaa waaqaa itti boonaniidha. Ilaalchaa gama adda addaatiin mul'atu kana fakkeenyummaan qabatamatti mul'isuun cabsuun gahee dubrtootaa akka ta'e nu hubachiisa. Dubartiin hojii hunda hojjechuu ni dandeessi. Kanaaf iddoo hundattuu gahee dachaa ishiirraa eegamu bahachuun ilaalacha kana maqsuun irraa akka eegamu beekuufi k.k.f hubanna.

### 4.2. Dubartootaafi Hawaasa

Hawaasni uummata naannoo tokko jiraatu maanguddoo, gaheessota, dargaggoota, shamarran, ijoollota, daa'immanfi dubartoota irraa kan gurmaa'aniifi daangaa biyya tokkoo keessa jiraatan waan irratti walii galaniifi waan waliin qaban kan qabanidha. Kutaa hawaasa kanaa keessaa dubartoonnis garee tokkodha. Dubartoonni qaama hawaasaati. Qaama hawaasaa keessaammoo

warra dhaloota itti fufsiisuu keessatti gaheen irra caalaan itti kennamedha. Garaatti ji'a sagal baatanii dahuu, hoosisanii guddisuu, gama hundaanuu kunuunsa barbaachisaa gochuu keessatti gahee olaanaa fudhachaa kan jiru isaanuma akka ta'e odeefkennitoonni ibsanii jiru.

Akka afgaaffii gaafa 09/08/20011 Gaamshuu kabbabaa yeroo ibsu dubartiin hawaasa keessatti kabaja qabdii jedha. Yoo abbaa manaa waliin fardaan deemu ta'e  ishiin dura deemti. yoo boo'a (iddoo warra du'aa) dhaqan dubartiin dura deemti yoo iddoo sirna gara garaa dhaqanis dubartiidhumatu dura deema. Kuni kabajaa abbaan manaa haadha manaadhaaf qabu akkasumas kabajaa hawaasni bira dhaqan suni dubartiif qabu agarsiisa." jedhu. Yoo dhiironni keessummummaa dhaqanii ka'anii harka dhiqatu ta'e dubartiin hin kaatu jedhama. Sababiinsaa dubartiin waan deessu hin beekamu nugusa da'uu dandeessi jedhamee amanama. Kuni kabaja dubartootaati malee olaantummaa miti. Iddoon dubartoonni itti olaantummaa agarsiisan baay'ee hin mul'atu. Haata'u garuu kabajni kuni bakkuma hundatti akkasii yoo jenne dhugaansaa iddootti gaaffii keessa galu jira. Iddoo fayidaa gara garaatti yoo ilaalamemmoo aadaadhuma ta'ee abbaan manaa iddootti ofiif olantummaa fudhatu jira. Qabeenyarratti murteessuu irratti yeroo gara garaa olaantummaa warra dhiiraatu mul'ata. Kanaaf jecha dubartoonni waanuma isaan murteessan fudhatu. Yoo dubartoonni waa dubbatanillee "deemi maal beekta kankee golaa olitti" jechuun yeroo baay'ee haamilee isaaniitti yeroo bu'amutu jira.  Yoo dhiirriifi dubartiin walitti bu'an ta'ee dubartiin akka tasaa ta'ee dhiira miite akka waan dubartiin harka hinqabnee "dubartiitu narukutaa, dubartiin narukutteetan galaa" jechuun haamilee isaanii tuquufi isaan daboorsuutu mul'ata. Yoo dhiironni lamaan wallolanis "yoon siigochuu baadhe taa'een fincaa'aa, dhaltuu wa'ii, yoon sisodaadhe intala haadhakootifi k.k.f" jedhanii wal arrabsu.  Kuni haamilee dubartootaatiif hawaasa keessatti ofeeggannoon akka hinjirreefi akka isaanillee lafa deemanitti waan jedhamu kana dhagahanitti akka ofjibban kanisaan godhu keessaa isaan kun isaan olaanaadha. Inni biraa wantoonni hawaasa keessatti tuffatamoo ta'an saala dubartiitti moggaafamu fkn inni sobduudha, inni hattuudha, inni dhiira dubartiidha malee" jechuun tuffii qaban yeroo waliif ibsan dubartii ta'uun akka arrabsootti ilaalamee haamilee dubartootaa cabsaa oola. Akkasuma afoola keessattillee gadaantummaafi olaantummaan dubartootaaa haalli ittiin ifu hawaasa kana keessa ni jira. Kanaafi iddoo olaantummaan isaanii itti mul'atu baay'inaan hin jiru kanaaf harki caalaan olaantummaarra gadaantummaansaanii akka hawaasa keessatti bal'inaan jiru ibsaniiru.

Akka yaada kanarraa hubannutti dubartiin hawaasa keessatti kabaja akka qabdudha. Kabajni ishii kunis dursanii farda yaabbachiisuu, iddoo kabajaa dhaqanitti dura buusuu, iddoo nama jajjabeessuu dhaqanittis dubartii of dura buusuufi kanneeen kana fakkaataniin kan agarsiisan akka ta'efi iddoo faayidaa jajjabaatti garuu hangas mara mirga dubartiitiif kan xiyyeeffannoon hin jirre ta'uudha. Iddoo faayidaatti yoo kabajni hin jirre immoo faayidaafi kabajni waan adda bahan miti. Sababiinsaa namni faayidaa barbaadu argateera taanaan kabaja argateera. Yoo faayidaa isaaf malu hin arganne ta'e garuu kabajaanis kabaja sobaati jechuudha. Gama biraatiin ilma dhiiraa ta'ee dhalate tokko biratti kan dubara taatee dhalatte akkanni uumamumaan ishii caalutti ilaaluun kanarra yaada ifudha. Sababiinsaa yeroo waltuffatan akka saala dubartiitti wal ilaaluu, wantoota badaafi gochoota badaafaa akka saala kanaatti moggaasuun akka dubartummaa kan babal'isaa adeemuufi mirga dubartootaa kan dhiibu, ofitti amantummaa isaanii kan gadi buusu, haamileesaanii kancabsuufi kabajaa isaanii kan salphisu ta'uu isaati. Akka afgaaffi(12/08/2011) gaggeeffameen Yaadashii Lataa yeroo ibsitu:

> Hawaasa keessatti dubartoonni akkitti ilaalamaniifi akkitti guddatan boruu isaaniirratti dhiibbaa godhee darba jetti. Gaafa dhalatanii kaasanii adeemsi keessa darbanis dhiibbaa guddaa geessiseera. Gafa dhalatan maatiin firri itti hingammadu. Kunimmoo dhiibbaa hawaasni gochaa jirudha. Gaafa jabaatte ofdanda'uu shaakaluu jalqabdi. Dhiirri gara bakkeetti bahee dhiibbaa tokko malee taphachaa yeroo guddatu dubarri garuu hojii mana keessaa daa'ima kunuunsuu, nyaata qopheessuu, bishaan qoraan barbaaduu, qulqullina manaa eeguufaa shaakaluu eegalti. Dhiibbaan haadharra ture gara intalaatti darbuu jalqaba. Gaafa umuriin isaanii barnootaaf qaqqabemmoo gara barumsaa dhaqxi. Rakkoon ishiin dura shaakalaa turtes biraa kan hafu miti. Inni dhiiraa galee yoo hojii bakkee hojjechaa qo'ate ishiin garuu hojiin isheen hojjettus ilaalchi maatiin qabus waan ishii dirqisiisuuf mana barumsaa galtee gara hojii dhiifteetti deebiti malee yeroon qo'annaaf qabdu dhiphaadha. Inni dhiiraa taa'ee yeroo dhiqatee nyaatu ishee durbaatu harka dhiqachiisa. Inni taa'ee ciree, laaqanaafi irbaata yeroo eeggatu ishiin garuu hinqopheessiti. Inni hanga nyaanni qophaa'utti qayyabachuu danda'a. darbee darbee yoo ta'e malee shamarran carraa akkanaa argatan hinjirani. Kanumarraa ka'ee walcaalmaan dandeettii uumamuu jalqaba. Kanumarraa kan

ka'een carraa barumsaa olaanaa galuu, hojii olaanoo hojjechuufik.k.f isaan qaban ni dhiphata. Hirmaannaan isaanii gadi bu'a. Yeroo sanammoo akka waan dubartiin uumamaan dadhabduu taateettiifi iddoo olaanaa ta'e hojjechuu hindandeenyeetti ilaalchi fudhatamu kunis dhufe. Kunimmoo kan jijjiiramuu danda'u yoo qaamni hundi iddoo dhimmikun jiru irratti hojjete akka ta'e ibsaniiru.

Akka yaada kanarra hubannutti dhiibbaan wallaala maatiirraa kanka'een shamarran barnoota isaaniirratti xiyyeeffannoon kennamaafi kan hinturre ta'uu isaati. Amma garuu iddoo hundas yoo ta'uu baate fooyya'ina guddaatu jira.

### 4.3. Aadaa Oromoo Keessatti Dubartummaan Haala Ittiin Mul'atu

Dubartii yookiin dhiira ta'anii dhalachuun ilmaan namaaf qofa osoo hintaane dhalaafi kormaa ta'anii dhalachuu uumaatu lubbu qabeeyyii hundaaf kenne. Kanammoo qabatama arginurraa kan hubannudha. Haala kanarraa ka'uudhaan lubbu qabeeyyii hundaafuu dhiiraafi dubartiif gaheen uumamaan kenname ni jira. Dhalli namaa garuu lubbu qabeeyyii kaanirraa kan inni ittiin adda ta'u akkuma qabatamaan arginu gahee hojii qooddataniiniifi saalli inni tokko akka waan waaqa biratti jaallattamaa, eebbifamaa ta'eetti saalli inni biraammoo akka waan abaarsi irra jiruutti kan ilaallame achumaa as dhuftee dhala namaarraa jalqabee mul'achaa dhufe ta'uu odeefkennitoonni ibsaniiru. Kanaan walqabatee iddoo itti aadaa oromoo keessatti dubartummaan mul'atu hedduudha. Amma kan ilaallu sirnada'umsaa keessatti shanan deessuu yeroo kabajamu haala ittiin dubartummaan mul'atu daawwannaa kanarraa ilaaluun danda'amee jira.

Yaada kanaan walqabatee afgaaffii (15/08/2011) gaggeeffameen Hiruut Baahiruu Yommuu ibsitu, "yommu dhiirri dhalatu gammachuu guddaan maatiifi firoota gidduutti ta'a; Akka waan jabinasaaniitiin da'iimni sun carraa dhiira ta'ee argateetti yeroo yaadantu bal'inaan mul'ata. Isheen durba deessemmoo saalfachuu,akka waan hojii badaa hojjetteetti laallamuufaatu mul'ata. "Baga hiikkamte baga /deesse" jedhanii "maal argatte?" jedhanii yeroo gaafatan haatis "ilma" jettee yeroo deebistu "gosh! akkas malee" kkf. Jechuun yaada isaani akka ibsan ibsiteetti. Yeroo durbi dhalattu garuu durba jedhamnaan mufannaa, jibbaa, fuulli gurraacha'uutu mul'ata."jetti. Sadarkaa jechaattimmoo "jechoota akka muu, haa taatu, dhabamannaafi kanneen kana fakkaatantu jedhama." jetti. Yeroo kana daa'ima dhalatte osoo hintaane daa'imman jajjaboo

shamarran ofbeekan biratti dubbatu. Jechoonni akkasii kun yeroo dubbataman edaa dubara ta’uun yaraadha jedhanii gara ofjibbuutti deemuufi gadaantummaa kana qabatanii akka guddatan godha. kanaaf simannaan yeroo dhiirri dhalatuufi dubarri dhalattuu jiru kuni dubartummaa bu’uura isaarraa akka hundee gadi fageeffatu godhee akka jiru ni ibsu. Dhiirota qofaas osoo hintaane dubartoonnimmoo askeessatti qooda olaanaa fudhatanii akka yaada kana cimsaa jiran hawaasa kana keessatti bal’inaan akka mul’atu ibsiteetti. Dubartoonni bakkuma gahee isaaniitti maatii keessatti iddoo hojii adda addaattifi iddoodhuma jiranitti ilaalchi walqixxummaa akka dhufuuf hojjechuun akka barbaachisu ibsiteetti.

Yaada kanarraa wanti hubannu ilaalcha kana cabsiif dubartoonni abbaadhimmaafi gahee olaana warra taphachuu qaban ta’uu isaati. Daa’imman kan guddisu haadha isa dhiiraafi ishii dubaraa qixatti ilaaluu, koorniyaa idileessuu, hojii hunda namaa ta’uu akka qabu nuhubachiisa.
Alamii araarsaa yaada kana 03/08/2011 yeroo ibsitu:

> Dhiirri yeroo dhalatu gammaduurraa kanka’e qawweefaa dhokaasuu, haadhaaf kunuunsa addaa gochuu, qalanii firaaf laachuufi kanneen kana fafakkaataantu raawwatama. Ililleeniifi faaruun sirna da’umsaa kan dhiiraa alshan yoota’u; kan dubaraammoo al afur, faaruun kan dhiiraa gosa shan yoo ta’uu, kandubaraammoo gosa afur ta’aa. Sirni kan gaggeeffamu immoo kan dhiiraa halkan shanitti yoo ta’u kan dubaraammoo halkan afuritti akka ta’e gaafa guyyaa sirna sanaa yoo dhiiratu dhalate ta’ee dhiirri marqaas ta’ee nyaata sirna kanaaf qophaa’e akka nyaatan yoo dubaratu dhalate ta’emmoo dhiirri marqaa hinyaatu jedhanii ibsu.

Sababiin kanaas dhiibbaa yookaan cunqursaadhuma dubaraaf qaban agarsiisuuf malee sababa biraa akka hinqabne ibsiteetti. Kuni immoo hawaasa kanaaf hubannoo kennuun walcaalmaan kuni akka hafu irratti hojjechuun ni danda’ama.

#### 4.3.1. Afoola keessaa faaruu yeroo da’umsaa

Yeroo daa’imman dhalatan maatii gidduutti gammachuu guddaatu ta’a. Sababa kanaaf sirni simannaa adda addaa daa’immaniif akka aadaa Oromootti ni godhama. Isaan keessaa sirni da’umsaa (shananii) jedhamee akka aanaa kanaatti beekkamu isa tokko. Shananii kan jedhamu guyyaa shan isa kan dhiiraatiini malee kan dubaraa garuu guyya afuritti kan taasifamu ta’uu odeefkennitoonni ibsaniiru. Faaruun kunis yeroo sirna kanaa nyaanni dhugaatiin qophaa’eet

dubartoonni olla waamamaniiti nyaatanii dhuganiit faarfatu. Nyaanni sirna kanaaf qophaa'uu marqaa gosa midhaanii filatamoo ta'aan adda addaarraa walitti makamee daakamerraati. Midhaan marqaafi bulluqaaf qophaa'us garbuu, qamadii, ajjaa, samareeta. Baaqilaafi kanneen kana fakkaatanirraa yeroo deessuun da'umsa jala geessu qophaa'ee daakkameet taa'a. Dubartiin dugdashii miidhame deeffattee akka kaatuuf yaaliin adda addaa ni taasifamaafi. Wantoota anniisaa ishii deebisa jedhamee yaadametu kennamaafi.Dubartiin yommuu deessu gaafa isheen deessee jalqabee yoo dubaratu dhalate ta'e afur yoo dhiira ta'e shan hamma bulutti meeshaan mana sunii hin ba'u. hanga shan bultutti qobaashiis hin teessu. Dhaqna/qaama ishiis hamma gaafa sirna kanaatti hin dhiqattu. Gaafni guyyaa sirna sunii dhaqna dhiqaa (shananii) jedhameet beekama. Gaafa sirna kanaa dubartoonni ollaa beeku waanta'eef hojii gargaarsa gara mana sanaa ganamaan dhufu. Haati intalaa yoo haati hinjirremmoo amaatiin dubara hinheerumne qabattee qottoofi dhagaraa qabattee okolees qabatteet dhadhaa muuddataniit laga bu'u. Qottoofi dhagaraa qabatanii bu'an suniin jiidha dubartiitti ulanii qaama ishii dhiqan muka jiidha gosa garagaraarraa falaxanii, ulumaa'ee cabsanii okolee qabatanii bu'an sanattis bishaan waraabanii galu. Dubarri duudaan kanfilatamtuuf waan lamaaf akka ta'e ibsaniiru. Tokko qulqulluudha cubbuu hin qabdu jedhanii amanu. Inni biraan immoo sirna sana itti dabarsuuf akka ta'e ibsanii jiru. Gareen biraammoo uffata miicuuf laga bu'u. warri kaan immoo xuwwee marqaa irra kaa'anii warra laga bu'e sana eegu. Kanisaan warra laga bu'e eegan bishaan okolee sana bishaan marqaatti dabalachuufi. Itti aansuun marqaa xaafii diimaafi midhaan gosa adda addaa irraa kan qophaa'e irraa marqaan nimarqama. ( Maddi Baaccuu Soorii 15/08/2011)

Suura 5



Suuraa (15/08/2011) kaafame. Yeroo marqaan marqamu

Qaama deessuu sanaas erga dhiqanii booda dubartoota ollaa hunda waamanii marqaa nyaachuutti ce'u. Marqaan dhihaatu gosa lama kan midhaan gosa gara garaarraa qophaa'eefi marqaa xaafii diimaati. Midhaan gosa garagaraarraa inni qophaa'u faayidaa hedduu qaba jedhamee amanama jedhu. Midhaan inni irraa qophaa'us: qamadii, garbuu, ajjaa, baaqilaa, bishingaa, boqqolloo, shumburaa, samareetaafi garbuu gurraacharraatii qophaa'a. Marqaan nyaata aadaa Oromoo yeroo sirna garagaraa dhihaatu akka ta'es beekkamaadha. Ittoon marqaa kanaammoo baaduu qimxoo (furdaa)fi dhadhaan mi'eessituun adda addaa qocqocaan baaduu furdaatti dabalamee, 'mimmixa' dhadhaa baqetti godhaniit haalan qophaa'a. Dubartoonni garee gareen ta'uun marqaa qophaa'e kana nyaatu.

Suura 6



Suuraa ( 15/08/2011) kaafame. Marqaan nyaataaf yeroo qophaa'u

Marqaan kan nyaatamus qoba qobaatti osoo hintaane baay'atani iddoo tokkotti akka ta'e daawwadheen jira. Sababiinsaa takkaa faarfatanii ililchanii galu waanta'eef marqaan gareedhan nyaatama. Inni biraa immoo gareedhaan marqaa nyaachuun tokkummaafi walii galtee agarsiisa jedhu. Marqaa kan nyaatus dubartoota. Dhirri marqaa kan nyaatu yoo dhiiratu dhalate ta'e qofaa akka ta'es daawwadheen jira. Dhiirri marqaa yoo nyaateyyuu isaan waliin hinfaarsuu hin ililchus. Sababiisaa yeroon gaafadhus aadaadha jedhu. Marqaa nyaatanii farsoo dhuganii erga xumuraniimmoo gara faaruufi ililleetti darbu. Faaruun kunis armaan gadiitti taa'eet jira.

Cabbaayee yamaram cabbaayee

Deessuun miixannaan nacabbaayee

Deessee hiikamnaan hanqalbaayee

Yaamaram cabbaayee

yoo dhiira ta'e alshan yoodubara taate alafur irra deebi'uun faarsu yoo dubaratu dhalate ta'e immoo al afur faarsu. Maaliif garaa garummaa godhate isa jedhuuf immoo dhiirrii fi dubarri walqixa miti amantaan jedhu jiraachuu isaa ibsaniiru. Cabbaayee yamaaram cabbaayee jechuun yeroo deessuu ciniinsuun qabu naasuufi sodaa maatiitti dhagahamu ibsu. Itti aansuudhaan faaruu

Killoo bunaa yakilloo bunaa

Killoon bunaa shumburaa qabaa

Maaddiin deessuu hundumaa qaba baga hin oolini (5ykn 4)

Jechuun nyaata qophaa'e sana akka hanqina tokkollee hinqabneefi guutuu ta'eetti yaadasaanii ibsuudhaan faarsu.ittuma fufuudhaan

Karaa horaa yakaraa horaa
Karaa horaarra hin marmaarina
Dubbiisobatti nawwaaminaa jetti maareni (5ykn 4)

Jedhanii yoo dhugaan ta'e malee akka sobaan maaramiin waamuu hin qabne dhaamuun faarsu.

Urgeessaa yabala urgeessaa
Ufgeessaa yamaaram ufgeessaa
Mucaan kun kankeetii mucaa kana eegii (5ykn 4)

jedhanii ammas akkuma isa olii dhumarratti mucaa dhalate yookaan dhalatte waaqatti kennu. Itti aansuun hawwii daa'imni dabalataan akka dhalattu qaban ibsachuuf immoo akkas jedhanii faarsu

Ammootarii ya ammootarii
Kan dhalate haaguddatu
Bereegeres ilma dahii jedhanii faarsu.

Faaruun kuni yoo dhiiratu dhalate ta'e tokkoosaa alshan shan irra deebi'ama. yoo durba ta'emmoo al afur afur irra deebi'amuun faarsu. Yoo durba ta'e gosa shan asiin olitti faaruu tarraa'e keessaa tokko hambisanii afur duwwaa jedhu. Faaruu kana erga xumuranii booda yoo dhiira ta'e alshan yoo durba taatemmoo alafur ililchuun xumuru.

Maddi Daadhoo Yaaddessaa(12/08/2011)

Suura 7



Suuraa (15/08/2011) kaafame. Yeroo marqaa nyaatan

Marqaan nyaata aadaa Oromoo keessatti baay’ee beekkamaafi jila adda addaa irratti kan yeroo hunda dhihaatuudha. Yeroo ateetee, yeroo gannii, yeroo masqalaa yeroo namoonni dhukkubsatanis kan dhihaatudha.

Akka hirmaattonni kun ibsanitti: yeroo daa’imman gara addunyaa kanaatti dhufan simannaan akka godhamuufiiti. Simannaa kana keessatti garuu kan dhiiraafi kan dubaraa adda addadha. Addaa addummaan kunis kan dhufe Olaantummaa dhiironni duraan dubartootarratti agarsiisaniifi isaanis amananii fudhatanirraa kan maddeen aadaa ta’ee itti fufa maaalif akka godhanillee osoo hinbeekiin dhiibbaa ofirraan gahaa akka turan ifatti nama hubachiisa. Dhiironni akka gammadan yookiin dubartiin waanuma abbaa manaan itti gammadu gochuurra kan darbe dubartoonni garaagarummaa simannaa kana keessatti mul’atu maaliif jedhanii gaafachuurratti hanqinni bal’aan jira. As keessatti dubartiifi dubartummaan yookiin garaa garummaan koorniyaa kuni gaafuma dhalootaarraa jalqabee jireenya umuriisaanii keessatti dhiibbaa cimaa irraan gahaa kan adeemudha. Kunimmoo meeshaa lolaa sagalee hinqabneen kan haamileen dubartootaa ittiin laamsha’aa adeemu ofiifis ta’ee biyyaaf kallattii hundarratti kutannoodhaan akka isaan hojjetanii bu’aa qabeessummaasaanii akka hin mullanne kan ittiin godhamaa tureefi jiruu ta’uu isaa ibsaniiru. Guyyaa dhalootaa qofaa otoo hin taane guyyaa du’aas dubartiin jabdummaa fedhe yoo

hojjetteyyu akka dhiiraa ishiidhaa himuun hin jiru kunillee garaa garummaadhuma ilaalchaa jiru kana agarsiisa.

Kallattii kaaniin ilaalchi fooyya'e baay'een yoo jiraateyyu gama ilillee, faaruu, hima yeroo du'aa kanaan waanti fooyya'e hin jiru. Gama hooggansatti dubartoota fiduu, hirmaannaa barnootaa, mirgi filuufi filatamuu kanneen kana fakkaataniin walqabatee jijjiiramni jiru waan haalamu miti. Kanaaf iddoo rakkoon mul'atu immoo guutaa adeemuun itti gaafatamummaa dubartootaafi kan hawaasa hundaati.

**4.4. Dubartummaa Fuudhaafi Heeruma Keessatti**

Sirna fuudhaafi heerumaa keessatti dubartiin gaheen ishiin qabdu daanga'aa akka ta'e warren odeeffannoo kennan ibsaniiru. Ishuma hammam baratteyyuu yoota'e ilaallachuu, filachuu, gaafachuu kaadhimmachuufaa keessatti warra dhiiraatu gahee taphata malee dubartoonni akka hangas mara qooda hinqabani. Yoodhuma jaalataniiru ta'eyyuu kallattiidhan fedhii isaanii akka hinibsanneefi miidhaan adda adda akka irra ga'u odeef kennitoonni ibsaniiru.

Akka afgaaffii (14/08/2011) taasifameen Gaamshuu kabbabaarraa yeroo ibsuu, "sirna fuudhaafi heerumaa keessatti hanga fedheyyuu yoo jaalatte aadaa dhumarraa kanka'een ishiin sittin heeruma jettee hingaafattu. Garuu xiinsammuun ishiirra miidhaan gahuu danda'a. Inni dhiiraa garuu akka fedhetti jaalate taanaan gafatachu, carraa filachuufi kanneen kana fakkatan gochuuf aadaafi safuun isa daangessu hinjiruu." jedhu.  Yaanni kuni jiraachuu haabaatu malee akka inni rakkoolee xiinsammuu irraan gahu immoo kaasaniiru. Kuni dubartummaan iddoo kanatti akka mul'atu nutti agarsiisa. Kanumarraa ka'ee bultii keessatis olaantummaa dhiirumti akka fudhatus himanii jiru. Kunimmoo akka dhiirri olaantummaa fudhatuuf otoo hintaanii akkuma aadatti dhiratu qehee abbatti shamarreen fuudhee qe'ee dhaaba jedhamee waan amanameefi. Ta'us bultii keessatti ishiin murteessummaa hinqabduu innumti abba manaa ta'e akka fedhe haagodhuu kan jedhu hinjiru. Kanaaf dubartiinis mana bushuu keessatti gahee olaanaa akka qabdudha.

Dabalataan ragaa yeroo kennan "Warren hubannoo kanaa hinqabne garuu dubartiin akkuma meeshaa gabaa bahee bitateetti ilaaluun mirga dubartii kansarbu, kan reebee mana gadi ari'u, miidhaa qaamaafi xiinsammuu kan irraan gahu hedduudha. Dhimmoonni kunis yoo gara mana murtii dhaqellee dhimmichi baay'ee walxaxaafi yeroo baay'ee qabeenyaa ishii fudhattee itti fayyadamuulle akka hindandeenyi kan hawaasa keessatti mul'atudha."jedhu. Akka yaada

kanaatti dhiirri dubartii yoo fedhi waliin jiraatee yoofedhuu baates akkuma argetti kan irratti murteessuu danda'utti yaaduun akka jiru nuhubachiisa. "Qabeenyii muraasa yoo argatte isakaan maqaa firaatti jijjiiruu malaammaltummaa dhaan ofiif murteessifachuufi qabeenyaa dhoksuun akka miidhaan dubartiirra gahu hawaasa keessatti bal'inaan mul'ata." jechuun ibsaniiru.

> Dubartiin ga'ila keessatti iddoo murteessaa ta'e qabdi. Garuu isakana hubachuu dadhabuurraa kan ka'e yeroo dubartiin mana keessatti hacuucamtu, dhiitamtu, mirga gadibaatee waa'ee dhimma biyyaafi dhimmuma mataashii akka hin mari'anneefi kanneen kana fakkaatan dhiibbaa dubartootarra jiran keessaa warren muraasa akka ta'e ibsanii jiru. Kuni kan mil'atu warruma hinbaratiin qofaarrattii osoo hintaane warra baratanii wa'ee mirgasaanii beekanirrattiyyuu mul'achaa akka kanjirudha. Bultii keessatti waldiiginsi kan hinbarbaachifneefi achi gidduutti da'imni yoojiraatte haadha waliin miidhaan akka irra gahudha. Yoo falli dhabamee carraa dhumaa ta'e garuu qabeenyashiis fudhattee mirgishii kabajameefi jirachuutu ishiidhaaf mala jedhu. warren tuma abbaa manaa dhaqanii wan akkana gidduutti gahee taphataan hedduun hawaasuma keessaa waanta'eef osoo hubannoon kennameefi irraa ofqusatanii dhimmi dubartii hangana walxaxaa hinta'uu. Gama biraan mirgi daa'immaniillee kanhaadhaarra adda bahee hinilaalamu. Haati daa'imaa daa'ima irraa adda baanaan waan muudatu beekkamaadha. Daa'imman nibeela'uu, nixuraa'uu, xiinsammuunisaanii nimiidhama jechuun yaada isaanii ibsaniiru. Yeroo du'aallee hawaasa keessatti dubartiin akka jabdummaa tokkollee hinqabneetti waan ilaalamuuf dhiiraaf wantoonnii raawwataman dubartootaaf garuu akka dhimmaa wa'iittuu hin ilaalamu. Dhiirri yeroo du'uu jabdummaan hojetan himuun qamisii fe'uufi kanneen kana fakkaataniin kabaja warra dhiiraaf qaban agarsiisu. Dubartootaaf garuu wanti godhamu tokkollee kan hinjirre ta'uu ibsanii jiru.
>
> Maddi Waajira Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii(12/09/20011)

### 4.5. Afoolaafi Dubartummaa

Afoolli dhala namaaf faayidaa guddaa kenna. Namatu faayidaa adda addaatiif akka oolutti kalaqee. Namoota keessaa kutaa dubartootaa attamiitti ilaala kan jedhudha. Afoolli Oromoo dubartoota haala garagaraatin ibsa. Haalli qabatamaan uummata keessa jiru mammaaksonni

Oromoo irra caalaan isaani cimina osoo hintaane dadhabbina dubartootaa ibsu. Haalli kun immoo dubartoota irratti dhiibbaa garagaraa fida.Haata'u malee dubartoonni Oromoo rakkoo isaanirra gahaa jiru kana ofirraa hambisuuf mormaa turan har'as mormaa jiruu jedhu warren odeeffannoo kennan. Afoola dhiibbaa geessisan kana keessaas mammaaksaa, baacoofi oduuduriifati.

### 4.5.1. Dubartuummaafi Dinagdee Afoola Oromoo Keessatti

Hojiin dubartoonni hawaasa keessaatti guyyaa guyyaan raawwatan hedduudha. Isaan keessaas hojii qonna, daldala, hojii mootummaa, hojii dhaabbilee dhuunfaa hojii mana keessaafi k.k.fti. hojoon isaan hojjetan kunimmoo dinagdee isaanii waliin walqabata. Sirnoota gara garaa darban keessatti garuu dubartoonni akka kallattiinifi alkallattiin hojii hunda keessatti hirmaatanitti ilaallama hinturre. Sababiinsaa tuffii dubartootaaf qabamurraa ka’uudha. Tuffiin dubartootaaf qabamu kuni aadeffamee ittis amanamee itti fufamera. Dhiibbaan gara garaa irratti raawwatamaa dubartoonnis ofitti amantummaa dhabaa gadaantummaas ofirratti mirkaneessaa deemanii har’a gahaniiru. Kanumaan kan walqabate hojii idileen dubartoonni hawaasa keessatti qaban yoo ilaalle iddoo tokko tokkotti haala heddummina isaaniin qabanii waliin walbira qabnee yoo ilalle hirmaannaan isaanii baay’ee gadi bu’aadha. Dubartoonni hojii aattamii hawaasa keessatti raawwatu dubartummaan immoo hojii kana waliin haala kamiin walqabata. kanjedhu kanaaf deebiin odeefkennitootarraa funaanamemmoo akka armaan gadiitti ta’ee jira. Daadhoo Yaaddessaa (22/08/2011) yeroo ibsitu:

> Dubartoonnii hojii isaanii keessaatti dirqama uumamaan itti kenname ulfaahuu, dahuu, hoosisuurraatti kan isacaalu immoo kan hawaasaan itti fe’ame daa’ima kunuunsuu, nyaata qopheessuu hojii alaas kan dhiirri hojjetu hundumaa ni hojjetu. Dahuun hosisuun uumamaan kan dubartootaaf kennamedha. Isa kana akka kennaa kaan garuu harka caalasaa bakka filatan osoo hintaane idduu itti dirqamanii hojjetantii caala. Hojiimana keessaa isa lakkoofasa hinqabneefi itti fufaa ta’e isaanumatu hawaasa keessatti galmaan gaha. Hojii nyaata qopheessuu, ganamaa gaalgala akkasuma guyyaallee kan maatiin mana jiru nyaatu, mana qulqulleessuu, qulqullina uffata maatii eeguu, qulqullina meeshaa manaafi bishaaniifi qoraan nyaanni ittin qophaa’us barbaaduun dirqama dubartiiti. Isa alaas yoo ilaallemmoo iddootti dhiira biraa haftu hinjirru. Yeroo dubartiin qottu

> nijira; nimeeftis. Akka waarra hojii mootummaa hojjetaniittis yoo ilaalle dubartiin hojii mana keessaas akka ishii qofaaf kennameetti qabatte isa alaas warra dhiiraa waliin qixa isaani dhaabatte hojjetteet isaanuma waliin qixa dorgomti. Innidhiraa yookiin abbaamanaan hojii isa waajiratti itti kenname yeroo hojjetatu ishiin garuu hojii isamana keessaa yeroo hojjettutu mul'ata. Namuma akka dhiraa waan taatef immo nidadhabdi. Hojii ittiin dorgomtuu taatu sana galmaan waan hingeenyeef isaan dhiiraa waliin qixa ta'uun ishii duubatti harkifataa adeema. Kanumarraa kanka'een hirmaannan dubartootaas duubaattii hafaa deema. Isa booda dubartiin dinagdeedhaan gadi buutuu akka taatu ibsaniiru. Afoolaa keessaammoo "dubartiifi gundoon hinteessuu." "dubartii jechuun harka." Fi kanneen kana fakkaatu jechuun hojjechiisu. Kanaaf afoollii askeessatti gahee guddaa qaba.

Yaada kanarraa waan hubatamu dubartiin hojii hunda keessatti hirmaannaa akka qabdudha. Ba'aan uumamaan akka ishiirra jiru; yoogargaaramuu baatte akka duubatti harkifamaa adeemtu nuhubachiisa. Yoo hirmaannan dubartii duubatti harkifataa adeemeemmoo dingdeen, siyaasni, jiruufi jireenyi kamuu duubaatti akka harkifatu beekamaadha. Kanuma beekuun qamni hundi xiyyeeffannoon osoo ilaale gaariidha. Kana ta'uu yoo baate dingdeen dubartootaa gadi bu'aa adeema. Hojjisiisanii hanga hojjetan akka hinarganne gochuufi afoola fayyadamuun human dubartootaa seeraan ala fayyadamuun dubartummaa babal'isuu keessatti gahee guddaa qaba. Ballayinash Leenjisaa (15/06/2011) yeroo ibsitu:

> Keessumaa iddoowwaan hojii olaanoo ta'an irratti sababa kanarraa kanka'een hirmaannaan dubartootaa laafaadha. Shamarraanis yoo ilaalle qixa warra dhiiraa cimani barumsa hordofaarratti qixa dhiiraa miti. Keessumaammoo sadarkaa lammaffaarraa kaasee hirmaannaan saanii gadi kan bu'u deemu sababa hojii manaa haadha gargaaruutti waan goraniifi. "Durbiifi gundoon hin teessuu." "Durbi baratteefi re'een albaate warraa baate." Mammaaksonni jedhan kunimmo askeessatti gahee guddaa akka taphataniiru." jetti. Osoo dhiibbaan hojii haadharra hinjiru ta'ee shamarran hojii haadha gargaaruu hin dhaqani. Osoo dubartummaan yookiin dhiibbaan koorniyaa haadharra jiraachuuniifi koorniyaan idilaa'uu diduun hojii naamaan qoodame kennameef akka kennaa waaqaattii fudhachuun

dubartootaa akka dubartummaan hundee gadi faggeeffatuufi hirmaannaan dubartoota iddoo mil'aturra iddoo hinmul'aanneerraatti akka ta'uu taasisee jira. Iddoo hin mul'anne jechuun hojii mana keessaa isaa boqonnaa hin qabne isa galata hinqabnerraatti daanga'uudhaan kan akka hojii hooggansaa gara garaa, hojiiwwaan iddoo olaanootti hojjetaman, dhaabbata olaanoo keessattii hojjechuu keessaatti lakkoofsi isaanii akkuma mul'atu aakka xiqqaatu ta'eera jechuun ibsaniiru.

Hojiin hawaasa keessatti dubartoonni raawwatan hedduudha. Isaans: hojii mana keessaa, hojii qonnaa, hojii daldalaa, hojii mootummaa, hojii hooggansaa, hojii dhuunfaafi kanneen kana fakkaatan idileen hawaasa keessaatti hojjitu. Hojii kana kan hojjetummoo issan qofaas osoo hintaani waarri dhiiras nihojjeetu. Garuu hojii hojjetamu kamuu keessatti iddoon dubartiin kallattiinis ta'ee alkallattin hirmaannaa itti hingoone hinjiru. Dubartii malee hojiin galma ga'u tokkollee hinjiru. Kanaafi " Dhiira cimaa duuba dubartii cimtuutu jira."kan jedhamee mammaakamuuf. Haata'u malee akka dubartiin hojii hundumaa keessatti hirmaannaa qabdutti ilaalamaa kanjiru miti. Akka qabatama hawaasa keessatti mul'atu yoo ilaallemmoo dubartiin akka waan muraasa duwwaa dhiira gargaartee dhiirrimmoo iddoo olaanaasa ofiif qabatee jireenya gaggeessaa jiruuttii ilaalama. Kaanaaf dhiiratu qabeenyarrtti murteessaa, yoo waldhaban immoo ishiitu mana gadhiisee daa'ima walitti qabatee adeema. Kanuma mirkaneeffachuuf ykn akka dubartiin qooda fudhattee qabeenyas manas hin hoogganneef jecha mammaaksa "Abboommiin dubartii karra cufaatti oolcha. "Dubartiin lama hinbeektu tokko hin wallaaltu." "Dubartiin dheertuu malee beektuu hinqabdu." faa jedhanii kan mammaakan. Haata'u malee dubartiinis osoo harka hin kenniin halkaniif guyyaa tattaafachaa hojii hunda keessattuu hirmaachaa kanjirtu ta'uus ibsanii jiru.

Maddi Balaayinash Leenjisaa

Akka yaada kanaatti dubartoonni hojii keessatti hirmaannaa guddaa qabu. Dubartiifi dubartummaa hojii keessatti yoo ilaalles dubartii ta'uun saaalaan dhiirarraa adda ta'uudha malee hojii kamiyyuu hojjehuu dadhabuu jechuu miti. Kanaaf dubartiin hojii kamiyyuu hojjechuu nidandeessi hojjechaas akka jirtu ragaankuni nuhubachiisa. Dubartummaan immoo dhiibbaa kallattii adda addaatiin waan saalaan dubartii ta'aniif hojii isa tokkorraa daangeffamuu hojii isa

biroommoo dirqamaan fudhachuudha. Gama biraatiin immoo hojjetanii gatii hojii ofii maadaalu dhabuu, waanuma hojjetan sanarratti aangoo murteessammaa dhabuufi kanneen kana fakkaatan hedduun hawaasa keessatti mul'atu.Jechuun ibsaniiru.  Yaanni kun akka dubartummaan hojii keessatti mul'atu nutti mul'isa.

Akka walii gala yaada armaan oliitti wanti hubatamu dubartiin hawaasa keessattii hojii gosa kamiiyyyuu keessatti akka hirmaannaa haa qabaattu malee dinagdeen qixa dhiiraa miti. Hirmaannaan ishiin qabdu kunis kallattiinillee yoota'uu baate alkallattin hirmannaa iddootti dubartoonni hinqabne akka hinjirre bal'inaan kan nutti agarsiisudha.  Hirmaannaa bal'aa haa qabataniyyu malee iddoowwan hojii gurguddaattiifi murteessoo ta'aniitti hooggansa manaafi alaarrattimmoo baay'inaan kan hin mul'anneedha. Sababnisaa yoo ilaalle garuu harki caalaansaa ofjaalachuu dhiiraafi dubartoota hacuucuun iddoo hoogansaafi bakkeewwan murteessoo ta'an ofiif qabachuun olaantummaa ofii mirkaneessuu barbaaaduu dhiirotaa ifatti kan namatti mul'isudha. Kanammoo akkuma kanatti callisnee ilaaluu hinqabnu. Yaada kana callisnee ilaluun nurra hinjiru. Dubartummaan faayidaa dubartootaa kallattii eeguun osoo ta'ee biyyaafis nama dhuunfaafis bu'aa guddaa qaba. Dubartoonnis gama dinagdeentiin olka'aa adeemu. Afoollii dubartummaa akka babal'isu, aadaanis kallattii jiru kanaan itti fufnaan akkanni garaa garummaa saala lamaan gidduu jiruu ol dabalaa adeemu ifaadha.

### 4.6. Walqixxummaa Saalaa Afoola Oromoo Keessatti

Walqixxummaa saala kabachiisuun nama hundumaafuu faayidaa qaba.  Dubartoonni hawaasa keessaaa harka walakkaadhaa olii waan ta'aniif mirgi isaanii kabajameefii, tuffiin irra ture cabee yoo gara misoomaatti galan jijjiirramni dhufu kan biyyaati malee kan dhuunfaa isaanii miti. Dubartiin nama tokkoof haadha, haadha manaa, obboleettiifi ilmoo bakka buuti. Kanaaf faayidaan jarreen kanaammoo tokko keessaa tokko otoo nama hinqaqqabiin hinhafu. Kana jechuun yoo haadha manaa dhabe obboleettii yoo obboleettii dhabe haadha yoohaadha dhabemmoo intala arfanuu keessa tokko kan dhabu hinjiru. Kanaaf faayidaan jara kanaa karaa tokkoos ta'e karaa biraa namaa hinhanqatuu jechuudha. Kanarra darbeemmoo rakkoowwan gara garaa da'imummaarra jalqabanii mana keessattuu leenji'aa dhufan waanta'eef osoo itti gaafatamummaa gara garaa irra hojjetaniis dantaan dhuunfaa saanii hangas mara waanisaan hincinqineef amanamummaa, obsaafi kutannoo qabaniin biyyaaf faayidaan isaan kennan salphaa hinta'u jedhu odeefkennitoonni.

Walqixxummaan nama hundaafuu mirkanaa'uun gaariidha. Namni uumamaan walcaaltee hinjaalatu. Kanaafi abbootiin " gammoojjiin baasii hinjibbitu walcaaltee mlee" jedhanii kan mammaakan. Uumama ta'ee humnaan walcaaluun akkuma jirutti ta'ee osoo walcaalmaan mirgaa jiraachuu baatee gariidha. Walcaalmaa kana duuba ilaalcha, mul'ata, abdii, haamlee, humna dandeettii gonfachuufi kanneen kana fakkaatan hedduun dubartoota keessaa laamsha'aa turani. Waan nama gaddisiisu garuu bu'aadhuma dubartootarraa argameetu kallatti gara garaatiin waraana irrattii bana. Akka dubartiin barattee doofummaa keessaa hinbaane "dubartiin bartee eessa geessii" jedhu. Akka gadi baatee misoomsitee qixa hundaa hinhiriirre "dubartiin golaa oitti" jedhu. Akka hooggantee ofiifi biyyaaf hintaane "abboommiin nadheenii karrra cufaatti oosha" jedhuu, jetti.

Maddi B/balaayinash Leenjisaa(14/08/ 2011)

Yaada kanarraa wanti mul'atu walqixxummaan saala hawaasa biratti hangasmara xiyyeeffannoo kani hinqabne garuu kan itti xiyyeeffatamuu qabu ta'uu nutti agarsiisa. Mammaaksonni armaan oliis walqixxummaa kallattii adda addaan kan mormu ta'uu nutti agarsiisa.

Inni biraan dubartiin beekumsa qabdu biyyaaf akka hingumaachine akka waltajjiirratti yaada ishii hinkennine "dubartiin dheertuu malee beektuu hinqabdu. Dubartiin furdoo malee guddoo hinqabduu. Dubariitiin lama hinbeektu tokko hinwallaaltu."jechuudhaan laamshessu. Jetti "Dubartoonnis darbee darbee malee mirga isaanii kabachiifachuuf socho'uu, gocha fi jecha mirga isaanii miidhu kanarratti iddoo jirutti irratti qabsaa'uurratti hanqina cimaa qabu. Akka waan mirgi nama biraa miidhameettis ilaalu. Akkuma "yoo abbaan iyyate gandis birmataa." Akka yaada kanaattii abbumti dhimmaayyuu akka dhimmicha qubq hinqabneetti argina. Kanaaf namni biraa dubbachuurra dhimmasaa abbumtii yoodubbatate wayya. Kanaaf mirga namaatti bu'uu osoo hintaane kanofii kabachiifachuun barbaachisaadha. ofumaa isaanii mirga isaaniif iddoo kennanii qabsaa'an, qaamni biraas deeggarsa godha. Walqixxummaan saalaas kabajamuu dnda'a jetti. Gama biraatiin immoo iddoo hundattuu yoo hawaasa hubannoo malees ta'ee hubatees dhiibbaa kana uumuuf hubannoon kenname walqixxummaan saala kabajamuu

danda’a.walqixxummaan saala kabajamuun (gadaantummaa dubartootaa hafuu) kan danda’uu adeemsa kanaan ta’uu da’a jechuun ibsiteetti.

Akka afgaaffii (09/08/2011) taasifameen hojjettoota waajira Dhimma Dubartootaafi Daa’immanii kanaa yeroo ibsan Walqixxummaan saalaa akka kabajamu mootummaan itti karoorfatee yeroo adda addaatti itti adeemaa ture. Garuu karoorri kun baay’eensaa kan waraqaarraati malee lafa hinqabanne. Osoo lafa qabateeraatee silaa walqixxummaan saalaa kabajamee ture. Inni biraan warrumti waliin hojjechuuf karoorfames itti amananii aantummaan itti dhagahamee waliin hojjechuurratti rakkoo bal’aatu ture. Karooruma achii baheedhufe kana akka dhimmoota kaaniitti baajata ramadanii konkolaataas ramadanii irratti hojjechuurrattis rakkoo bal’aatu mul’ata. Harka caalaammoo namoonni sadarkaa adda addatti aangeffamanii jiranis dhirotuma kanaafis ta’uu danda’a. Inni guddaan immoo gaafa barbaadaman abbootiidhumti dhimmaayyuu iddoo barbaadaman kanatti hin argamani. Irra caala irratti hojjechuuf abdii kan nama kutachiisuu waarra hinbaratin miti waarri barateyyu irratti hojjechuuf yoo karoorfannee dhaqne akka nama isaan miidhuuf dhaqnetti ilaalu. Kuni tarii kaleessa dhiibbaa ture sanarraa jibbuu, shakkuu irraas kan ka’e ta’uu danda’a. haata’u garuu abdii kutachuu hinqaban akkuma “ sa’a abbaan gaafa cabse ormi ija jaamsa” jedhamu ofii teenyee ormi nuuf haahojjetu jenna yoo ta’e kuni ammas dubartummaan akka hafu osoo hintaane akka umurii dheereffatu gochuu ta’a jedhu. Akka dhimma nama hundumaatti hawaasaaf hubannoo yeroo gara garaatti kennuun akka irratti hojjetamu gochuun qaama mootummaafi miti mootummaallee osoo ta’ee gaariidha. Dubartootaf carraa barumsaa adda addaas kennuu, leenjii hubannoo cimsu adda addaas kennuun dubartoota gahoomsuun immoo gahee mootummaarraa eegamuudha. Dubartoonni dandeettii isaanii isaa sababa adda addaatiin dhokatee jirus baasuun isaanirraa eegama. Kallattii adda addaatiin carraa argamerratti dorgomtoota ta’uun argamuun carraa isaaniitti akka fayyadaman dhaamsa keenyaa jedhu odeef kennitoonni. Kanaaf walqixxummaa saalaa kabchiisnee gadaantummaa dubartootaa hambisuu kandandeenyu yoo namni hundi irratti qooda fudhatedha.

Yaada kanarra wanti hubatamu kallattii dubartootaa kanaan hojiin hinhojjetamne bal’aan akka jirudh. Warren dhimmi kuni isaan ilaallatu cimani irratti hojjechuurrattis rakkoo bal’aan akka mul’atuudha. Ammallee mootummaan baajata ramadee dhimma kanarratti ittii xiyyeeffatee osoo hojjete yaada jedhu hubanna. Dubartoonnis akkuma abba dhimmaa ta’an iddoo dhimmi kuni

isaan muudatutti cimanii irratti hojjechuu akka qabanidha. Aadaa miidhaa geessisu hambisuun isa faayidaa qabu bakka buusuun barbaachisaadha. Afoola miidhaa geessisu dhiisanii isaa walqixxummaa kabachiisutti fayyadamuun bu'aa qaba.

### 4.6.1. Mammaaksa Gadaantummaa Dubartootaa Ibsan

Akka afgaaffii (12/08/2011) gaggeeffameen odeeffannoon yaadashii lataarra argadhetti afoolli danuunsaanii gadaantummaa ibsu. Afoolli dubartoota irratti heddumminaan dhiibbaa godhu oduu durii, mammaaksaafi baacoofaati. Mammaaksi ergaa dabarsuuf human ciimaa qaaba. Warren haamlee dubartootaa cabsuu barbaadaniis kanumatti fayyadamuun dubartoota cunqursaa turaniiru cunqursaas jiru jedhu odeefkennitoonni. Mammaaksonni kunniinis hawwasa Oromoo mara keessa gadaantummaa dubartootaa ibsan baay'eetu jira. Isaan keessaa muraasni

Amma tole jette jaartiin dhirsa ariitee.
Amanumaaf beela'uuf jette niitiin biddeen shan fixxee.
Beekte beekte jennaan niitiin kitaaba miiccite.
Beekumsa dubartii dhiqattee kaatee fincoofti.
Carraan dubaraa karaarra.
Dhamaatuun dhama raaftee weessoon nadide jetti.
Dhukkubni qixxee hintaane jaartiin midhaan lagattee.
Dubartiifi harreen uleerraa hinfagaattu.
Dubbiin dubartiifi daa'immaniin ka'e hinqabbanaa'u.
Dubartiifi gundoon hinteessu
Namni dhalaa yaabbateefi dhalaa waliin dhalte kabaja hinqabu.
Taa'uu mannaa durba dhashuu wayyaa.

Jechuun haamle dubartootaa cabsuun mammaaku. Mammaaksi kuni yoo akka dagatamu gochuu baann ammas dhaloota dhufu irrattis dhiibbaa gadaantumma dhalanamaarraan kan gahu ta'uu isaati.

Akka afgaaffii (13/8/2011) gaggeefamiin Silashii Garramuu yeroo ibsu afolli gadaantummaa dubartootaa ibsan hawaasa keessa hedduu akka ta'an ni ibsa. Mammaaksonni gadaantummaa dubartootaa ibsan hedduudha. Isaan keessaas muraasa isaan yooilaalle kanneen armaan gadiiti.

Okkoofi dubartiin jilbaa gaditti
Durbi baratteefi re'een albaate warraa baate.

Dubartii qalbiin dhaane sanyootu dhaana.
Dubartiin siiksitu warra hin hiiksitu.
Durbi sabbatashii nyaatti.
Dubartiin furdoo malee guddoo hinqabdu

Dubartiin qalbii tokko qofaa qabdi sunuu yoodhungatan jalaa baddi
Fardaafi niitii abbaatu baafata.
Fayyaa tapha seetee qayyaan laga ceete.
Gaafa haftuun heerumtu galaanatu guuta.
Gara laafettiin obboleessaaf ulfoofti.
Geese geese jinnaan intalli jala bultii dhaqxe.
Haatii hattuu hintala hinamantu.
Haati nyaattuun ilmoo hinguddiftu.
Haadha ilaalii hintala fuudhi.
Handaaqoon bararteef dubartiin barattee eessumayyuu hingeessu
Harreefi dubartiin galgala hinbeektu.
Harreefi dubartiin galgala hinbeektu.
Mana nadheen baaya'tte raafuun hin bishaatu.
Nancaalaa niitii boodaa xaafii adii taffagdi.
Nadheen bara dhalatte dhiifte bara heerumti himatti.
Nadheen nyaattuun hoomaa jaldeessaa caalti.
Nadheen dheertuun dhuma midhaanii hinbeektu.
Niitiin dhirsa mootu hunda gandaa mooti.
Niitiin kee deessee jennaan eenyuun dhiira gootee jedhe.
Ogummaan dubartii hulaadhaa olitti.

Ofii of gatteet dhirsatu nagate jettii. Kanneeniifi kanneen kana fakkaatan hedduu fayyadamuun dubartootaa ittiin tuqaniifi gadaantummaa dubartootaa dubartoota dabalatee kutaa hawaasa hundaa keessatti lafaa qabsiisaa turani. Sababiinsaas olaantummaa sirnoota adda addaa kessatti aangoon harka dhiiraa turuufi akka dubartiin cunqursaa isaanii jala turtuu kan ta'edha. Makmaaksonni gadaantummaa dubartootaa ibsan hedduudha. Misgaanuun (2012:58) irraatti akka kaa'etti mammaaksotaa gadaantummaa dubartootaan ibsan muraasa:

Dubartiin dheertuu malee beektuu hin qabduu.

Dubartiin tokko malee lama hin beektu.

Taa'uu manna durba dhashuu waayya.

Ukkoofi dubartiin jilbaa gadittiu

Intala qaraateefi farda maraate jalaa nubaasi

Dubartiifi ijoolleen gara golaa

Harreefi dubartiin galgala hinbeektu.

Ajajni dubartii karra cufaatti oosha.

Dubartiin furdoo malee guddoo hinqabdu jechuudhaan akka haamlee dubartootaa ittiin tuqaniifi gadaantummaa dubartootaa dubartoota mataasaaniirraa kaasee kutaa hawaasa hundaa keessatti akka lafaa qabsiisaa turan yaada kanarra hubachuun nidanda'ama. Mammaaksi miira namaattii dhihoofi karaa gabaabaa ta'een ergaa bal'aa dabrsuuf human kan qabu akka ta'ee beekkamaadha. Kalaqa kan ofkeessaa qabuufii jechoota filatamoo ta'an irraa kan ijaaramedha. Kanaaf akka salphaatti ilaalcha jiru kanaa dhalootaaf daddabarsuuf gahee guddaa taphata. Kana hambisuufis namni hundi dhimma mataasaa godhachuu qaba.

Akkuma armaan olitti bal'inaan mammaaksi dubartummaa calaqqisiisuu ilaalle mammaaksota kanas hanga tokko qaaccessuun ilaalla:

Dubartiin dheertuu malee beektuu hin qabdu.

Dubartiin tokko malee lama hin beektu.

Mammaaksonni kunniin dandeettii dubartii cimsanii kan mormaniidha. dubartiin waallaalaadha ergaa jedhuun ala ergaa biraas hinqabu. Kanaaf dubartiin akka hinbaranneefi yaadashii iddoo garagaraatti akka ishiin hin ibsannee dhiibbaa cimaa kan irratti godhudha. “Dubartiin dheertuu malee beektuu hinqabdu” kanjedhu kana yoo ilaalle kennaa waaqayyoo dheerina mormuun waan hindanda'amneef bira qabanii xiinsammuu ajjeesuuf akka mammaakame namatti agarsiisa. Dubartoonni dheerinas beekumsas akka qaban immoo qabatamaan agarsiisaa waan jiraniif faallaa amala dubartootaati jechuudha.

Inni biraa “Taa'uu manna durba dhashuu wayya.”

Mammaaksi jedhu kuni durbi dhalachuun barbaachisaa akka hintaaneefi namni durba dhashe fudhatama hawaasa keessatti akka hinqabne agarsiisa. Kunis dubartummaan akka lafa qabatu ga'hee kantaphatudh. Gochoonni yeroo simannaa daa'imman dhalatanii godhamus mammaaksa kana faana hidhata guddaa qaba.

“Dubartiifi ijoolleetti icciitii hin himani” mammaaksi jedhuus dubartiin hamma ijoolleetii waantookko hinbeektuu yaada jedhu calaqqisiisa. Inni biraa dubartiin icciitii qabuu akka hindandeenyetti haamlee tuquu mul’isa.

“Okkoofii dubartiin jilbaagaditti.” Mammaaksi jedhummoo ilaalcha abba manaan yookiin dhiirri walqixxummaatti hin amanne dubartootaaf qaban agarsiisa. Dubartii ofii gaditti bulchuu, mirga ishii sarbuu agarsiisa. Dubartiin namaa okkoon ulee dha. Kanaaf uleenis qabannaaf akka tolutti, dubartiis ajajuuf akka itti tolutte mijeeffachuuf ilaalcha jiru ifatti mul’isa.

Mammaaksi “ Dubartiifi ijoolleen gara golaa.” Jedhummoo lamaaniifu gara namaatti, gara waltajjiitti ifatti akka hinbaane gochuudhaf kan mammaakamedha. Yeroo baay’ee dubartii akka waan sammuun ishii bilchaachuu hindandeenyeetti gara ijoolleetti ramaduun itti mammaakama. Kanaaf mammaaksi kuni dubartummaa calaqisiisuun ala kaayyoo biraa hinqabu.

“Harreefi dubartiin galgala hinbeektu.” Mammaaksi jedhummoo dubartiinis waanuma itti fe’ame baatti yaada jedhu calaqqisiisa. Inni biraan waa tilmaamuu madaaluu ykn yaaduu hindandeessu ergaa jedhu ofkeessaa qaba. Kunimmoo dubartii kaan ibsu osoo hintaane ilaalcha warra mammaakan kanaa ifatti kan namatti mul’isudha. Osoo dabartiin yaaduu hindandeessu ta’ee manni rakkoo keessaa gala. Mana kan hoogganu dubartiidha malee dhiira miti.

### 4.6.2. Mammaaksa Kabaja Dubartootaa Ibsan

Gadaantummaa dubartoota qofa osoo hintaanemmoo kabajaa isaan hawaasa keessattii qaban mammaaksi ibsus ni jiraa hacuuccaan irra jiraatus isa mo’atanii keessaa ba’uuf tattaaffiin dubartoonni godhanis akka salphaatti kan ilaalamu miti. Dhiibbaadhuma isaanirra jiru kana baatanii dubartoonni dorgommiin isaan godhaniis akka salphaatti kan ilaalamu mitii jedhu odeefkennitoonni.

Haatiifi gabaan tokko.
Namnii haadha qabuu namaa waaqa qabuu.
Haadha dhabuu mannaa haadha dhabduu wayya.
Haadha duute mannaa haadha maraatte wayya.
Haatiifi bishaan badduu hin qabdu.
Haati harma guuti malee harka hinguutu.  Misgaanuun (2012:58) irraatti akka kaa’etti.

Yoo itti fayyadamuun hinjiru ta'eyyuu kanarraa waan nuti hubannu mammaaksaan dubartoota jajuunis akka jiru nuttii mul'isa. Dubartuummaan ilaalcha qamnii hawaasa ittiin kallaattii adda addaatiin dubartoota dadhabsiisu, aangoorraa fageessufi haamleeshii cabsuf kan irraatti hojjete yoo ta'eeyyuu dhugaa xiqqoon haala kanaan bifa jajuutiin dhihaate kuni waan nama jajjabeessudha. Akka afgaaffii (16/08/2011) gaggeeffameen Yaadashii Lataa, Geexee qananii, Alamii Araarsaarraa odeeffannoon argame akka ibsutti Mammaaksi kabajaa dubartootaa ibsanis kanneen armaan gadiiti.

Buddeenni ittoo malee manni dubartii malee hin tolu
Abbaan muka alaati, haati utubaa manaati
Dubartii deessuu fi waaqa roobu keessaa waa argatu
Dubartii dura laga hin ce'an
Haadhaa fi waan mi'aawu hin quufan
Dubartii fi dugdaan lafaa ka'u
Haati harma guuti malee harka hin guutu
Dubartii malee abiddi hin boba'u.
Haadha dhabuu manni ; haadha dhabduu wayya

Niitiin dhirsaaf kafana fi kanneen kana fakkaatan immoo kan kabajaafii ilaalcha garii dubartootaa ibsanis akka jiranidha. Haata'u gaarummaaf kan kalaqamerra isa gadaantummaa dubartootaa ibsu kanatti yeroo fayyadaman argina. Mammaaksichi kalaqamee haajiraatuyyu malee dhiibbaan sun sammuu xinnaa guddaa keessatti qabamee olantummaan dhiiraas sammuu namaa keessattii iddoo qabatee waan jiruufi jedhu.

Niitiin qotiyyoo qonnaa miti walii hin ergisan
Niitii deessuufi lafa dallaa jalaa hin tufatan
Dubartii fi lafatu nama kaasa
Dubartii si'eetiin dhiira gotomnsiti
Bultiin dubartii malee hin miidhagu
Haatii qaruuxeen ilmoo ishee bishaan biratti guddisti
Mala dubartiifi humna bishaani siif haakennu
Kan dubartiin ergite du'a hin sodaatu
Dubartiin mana qabdu mala hin wallaaltu

Dubartii jechuun harka, saree jechuun sagaleedha
"Bakka dubartiin hin jire dhangaan hintolujedhama
Dubartiif gindoon hin teessu
Haati yoo karaan cite malee, garaan hin citu
Haatii fi gabaa waan namaa kennitu hin beekan
Haadhaafi lafatu nama danda'a
Haati mucaa huuqqattuu ala lama hin dhungattujechuunis nimammaakama.

Maddi Daadhoo Yaaddessaa (12/08/2011)

Mammaakasa iddoo lamaanii argame kanarraa muraasa akka armaan gadiitti xiinxalameera

Buddeenni ittoo malee manni dubartii malee hin tolu
Dubartii malee abiddi hin boba'u.

Mammaaksonni kuni lachuu barbaachisummaa dubartii kan agarsiisanidha. Manni dubartiin keessa hinjirre akka rakkatuufi ba'aan manaa dubartiirra akka jiru; dubartiin manaaf baay'ee barbaachistuu akka taatehubanna. Akkuma kana dubartii malee ibiddi akka hinqabanne ibddi qabachuu jechuun immoo waa hedduu kan ofkeessaa qabu: manni ho'uu, nyaanni bilchaachuu, gammachuufii kanneen kana fakkaatan ibsa.

Mammaaksi "Abbaan muka alaati, haati utubaa manaati." Jedhuus haatii baay'ee barbaachiftuu akka taate abbaa waliin walbira qabeet ibsa. Kanaaf waan hunda caala haati daa'imaaf barbaachiftuudha. Sababiinsaa uumamuurraa ta'eet haatii daa'iimaa ho'uun shii beekkamaadha. Dhiirrii yookiin abbaan hinbarbaachisu jechuu osoo hintaane dursi haadhaaf kennama jechuudha. Gama hundaaqnuu ittii gaafatamummaa kunuunsa daa'imaa abban haadhumarratti akka gatuufi akka salphisee ilaalu baramaadhas. Amma amma garuu haadha caala warroonni daa'ima saanii kunuunsaan hawaasa keessa darbee darbee mul'achuu jalqabeera. Kunis bu'aa barumsaafi walii yaaduun jiraachuu agarsiisa. Kunimmoo aadaa jajjabeeffamuu qabudha malee kan itti qoosamu miti. Jaalalaa daa'ima ofii argachuufis itti siiqinsaan kunuunsuun iddoo olaana qaba.

"Namni haadha qabu nama waaqa qabu." Mammaaksi kuni haatii akka abdii taatee agarsiisaa. Waaqa wajjiin walfakkeesset ka'aa baay'ee abadatamtuu ta'uushii agarsiisa. Garuu akka waaqaa waanti abdatamaan kanbiraa hinjiru. Haadha qabaannaan daa'iimni tokko abdii qabdi/qaba jechuudha. Kanaaf haatimmoo dubartiidha. Dubartii mammaaksi jajaus akka jirufi abdiis akka

namatti horu agarra . dhugaadhuma jiru faana yoo walbira qabnes mucaan abbaa hinqabneefi haadha hinqabne qixa miti. Kan haadha qabutu irra kunuunsa qaba jechuudha.

Mammaaksi “Haatii harma guuti malee harka hinguutu.” Jedhu haati harmaan daa’imaa akka guddistu beekamaadha. Hrma garuu yeroo muraasa booda niguusti. Harma yooguusteyyuu akka waanta barbaachisaa ta’ee hanga humnashii dhalashiif gochuurraa duubatti hinjennedha kan mammaaksi kuni agarsiisu. Haati nyaachisuufis obaasuufis uffisuufis dhalashii gargaaruurraa duubatti hinjettu . kanaaf mammaaksi kunis ergaadhuma kanaa dabarsa. Haati hanga harma hoosistu duwwaattii otoo hintaane yeruma hunda akka dhalashiif yaaddu cimsee nama hubachiisa.

Mammaaksi “Haadha dhabuu mannaa haadha dhabduu wayya.” Jedhummoo haadha soorrummaashii otuu hintaane haadhummaashiitu barbaadama ergaa jedhu ofkeessatti haammatera. Qabeenyi barbaachisaa akka ta’eefii faayidaa olaana akka qabuu beekkamaadha. Garuu haati qabeenyaa olta’uu ishiifi murteessituu ta’uunshii mammaaksa kanaan ifa ta’eera.
Inni biraa “Haatiifi gabaan tokko.” Mammaaksa jedhudha mammaaksi kunis namnii gabaa malee hinjiraatu gabaadhaa waan hunda bitachuun nidanda’ama. Akkuma gabaa haatiis ilmoodhaaf guutuu akka taateefi waan haati kennites akka nama boqochiisu hubachiisa. Haati akkuma gabaa waahunda namaaf akka kennitudha ergaan mammaaksa kanrraa hubanna. Haati waahunda dhalashiif ta’uushii agarsiisa garuu gabaan qarshii qabaannaan waanhunda akka irraa bitatan waan manaaf barbaachisu hundi gabaarraa akka guutamuu namni jalaa dhokatu hin jiru. Kanumaaf haadha waa hunda namaaf ta’uu ishii ibsuufi.“Mala dubartiifi humna bishaani siif haakennu. Dubartiin mana qabdu mala hin wallaaltu.” Mammaaksa mala dubartiifi human bishaanii walbira qabun mammaakame. Mammaaksi kuni eebbaaf kan mammaakame. Mammaaksi kunimmoo dubartiin akka malaa (tooftaa) akka isheen beektu nuhubachsa. Kanaaf dubartiin waallaaltuudha kan jedhu sun faallesseera.  Kanaaf dubartiin beekumsa akka qabdu ergaa mammaaksa kanaarraa hubanna. Tooftaa beekuun waan jiruufi jireenya dhala namaa keessatti nama muudatu jalaa miliquuf murteessaadha. Yaadotaa dubartootarratti akka wallaaltuutti ka’aa turan kan faallessu yaanni kana caalu hinjiru. Bifa eebba abbaatiin abshaalummaa dubartootaa ibsuuf kan akka oduu duriitti hawaasa keessa jiru akka armaangadii kanatti ilaalla.

Jaarsi tokko jirujedhama. Jarsichis dulloomee waantureef koottu sin eebbisaa jedhee ilmasaa hiriyaasaa waliin eebbisuuf waame. Isabooda yaa ilma koo atii nasoortee, nagargaartee, har'aan nageesseetta kanaaf anis si eebbisuun barbaade eebbakoo fudhadhu jedhet eebbisuutti ka'e. "Ilamakoo humnikee humni bishaanii, malli kee mala dubartii sifhaata'u, mul'adhu tulluu ta'e, turii waadhaga'ii jedheet eebbise. Abbaasaa baay'ee waan jaalatuuf mufachiisuu hinbarbaanne ture. Isa booda hiriyaasa wajjin gadi bahaneet hiriyaasaatiin maalii abbaankoo sineebbisa jedhee nawaamee ka'eet na abaara jedhe aareet hiriyaasaa gaafate. Hiriyyaan isaa sunis eebbi abbaasaa akka isaa galu waan barbaadeef guyyaa tokko roobni cimaan tokko roobee yeroo caamu "koottumee laga buuna? "Jedheen. Innis tole jedhee walliin deeme. Xiqqoo turee otuma laalaa jirini bishaan gudeesha guddaa tokko gangashee dhufe."Ilaalime ati dandeessee kana baatta?" jedheen hiriyaansaa. "lakki hindanda'uu" jedhen. Amma immoo "koottu wajjin galla haadha manaakee suuta jedheen qimmiida/ qunxuuxa waan ishiin jettu ilaalta" jedhen. Tole jedheenii walduukaa galani. Isa booda "biddeena nuuf fidi beelofneerraa." Jedhaniin. Tole jettee fiddeef. Otuma biddeena nyaachaa jiranii suuta jedhee gabatee jalaan harka loosee ishee qimmiide. Naatee maqaasaa waamte." Maaltaate?' Jedhee ishii gaafate. "Isheeniis distii ittoota naharka miliqee oolem." Jetteen. Isa booda hiriyyaansaa "argitee mala dubartii" jedheenii. Isa booda abbaan koo na abaaren se'e edaa na eebbisee jedheet gammadee jedhama.

Maddii Gaamshuu Kabbabaati12/8/11 kan argame.

Baacoon armaan olii dubartummaa waliin walqabatee dubartiin akka mala beektu; jaarsi muuxannoo qaburraa akka dubartiin mala beektu akka hubatee jiru agarsiisa. Inni biraa bishaan yeroo guutu humana akka qabu. Dubartiin waan safuufii maal naanjedhuu waan beektuufi mala uumte mata duricharra dabarsiti malee akka wollolan waanbeektuuf naqunxuuxe jette kallattiidhaan hindubbattu. kanaafi kan ishiin ittootu dhangala'ee oole jettee, deebifte. Inni biraa dubartiin naga qehee kan eegdudha kanaaf akka jarrii hin wallolle gocha raawwatameen ala uumtee kan itti himte. Kanaaf dubartiin abshaala akka taate, akka namni hin wallolle nagaa akka buuftuufi beektuu akka ishiin taate oduun durii eebba agarsiisu kun ergaa bal'aa dabarsa. Baacoon dubartummaan keessatti mul'atu kana qofaa miti.

### 4.7. Fayyadama Afaaniifi Dubartoota

Faayidaa afaan kan jennu afaantti fayyadamnee bu'aa argannudha. Ittn daldallee yoo maallaqa arganne. Ittiin dubbannee yoo namaa faana walii galle. Waanti dubbannufi nuuf dubbatamu yoo mirga keenyaatti kan hinbuune ta'ee. Yoo ittiin barannee beekumsaafi faayida barumsarraa

argamutti fayyadamnedha. Yoo mirga namaa kanhintuqne ta'eefi yoo ittiin barreessinee beekkamtiis ta'a maallaqa argannedha jedhu odeef kennitoonni.

> Faayyadama afaaniirratti namni kamuu xiyyeeffannoo kennu qaba. Sababiinsaa yeroo afaan fayyadamnu mirga namaa, faayidaa namaa, ulfina namaafi kanneen kana fakkaatan miidhuu dandeenya waan taa'eefi. Sababa kanaan walitti bu'insi guyyaa guyyaan numuudachaa oola. Kunimmoo kan ta'e sababa afaanitti seeraan hinfayyadamneefi. Kanaaf fayyadamni afaanii miidhaan inni mirga dubartootaarraan geessisus akka salphaatti nkan ilaalamu miti. Affan fayyadamnee dubbachuus ta'ee barreessuu keessatti yeroo itti mirgi dubartootaa ilaalcha keessa hingalletu mul'ata. Kitaabota yeroo barreessanimmoo akka waan dhiironni qoftii itti fayyadamaniitti dubartoota achii qabuu dhaan warri barreessanis hedduudha. Kunimmoo osuma fayyadamaniiyyuu akka kitaabichi waan isaaniif hinbarreeffamneetti iiti dhagahamuutii itti fayyadamu. Irra caalammoo ketaaba dirqama dubartiifi dhiirri takkaa itti fayyadamaani irrattii xiyyeeffannooh dhabamuurraa kitaaba barnootaafaarratti yeroo afaan fayyadamnii barreessan shammarran irraanfachuutu balinaan mul'ata. Kitaaba barataa jedhanii qofa barreessuu, fakkeenya fudhatan keessattis shamarran dagatanii afaanitti fayyadamuun bal'inaan mul'ata. Kuni yoo itti fufemmoo dhibbaa guddaatummaa shamarranirratti njiru kana akka babal'isuu beekkamaada. Inni biraan jechoota fayyadamnu, himoota fayyadamnu keessattis warren gadaantummaa dubartootaa ibsanitti yoofayyadamna ta'ee kunis dhiibbaa fayyadama afaniitiin jiru ta'uu isaati. Caasaan afaanii koorniyaa qoqqooduun dhiibbaan inni geessiisu kan salphaatti ilaalamu mitii. Afoolliifi aadaan kan isaan ibsaman afaaniini. Afaan iddoo kanatti qixa barbaadamuun dhimma itti hin bahamne taanaan dhaloota waan hintane dhaalchisaa jirra jechuudha. Kanaaf dhaloota boruuf ufeeggachuun barbaachisaadha.
>
> Dhimma dubartootaafi daa'immaniirra (12/08/201) kan argame

Akka yaada armaan oliirraa hubannuutti fayyadamnii afaanii namuma kamirraanuu dhiibbaa nigeessisa. Haala afaanitti fayyadamnu beekuun murteessadha jechuudha. Kanaaf

dubartootarrammoo dubbachuu keessattis ta’ee barreessuu keessatti gama fayyadama afaaniitiin dhiibbaan isaanirra gahu akka jiru nuhibachiisa. Kanaaf waarreen barreessaniis ta’ee dubbatani gana kanaan ofeeggannoo otoo godhanii gaariidha. Amma garuu eeggannaan mirga dubartiitiif jiru jajjabeessaadha.

Afgaaffii (15/08/2011) gaggeeffameen Gaamshuu Kabbabaa akka ibsanitti yeroo waan gaarii raawwatanii maqaa abbaatiin dhaadatu “qaxalee abbaa koo”, “kormee abbaa koo”, dhirri akkas sigodhaafi maqaa abbaatiin baannachuutu bal’inaan mul’ata. Afaaniin fayyadamneeti kanammoo kan ibsinu. Kunimmoo dhiibbaa koorniyaarratti inni geessisu salphaa miti. Inni biroon afaan fayyadamnee maqaa moggasna. Afaan fayyadamnee yaada nama biraaf qabnu calaqqisiifna. Kaan haa hafutii waarreenumti gartuu dubartootaa ta’anis yeroo ofumaan ofirratti yeroo dhiibbaa geessisan mul’atu. Kunimmoo tukko haala keessatti guddataniirraa ka’anii uumamumaan uumaarra haalli kuni akka isaaniif kennameetti amananii fudhachuu agarsiisa. Garuu waaqayyoon yommu nama uume qooda hojii ykn dhiibbaa koorniyaa waliin hin uumne. Jenneta keessattis Addaamiifi Hewwaaniin yeroo uume waan jenneta keessa jiru kunuunsaa nyaadha akka jedhe malee inni dhiira kana malee kana akka hinhojjenne, ishiin dubartiis kana malee kana akka hin hojjenne kan jedhame kitaaba qulqulluurra hinjiruu kanaaf afaan yeroo fayyadamnu dhiibbaan inni gama koorniyaatiin fidu (gadaantummaa dubartootaa inni fidu) salphaa mitii jechuun ibsaniiru.

Walumaa gala armaan olitti dhiibbaan mirga dubartootaa kaafne kuni iddoo hundatti osoo hintaane keessumaa hawaasa hinbaranne keessatti bal’inaan kan mul’atu yoota’u hawaasa barate biratti garuu fooyya’inni jiru jajjabeessaadha. Kanaaf hawaasa hubannoo hinqabne kanaaf immoo hubannoo kennuun walqixxummaan saala akka mirkanaa’uu gochuuf irratti hojjechuun qaama baraterraa eeggama.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO QORANNICHAA

Boqonnaan kun mata dureewwan xixiqqoo kanneen akka: cuunfaa, argannoofi yaboo qaaccessa Dhimma dubartiifi dubartummaa afoolaafi Aadaa keessatti Godina shawaa lixaa Aanaa Gindabarat ofkeessatti haammateera.

## 5.1. Cuunfaa Qorannoo

Qorannoo mata duree qaaccessa dubartiifi dubartummaa afoolaafi aadaa keessatti Godina shawaa lixaa Aanaa Gindabarat ofkeessatti haammateera.Kaayyoon qorannoo kanaa dhimma dubartiifi dubartummaa qaaccessuun barreeffamatti jijjiiruun dhaloota dhufuuf ol kaa’uudha.Qorannoo kana galmaan ga’uuf malleen qorannoo jiran keessaa mala akkamtaa fayyadamteetti. Iddattoon filadhes iddatteessuu miti carraadha. Akaakuu iddatteessuu miti carraa keessaa akkayyoofi darbaan dabarsa fayyadamuun, namoota aanicha keessatti dhimma dubartiifi dubartummaa irratti muuxannoofi beekumsa qaban, irraa afgaaffii, marii gareefi daawwannaan odeeffannoo odeefkennitootarraa argameen qaacceffamee jira.

Gaaffileen bu’uuraa qorannichaaf odeeffannoo odeefkennitoota irraa ittiin funaaname afgaaffii, marii gareefi daawwannaan argame xiinxalamee hiikamee jira. Odeeffannoon argames gaaffilee bu’uuraa Ilaalchi dubartiifi dubartummaa hawaasa keessatti maal akka fakkaatu, Dubartiifi dubartummaan dinagdee keessatti attamitti akka ilaalamu. Dubartiifi dubartummaan aadaa keessattis maal akka fakkatu, Dubartiifi dubartummaan fayyadama afaanii waliin hariiroo attamii akka qabu. Dubartiifi dubartummaan afoola keessatti attamiin akka ifu Dubartiifi dubartummaan yeroo ammaa kana haala kamiin ilaalama kan jedhu kana ofkeessatti haammata. Tokko tokkoo isaaniif odeeffannoon funaanaman boqonnaa afur jalatti qaacceffamanii jiru.

Gaaffileen bu’uuraa qorannichaaf odeeffannoo odeefkennitoota irraa afgaaffii, marii gareefi daawwannaan argame xiinxalamee hiikamee jira. Odeeffannoon argames gaaffilee bu’uuraa dhimma dubartiin saalaan dhiirarraa adda ta’u, dubartummaan immoo dhiibbaa kallattii adda addaatiin dubartootarra jiru, sababa olaantummaa dhiiraatiin kan dhufe, xiinsammuu, faayidaa, kabaja, diinagdee, ulfina isaanii sarbuudhaan dubartoota kan miidhaa turedha. Afoola keessatti jiruufi jireenya keessatti dinagdee keessatti bultii keessatti hubannoo irraa kan ka’een dubartii akka gadaantuutti akka wallaaltuutti yoo ilaalu ta’eyyuu dubartiin garuu gadaantu miti.

Dhaloonni amma jiru kan duraaniirra fooyya'aa yoo ta'es bakka itti hanqinni mul'atus bal'aadha. Hanqina kan duuchuuf immoo dubartoota mataasaanii dabalatee

Dubartummaan maalii, afoolaafi aadaa oromoo keessatti dhiibbaa attamii qaba, attamitti maquu danda'a kan jedhu irratti yaada odeefkennitoota irraa argameen ibsi itti kennameera. Kana malees, bakka yaadni wabii irraa argameefi yaadni odeefkennitoota walsimetti waldeggeranii dhiyaataniiru. Walumaagalatti dubartiin saala yoo ibsu dubartummaan immoo dhiibbaa dubartootarra kallattii adda addaatin gahaa tureefi jiruudha.

**5.2. Argannoo**

Qorannoo kana jalatti odeeffannoo odeefkennitootarraafi daawwannaan argame boqonnaa afur jalatti xiinxalamee hiikni itti kennameera. Gaaffiiwwan bu'uuraa boqonnaa tokko jalatti ka'an irratti hundaa'uun deebii argame irraa argannoowwan argaman akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

- Dhimmoonni dubartiifi dubartummaa gara garaa akka ta'aniifi dubartiin saalaan dhiirarraa addata'uu sana kan agarsiisu kennaa garaagarummaa kan rabbiin kenne ta'uudha.
- Dubartummaan garuu dhiibbaa hawaasni dubartootarra kaa'e kan akka tuffii, dhiibbaa mirgaa, carraa barumsaa dhabsiisuufi haamileesaanii cabsuun akka dubartiin gadi hinbaane gochuun hulaa olitti hambisuudha.
- Afoola oromoo keessattis kanneen gaarummaa dubartootaa ibsan osoo kalaqamanii jiranii warra gadaantummaa dubartootaa ibsanitti fayyadamuun akka haamileen dubartootaa cabuufi dubartummaan akka babal'atu gochuun bal'inaan kan mul'atudha.
- Dubartummaan kennaa rabbii osoo hintaane kan ilaalcha hawaasaarraa maddedha.
- Guyyaa dhiirri dhalatuufi dubarri dhalattu garaagarummaan simannaa maatii kessatti akka jiruufi dubartummaan achumaan akka jalqabu bira gahameera.
- Durbii yeroo dhalattu jechoota akka  muu, haataatuu, dhabamannaafi kanneen kana fakkaatan akka jedhaman.
- Yeroo darban keessammoo durbii yeroo dhalattu hanga baasanii gatuutti dhibbaan kan ture ta'uuniifi amma garuu kuni kan hinjirre ta'uun ifa ta'eera.

- Fayyadama afaanii keessatti dubbiinis ta’ee barreeffamaan akka dhiirri qofti dhaggeeffatutti dubbachuufi barreessuun bal’inaan akka mul’atu ifa ta’eera.
- Hojii guyyuu keessattis isaa dadhabsiisaa ta’e dubartootaa kennuun ofiimmoo qixa dubartii waliin dorgomuun dhiibbaa dubartootarratti fiduun iddoowwan hojii olaanoo ta’anitti hirmaannan dubartii gadi aanaa ta’uunfaa adda bahuun hubatameera.

### 5.3. Yaboo

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti ilaalchi dubartiifi dubartummaa afoolaafi aadaa keessatti jiru ilaaluun danda’ameera. Haaluma kanaan argannoowwan qorannichaan bira ga’aman irratti hundaa’uun qorattuun yaboo haala armaan gadiitiin keesseetti.

- Dhimma dubartiifi dubartummaa osoo kanuma caala akka oromiyaa guutuutti qoratamee afoolli dubartummaa ibsu hafee inni haamlee dubartootaa jajjabeessu barreeffamaan ta’ee bayeessa.
- Ilaachi gadaantummaa dubartootaa (dubartummaan) miidhan inni geessisu dubartoota qofarra osoo hintaane biyyarra waan ta’eef irratti qabsaa’uun hambisuun barbaachisaadha.
- Afoola dubartummaa cimsan baasanii hawaasaaf hubannoo kennuun hawaasni akka itti hinfayyadamne gochuun gaarii ta’a.
- Aadaan garaagarummaa yeroo dhiirri dhalatuufi durbi dhalattu mul’atu kuni hawaasaaf sadarkaa hundatti hubannoo kennuun akka hafu osoo ta’ee gaariidha.
- Dubartiinis dubartummaa ofirratti baatanii akka kennaa rabbiitti ilaaluu dhiisanii bakkee jiranirratti fakkeenyummaan socho’uun ilaalcha kana ofirraa odoo maqsanii gaariidha.
- Haadholiinis yeroo daa’imman guddisan dhaloota itti aanurrattis ilaalchi kuni akka itti hinfufne walqixxummaan saala lamaanuu osoo guddisanii gaariidha.
- Amma uummata barate biratti jijjiirama guddaan jiru kuni hanga hawaasa gadi jiruutti osoo gadi bu’ee  gaariidha.
- Waggoota dhihootii as jijjiiramni jiru gama aangeffamuu dubartootaatiin, carraa barumsaa argachuudhaan hojjetanii abbaa qabeenyaa ta’uudhaan kan baayyee jajjabeeffamuu yoo ta’eeyyuu afoolafi fayyadama afaanii ilaalchisee iddoo

dubartummaan itti mul’atu kana irratti qaamni dhimmi ilaalltu itoo irratti hojjetee hanqinni kun dhiphachuu danda’a.

## Wabiilee


Abraham Alemu. (2002). "Jimmaa Oromoo Oral Narratives" Apreliminary Discriptive Analysis Mathesis Addis Ababa University.

Addisuu Temesgen (2012). The Functional Analysis of Folktales in Eastern Wallagga Oromowith Reference to Limmu Gelila Wereda, YAA. (Kan hin maxxanfamne.)

Addunyaa Barkeessaa (2011). Akkamtaa: Far East Trading Plc. Fifinnee.

__________________ (2018). Seemmoo:Oromiyaa, Finfinnee

Alamaayyoo Hayilee (1999),Sirna Gadaa:Siyaasa Oromoo Tuulamaa Finfinnee

Asmarom Legesse.(1973*).* Gada : Thre Approaches to the study of African Soceity. New York: Mcmillan.

Dastaa Dassaalenyi (2002). Bu'uura Qorannoo.Finfinnee dhaabbata Manxansaa Boole

Dirribii Damusee. (2012). Ilaalcha Oromoo: Barroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo. Mana Maxxansaa Finfinneee

Dorsan Richard (1972). Folklore and folklife, An introduction. Chicago:the University of Chicagopress

Encycolopidia America .(1995). vol ll. USA, Glolier Incroporated.

Finnegan, Ruth. (1970) .Oral literature in Africa. Nirab Oxford University press.

Geetaachoo Rabbirraa.(2014). Furtuu*:*Kuraz International Pulishing Enterprise.

Kuwee Kumsaa. (1998). Oromo Women and Other Oromo National Movement. Journal Of Oromoo Studies. Vol. 4, Nos 1 and 2.

Honeck, p.Q John G. T.(1994. *Proverbs the extended conceptual base and Great chain metaphor theories.* Metaphor and symbolic activity. (online).http: org/wiki/proverbs.

Lamlam Tayyee (2013). *Sadarkaa Dhimmoota korniyaa asoosamoota Dheeraa Afaan Ormoo ija yaaxxina markisizimiin*. Kan hinmaxxanfamne MA guuttachuuf finfinnee

Meider Walfgong. (1997).The politics of proverbs from traditional wisdam to proverb steres types, the university misconsia press.

Misgaanuu Gulummaa. (2012), Biiftuu guddina afaanii. Finfinnee Oromiyaa

Mitikkuu Dibbeessaa. (1991), Afoola Oromoo irratti BQWAO Biiroo Aadaafi beeksisa Ormiyaa wiirtuu jildii 4 ffaa Mana Maxxansa artistic, Finfinnee.

Muluu Itichaa.(2006). "Xiinxala qabiyyee mamaaksaa afaan Oromoo" MA Guuttachuuf Kan hinmaxxanfamne

Norma Masuku, (2005), *perceived operation of women inzulu folklore*: A Feminist critique, University of South Afirica.

Sa'idaa Kadir, (2002) .Sirna Gadaafi Dubartoota.Finfinnee dhaabbata maxxansa biraaninnaa salaa.

Sims and Stephen (2005). Living Folklore: An introduction to study of people on their traditions.Longanutah University press.

Wandosan Tasfaayee., (1991), Laguu:BQWAO Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa, Wiirtuu jildii 4 ffaa Mana Maxxansa //Artistik, finfinnee.

Yaazawu Nugusee.(2012) . "Qaaccessa Ateetee Oromoo Shawaa" MA Guuttachuuf Yinuvarsiitii Finfinnee.

___________ *(http://www:Feminist com/resource/links).*

**Dabalee A**

Yunivarsiiti Finfinnee koolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanootaa, Jornaalizmiifi Qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo og-baruufi Fookloorii Afgaaffii namoota odeeffannoo kennaniif dhiyaate.

Maqaa________________________________ Saala______________ Umurii_____________

Duraan dursee odeeffannoo naaf kennudhaaf tole naan jechuu keessaniif isinan galateeffadha.

Itti aansuun gaaffilee armaan gadii kanaaf deebii akka naaf kennitan kabajaanan isin gaafadha

1. Dhimmoonni dubartiifi dubartummaa haala kamiin ifa?
2. Yommu dhiirri dhalatuufi dubartiin dhalattu hawasaa keessatti maaltu jedhama? Maaliif jedhama?
3. Dubartoonni hojii idileen hawwasa keessatti maal maal raawwatu? Naa ibsuu dandeessu?
4. Hawaasa keessatti gadaantummaan dubartootaa attamitti ibsama ? Olaantummaan isaaniho?
5. Waantoonni gadaantummaa dubartootaa ibsan kun attamitti hafuu danda'u? hafuun isaanii faayidaansaa maali
6. Afoola keessatti gadaantummaamoo olaantummaa dubartootaatu irra ibsameera? Maalifi?
7. Fayyadamni afaanii dubartootarraan dhiibbaa geessisuu danda'aa? Attamitti?
8. Garaagarummaan dhiiraafi dubartii gidduu jiru kuni eessaa madde?

**Dabalee B**

**Mirkanee Daawwannaa**

Daawwannaa keessatti gaaffileen mirkaneeffannaa qophaa'uun odeeffannoon guuramuu

Danda'eera.

1. Sirna kabaja da'umsaa keessatti qophiin taasifamu jira?
2. Meeshaaleen sirna da'umsaa(shanan deessuu) keessatti barbaachisu jira?
3. Dhangaan shanan deessuuf barbaachisu qophaa'e jira?
4. Sirna shanan deessuu kana keessatti faaruun ni faarfatamaa?
5. Sirna kanarratti warri dhiiraa nihirmaatu?
6. Keessummoonni sirna shananiirratti argaman faaruu sana keessatti qooda ni fudhatuu

**Dabalee :C**

| T/L | Maqaa | Saala | Umurii | Sadarkaa barumsaa | Hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Alamii Araarsaa | dha | **37** | **Digirii** | **Barsiistuu** |
| 2 | Silashii Garramuu | dhi | **26** | **Digirii** | **Hojjetaa**<br>**W/dhimma dubartii** |
| 3 | Yaadashii Lataa | dha | **40** | **Digirii** | **Barsiistuu** |
| 4 | Gizaachoo Bosii | dhi | **30** | **Dipiloomaa** | **Hojjeetaa** |
| 5 | Hiruut Baahiruu | dha | **35** | **Digirii** | **Barsiistuu** |
| 6 | Buzunash Taaddasaa | dha | **36** | **Hinbaranne** | **Daldaltuu** |
| 7 | Gaamshuu Kabbabaa | dhi | **40** | **Kutaa 10** | **Abbaa gadaa** |
| 8 | Geetuu Caalaa | dhi | **39** | **Hinbaranne** | **Qonnaan bulaa** |
| 9 | Daadhoo Yaaddessaa | dha | **45** | **Hinbaranne** | **Qonnaan bultuu** |
| 10 | Dirribee Tolaa | dha | **46** | **Hinbaranne** | **Daldaltuu** |
| 11 | Baaccuu Soorii | dha | **39** | **hinbaranne** | **Qonnaan bultuu** |

**Dabalee D**

Maammaaksota kabajaa dubartootaa ibsan

Niitiin qotiyyoo qonnaa miti wali hin ergisan
Niitii deessuufi lafa dallaa jalaa hin tufatan
Dubartii fi lafatu nama kaasa
Dubartii si'eetiin dhiira gotomnsiti
Bultiin dubartii malee hin miidhagu
Haatii qaruuxeen ilmoo ishee bishaan biratti guddisti
Mala dubartiifi humna bishaani siif haakennu
Kan dubartiin ergite du'a hin sodaatu
Dubartiin mana qabdu mala hin wallaaltu
Dubartii jechuun harka, saree jechuun sagaleedha
"Bakka dubartiin hin jire dhangaan hintolujedhama
Dubartiif gindoon hin teessu
Haati yoo karaan cite malee, garaan hin citu
Haatii fi gabaa waan namaa kennitu hin beekan
Haadhaafi lafatu nama danda'a
Buddeenni ittoo malee.manni dubartii malee hin tolu
Abbaan muka alaati, haati utubaa manaati
Dubartii deessuu fi waaqa roobu keessaa waa argatu
Dubartii dura laga hin ce'an
Haadhaa fi waan mi'aawu hin quufan
Dubartii fi dugdaan lafaa ka'u
Haati harma guuti malee harka hin guutu
Dubartii malee abiddi hin boba'u.
Haadha dhabuu manni ; haadha dhabduu wayya

Mammaaksa gadaantummaa dubartootaa agarsiisan

Taa’uumannaa durba dhashuu wayyaa.
Dubartiifi gundoon hinteessu
Dubartiin dheertuu malee beektuu hinqabdu.
Namni dhalaa yaab
bateefi dhalaa waliin dhalte kabaja hinqabu.
Dubartiin dheertuu malee beektuu hin qabduu.
Dubartiin tokko malee lama hin beektu.
Taa’uu manna durba dhashuu waayya.
Ukkoofi dubartiin jilbaa gadittiu
Intala qaraateefi farda maraate jalaa nubaasi
Dubartiifi ijoolleen gara golaa
Harreefi dubartiin galgala hinbeektu.
Ajajni dubartii karra cufaatti oosha.

**Dabalee E**

**Faaruu yeroo sirna da’umsaa**

Cabaayee yamaram cabbaayee

Deessuun miixannaan naccabbaayee

Deessee hiikamnaan hanqalbaayee

Yaamarm cabbaayee (yoo dhiira ta’e alshan yoodubara ta’e al afur irra deebi’uun faarsu)

Jedhanii faarsuudhaan haala yeroo ciniinsuu sanaa ture ibsatu. Itti aansuudhaan faaruu

Killoobunaa yakilloo bunaa

Killoon bunaa shumburaa qabaa

Maaddin deessuu hundumaa qabaa baga hinoolini (5ykn 4)

Jechuun nyata qophaa’e sana akka hanqina tokkollee hinqabneefi guutuu ta’eetti yaadasaanii ibsuudhaan faarsu.ittuma nfufuudhaan

Karaa horaa yakaraa horaa

Karaa horaarra hin marmaarina

Dubbiisobatti nawwaminaa jettimaareni (5ykn 4)

Jedhanii yoodhugaan ta’emalee akka sobaan maaramiin waamuu hin qabne dhamun faarsu.

Urgeessaa yabala urgeessaa

Ufgeessaa yamaram ufgeessaa

Mucaan kun kankeetii mucaa kana eegii (5ykn 4)

jedhanii ammas akkuma isa olii dhumarratti mucaa dhalate yookaan dhalatte waaqatti kennu. Itti aansuun hawii daa’imni dabalaatan akka dhalattu qaban ibsachuuf immoo akkas jedhanii faarsu

Ammootarii ya ammootarii

Kandhaalatee haguddatu

Bereegersii ilmaa dahii jedhanii faarsuu.ilmi akka dhalatuuf hawwii qaban ibsatu.

**Dabalee F**

**Suuraawwan**



Suuraa kaartaa aanichaa aadaafi tuurizimiirraa argame



Suuraa yeroo mariin garee taasifamu 16/08/2011/ kaafamed



Suuraa yeroo marqaan sirna shanan deessuumaarqamu (15/08/2011) kaafame



Suuraa (15/08/2011) maarqaan nyaataaf yeroo qophaau kaafame



Suuraa (15/08/2011) yeroo marqaan nyaatamu kaafame

**Waraqaa mirkaneeffannaa**

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoo kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan dura yinuvarstii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hin dhaanne ta'uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa fa'een fudhadhee, wabii keessaatis kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqqaa Qorattuu____________________________________

Mallattoo__________________________________

Guyyaa____________________________